

Barreffama Kalaqaa

(Creative Writing)(Afol 312)

SEENSA

Erga dhalli namaa mallattoolee garagaraatti fayyadamee ergaa dabarfachuu eegalee kaasee barreffamoonni hedduun kaayyoowwan adda addaa galmaan ga'uuf hojiirra oolaniiru; oolaas jiru. Barreffamoonni kunis beekumsa akkasumas dandeettii (skill) barreessaa waan mul'isaniif namoonni hojilee kana bakka add addaatti qoqqoodu.

Gosoota barreffamaa kana keessaa tokko barreffama kalaqaati. Kunis dandeettii yookiin gahumsa uumuu barreessaatiin sochii addunyaa kanaa mul'isuun kan beekamudha.

Moojuuliin kunis dandeettii uumuu ilmaan namaa qaban barattoonni itti fayyadamuu akka danda'aniif kallattii kan agarsiisudha. kaayyoo kana galmaan ga'uuf moojuuliin kun boqonnaawwan shanitti qoqqoodameera. Boqonnaawwan hundi shaakalawwan, ibsaafi gochaalee adda addaa qabu.kanamalees, qabiyyee siif dhihaate hangam akka

hubatte ilaaluuf qabxiileen mirkaneeffannaa dhuma boqonnaa irratti dhihaataniiru.

Kanaaf,gosa barumsa kanarraa fayyadamuuf qajeelfamoota garagaraa hordofuun hojjechuun sirraa eegama.

Miskaa'i!

BOQONNAA TOKKO

YAAD-RIMEE BARREEFFAMA KALAQAA

Barataa/tu kanaan dura waa'e ogbaruu yeroo barattu gosoota barreeffamaa adda aaddaa akka baratte ni yaadatta.Amma immoo gosoota barreeffamaa kana keessaa hojii kalaqaa wajjin kan walqabatan irratti xiyyeeffanna.Haaluma kanaan gosa barnootaa kana yeroo xumurtu:

- ▣ Maalummaa barreeffama kalaqaa ni ibsita
- ▣ Amaloota barreeffama kalaqaa ni tarreessita
- ▣ Gosoota barreeffama kalaqaa ni ibsita
- ▣ Barreeffama kalaqaa gahumsa qabu qopheessuuf waantota gufuu ta'an ni agarsiista
- ▣ Adeemsa barreeffamni kalqaa adda addaa itti qophaa'u ni eerta



Barreeffama kalaqaa garagaraa ni barreessita

Kaayyoowwan armaan olitti eeraman galmaan ga'uuf shaakalawwanifi gilgaalota adda addaa siif qophaa'an qabiyyeewwa qophaa'an wajjin walsimsiisuun hordofi.

1.1. Maalummaa Barreefama Kalaqaa

Shaakala 1

Barreefama kalaqaa jecha keetiin akkamiin ibsita? Yaada kee bakka armaan gadiirratti barreessi.

Muuxannoo ilmaan namaafi guddina saayinsiifi teekinooloojii wajjin walqabatee barreeffamni kalqaa kallattii gargaraan hiikama.Haata'umalee,yaada waliigalaarratti garaagarummaa bal'aan hinjiru.

Hiika/maalummaa barreeffama kalaqaa ilaachisee fakkeenyota
muraasa haa ilaallu.

Toorriintarneetii(<http://www.sil.org/lingualinks/literacy/ReferenceMaterials/GlossaryOfLiteracyTerms/WhatIsCreativeWriting.htm>) maalumm
aa barreefama kalaqaa yeroo ibsu akkas jedha

Creative writing is writing that expresses the writer's thoughts and feelings in an imaginative, often unique, and poetic way. Creative writing is guided more by the writer's need to express feelings and ideas than by restrictive demands of factual and logical progression of expository writing.

Yaadni handhuuraa hiika kanaa barreeffamni kalaqaa yaada ykn miira barreessaa jiddugaleessa godhachuuun karaa bilisaafi adda ta'een ergaa barbaadame dubbisaa biraan kan ga'u ta'uusaati. Kunis barreeffama irratti kan xiyyeffatu yeroo ta'u gama biraatiin hiika barreeffama kalaqaa dandeettii barreessaa wajjin walqabsiisuun kan barreessanis jiru. Fakkeenyaaaf galmeen jechootaa 'Chambers' jedhamu haala kaanaan kaa'a "Having the power to create an imaginative, original literary production or composition."

Fakkeenyota armaan oliirraa kan hubachuu dandeenyu barreeffamni kalaqaa dandeettii arga yaadaatiin barreeffamoota garagaraatti gargaaramuuun waan namoonni hedduun arguu osoo hintaane hubachuu hindandeenye hubachiisuu wajjin walqabata. Kanaafi barreessaa beekamaan tokko Namni hundi dandeettii waan haaraa uumuu wajjin dhalata garuu kan itti gargaaramu nama muraasa qofa kan jedheef.

Gocha 1^{ffaa}

Barreeffama kalqaatti kan jettu tokko fudhadhuutii barreeffamoota birooraa waan adda isa taasisu ibsi

1.2. Rakkolee Barreffama kalaqaa barreessuu

Shaakala 2

Barreffama kalaqaa gaarii qopheessuuf qabxiilee rakkoo ta'uu danda'u jettu bakka asin gadiirratti ibsa quubsaa wajjin tarreessi.

Barattu/ta barreessaa adduunyaa barreessuu keessatti rakkoleen hedduun isa muudatu. Rakkolee kana yoo obsan akkasumas, malaan yoo keessa darbe malee ogummaasaa kanaatiin itti fufuun rakkisaa ta`a.Yaada dandeettii inni keessasaa jiruus baasee; ofiis hawaasa isaas tajaajiluu hindanda`u.Kanaaf, boqonnaa kana keessatti barreffama kalaqaa barreesuu irratti rakkoleen barreessaa tokko muudachuu danda`an maalfaa akka ta`an ibsamaniiru. Rakkolee barreessaa muudatan eeruu qofa osoo hinta`iin haala kamiitiin rakkolee kana ta`ochuun akka danda`amu dhiyaatee jira.Kanaaf, haalaan hordofi.

Rakkolee barreessitotaa inni jalqabaafi guddaan rakkoo gama ofii isaaniitiin dhufu dha. Kana jechuunis, kitaabicha barreessee xumuree maxxansiisuuf adeemsa isaa sodaachuu; namfakkilee fudhatama qabu tolchuu dadhabuu; yaadijoofi unkaa barreffamichaa walsimsiisuufi sirriitti kalaquu dhiisuun; rakkolee isaan gurguddooti. Karaa biraatiin ammoo gama aadaa, siyaasafi diinagdeetiin rakkolee mul`atan ni jiru. Kutaa kana keessatti rakkoleen kunneen haala kamiitiin barreessaa akka quunnamaniifi furmaatni isaanii maal akka ta`e dhiyaatee jira.

1.2.1. Rakkolee barreessaa waliin walqabatan

I. Soda

Yeroo tokko tokko barreessitooni keessumaayyuu kanneen jalqabaa; barreessuun hojii hin yaalamneefi barreessuuf wanti isaan daangeessu akka jirutti yaadu. Kanaaf, waa barreessuu sodaatu. Sodaan isaanii keessaa inni tokko; haala kamiin yaada walitti fidee qindeessuun waraqaarrattii barreessuu danda`a kan jedhu dha. Hoijin kunis baay`ee ulfaataa akka ta`etti yaadu. Kanaafiis fedhiifi hawwii barreessuu osoo qaban murtoodhaan itti qajeeluuf humna dhabu. Barreessitooni sodaa akkasii qaban tooftaalee adda addaa fayyadamuun sodaa kana akka ofirraa cabsan beektonni ni gorsu. Tooftaalee kanneen keessaa inni guddaan, irra deddeebii`un yaaluu dha. Barreeffamni hojii guyyaa tokkoo miti. Kan guddatuufi kan cimu shaakala waliirraa hin cinneetiini. Kanaaf, sodaan kun furamuu kan danda`amu shaakala walirraa hin cinneefi muuxannoo yeroo dheeraatiini. Barreessuun hojii cimaa ta`us; Shaakalaafi carraaqqiitiin dandeettii horatamuu danda`amu dha. Kanaaf, namni barreessuuf fedhii qabu tokko dursa barreessaa gaarii ta`uu akka danda`us of amansiisuu qaba.

II. Humnaa ol yaaluu

Humnaa ol yaaluun yaada barreesitoota baa`yee biratti mul`atu akka ta`e xiinxaltooni ni dubbatu. Yaadni kun yaada, “waantootuma beekaman deebisanii barreessuun fudhatamaa hin qabu” jedhurraa kan madde dha. Kun ammoo dandeettii muuxannoo olii barbaadu waan ta`eef barreessaan sun abdii kutachuu danda`a. Kana malees, guddina dandeettii kalaqa barreessaa sana duubatti harkisuun yookiin bakkuma jirutti akka dhaabatu taasisuu danda`a.

Barreeffamni yaada kana keessatti barreeffamu; barreessaan sun waan barreessu sanarratti beekumsa gahaa akka hinqabneetti akka yaadu; yookiin immoo haala inni ibsuu yaalu sun dandeetti fi hubannoo qabu olitti akka ta`eetti akka yaadu taasiisuu danda`a. Kun immo barreessicha abdii kutachiisa. Kanaaf hamma muuxannoofi dandeettii ofii keessatti barreessuun filannoo sirriifi karaa salphaa dha. Kanaaf waan beekturraa kaatee barreessuun barreeffamakee sadarkaa oli akka qabaatu taasisuu dandeessa. Kunis, fedhii barreessuu caalaatti akka horattu si taasisa.

III. Of shakkoo (self doubt)

Akka Stephen King (2000:245) jedhuutti "hojii kalaqa keessumaayyuu asoosama dheeraa barreessuun hojii ulfaataa dha. Hojii qofaan hojjetamuu dha. Adeemsa barreessuu keessatti wantoonni nama shakkisiisan ni jiru. Of shakkuun yeroo tokko tokkoo akka of qaruutti tajaajila. Yeroo of shakkuun kun guddachaa deemu garuu gara barreessaan akka hintarkaanfanne takaalee qabachuu Yookiin ammoo dandeettii isaa akka shakku taasiisa. Kanaaf of shakkuu kana hanbisuuf shaakala walirraa hin cinne taasiisuu dha.

Yeroo tokko tokko jechoota ittiin barreessitu dhabuu qofa osoo hinta`iin, yaadnni waliigalaa kan irratti barreessaa jirtullee si harkaa baduu danda`a. Yeroo kana caalaattii of shakkuu dandeessa; ofshakkuu qofa osoo hinta`iin aaruus ni dandeessa. Adeemsi kun ammoo tarkaanfii akka fudhattu si taasisa. Haalli kun waanuma hojii keessatti ta`uu qabu dha. Kanaaf miirri of shakkuun kun dhaabbataa miti; ni darba;ni jijiirama. Kana malees of-shakkuun kun yeroo tokko tokko mormii gaarummaaf ta`uu dha; kunis, badii ofitti amanamuummaa humnaa ol dhufuurraa barreessaa olchuu danda`a.

IV. Abjuu hin dhugoomne fi mudaa dhabeessummaa

Sababoota barreessitoonni muraasni bakka barbaadan gahuu dadhaban keesaa inni tokko abjuu dhugoomuu hin dandeenyen qabamanii of dhiphisu dha. Kana jechuunis, yaadaafi fedhii hedduu qabaatanii isuma oliifi gad buusuun, yeroofi xiyyeefanoo hojiin kalaqaa barbaadu balleessuu dha.

Karaa biratiin ammoo hojii kalaqaaf diina kan ta`e kana cinaatiin, yaadaa mudaa dhabeessummaa dha. Barreessitoonni barreeffama kalaqaa hedduun barreeffamni isaanii mudaa tokkollee akka hin qabaanne barbaadu. Haata`u malee, irra jireessi isaanii kana bira gahuu hin danda`an. Sababni isaas haaxinnaatu malee hojiin mudaa hin qabne hin jiru. Kanaaf, barreessitoonni akkasii hawwidhaan yeroo isaanii fixu.

Kanaaf, hamma danda`ame qulqulleessanii hojjechuufi sadarkaa maxxansiisuu geessisuu dha malee, mudaa dhabeessa taasiisuun hin danda`amu. George Orwell yaada kana yeroo ibsu, “barreeffamnik ee sadarkaa mudaa dhabeessummaa irra yoo gahe, barreeffamicha akka waan du`eettan ilaala. Sabaabni isaas, dhalli namaa mudaa dhabeessummaa hin barbaadu waan ta`eef” jedha.

V.Madaallii Hojii kalaqaafi Jireenya Dhuunfaa

Hojiin kalaqaa jireenya malee guutuu hinta`u. Lamaanuu walkeessa jiru. Haata`u malee, Barreessitoonni tokko tokko waan jedhaniifi jireenyi isaanii wal hin fakkaatu. Barreessitoonni akkasii hojii isaanii keessattis fiixaan ba`umsa hin argatan. Kanaaf, barreessaan hojii kalaqaa barreessuu qofa osoo hinta`iin naamusni hojii kalaqaa keessatti mul`ate jireenya isaa keessattillee mul`achuu qaba. Barreessaan beekamaan tokko akkas jedha “Madaallii hojii fi jireenya eegi” . Karaa biraatiin, mataakeetiifi namoota si waliin jiraataniifi hojjetaniif amanamaa ta`i.

Hojii kee yemmuu karoorsitu yookiin waan abdattu, waan ta`uu danda`amuufi bira ga`uu dandeessu malee hawwii qofaan kan hafu hin karoorsiin yookiin hin hawwiin. Kaayyoo qabatamaa qabaadhu.Waan naan hojjedha jettee karoorsite haamilkaa`us haadhiisuus hojedhu. Kun ta`uu baannaan miira gadaantummaan sitti dhagahama. Fedhii namoota si waliin jiraniis ni miita.

VI. Odeessuu (talking it away)

Berreessitooni tokko tokko waa`ee hojii hojjechaa jiran gadi taa`anii yeroo dheeraa odeessu.Yeroo waan hojjechaa jirtu odeesitu, dandeettiin kalaqakee gu`aa deema. Sababni isaas odeessuun hojjechuu miti; yeroo odeessaa jirtu barreesaa hin jirtu. Barreessitoonni akkasiis salphaatti kufuu ni danda`u. Kanaaf; hojiikee osoo hin xummuuriin waa`ee isaa dursitee hin odeessiin. Callisii hojiikee itti fufi. Erga xummurtee booda odeessuuf carraa guddaa waan qabduuf, ariifattee hin odeessiin.

1.2.2. Rakkolee dinagdee waliin walqabatan

I. Dubbisaa dhabuu (Indifference)

Addunyaan kun bal`aa waan ta`eef dubbistoota beekamuu hin dandeenye baay`ee waan qabuuf barreeffamni barreessaa tokko fudhatama dhabuu danda`a. Barreeffamoonni akkasii waan baay`ataniif muraasni isaanii dubbistoota ga`aa argachuu dhiisuu ni danda`u. Rakkolee barreessitoota haaraa muudatan keessaa inni kun isa tokko dha. Gatii isaan baasaniifi dadhabbiisaanii argachuu dhiisuu danda`u. Rakkoleen dubbisaa dhabuu kun mudachuunsaa akkuma jirutti ta`ee, beektonni yaada furmaataati jedhanii kan kaa'an ni jira.

Furmaata dhiyaate keessaa inni tokko barreessitoonni barreeffama baay'ee gaarii ta'e qofa qopheessanii dubbistootaaf dhiyeessuu qabu. Wanti isaan abdachiiisu yoo jiraachuu baatellee kana gochuu akka qaban ni gorsu. Inni biraan, kaka'umsaafi fedhiin barreessuu isaanii akka hin miidhamneef; dursanii waan guuddaa barreeffama isaanii irraa eeguu hin qaban. Akka naannoo isaaniitti yaadanii achumatti dursanii fudhatama argachuuf hojjechuu qabu. Sababni isaas, kutaaleen addunyaa xixiqoon walitti dhufanii adduynaa isa guddaa uumuu. Kanaaf, fudhatamni barreeffama tokkoo naannoo itti barreeffame irraa eegalee gara addunyaaa bal'aatti babal'achaa deema. Haata'u malee, barreeffamni kee qaama barreeffamoota addunyaa kana keessaa isa tokko ta'uusaa hin dagatiin. Yaada "umuriin gabaabduu ogummaan garuu dheeraadha" jedhu amanii fudhadhuuttii yaaliikee osoo walirraa hin kutiin itti fufuun dubbistoota kee amansiisuuf yaali.

II. Dorgommii Sabqunnamtii Cimaa adeemuu (Rival Media)

Rakkooleen hawaasummaafi aadaa waliin walqabatan furmaata argachaa yoo dhufanillee, kanneen biroon isaaniin bakka bu'an mul'ataniiru. Yeroo ammaa kana ilaalcha ogbarruu akka ogummaa fiilmiifi miidiyaa dijitalaa gad ta`eetti illaaluun babal'achaa dhufeera. Fiilmiifi miidiyaan dijitalaa akka itti fufinsa barreeffamaatti ilaaluun immoo ogbarruufi ogummaaleen kun kan waljajbbeessan osoo hin taane kanneen waldorgoman taasisanii ilaaluu fida. Kalaqni asoosamaa gara fiilmiitti jijiiramuu danda'uunsa hojiin barreeffamaa teekinooloojii gurguddaa ammayyaatti fayyadamuun tamsaafamaa jiraachuuusaa agarsiisa.

III. Gochaalee barreeffamaaf bakka kennuu dhiisuu

Yeroo amma kana bara teekinoloojiin baay`achaafi babbal'achaa deemaa jirudha. Hojiileen hedduus komputeera waliin walk an wal qabataniidha. Kanaaf, namoonnii hedduun barreeffamoota komputeera irra jiran ni dubbisu malee barreeffamoota kanneen akka asoosama, walaloofi hojii kalaqaa kan biroo hin dubbisan. Kanaaf, kun hojii kalaqaa waan hin jajjabeessineef rakkoo isa guddaa dha. Rakkoo kana furuuf hojiilee tokko tokko intrneetiin gadhiisuun hojii ofikee beeksiisuu dandeessa.

IV.Jijiirraa (Translation)

Barreessitooni tokko tokko aadaafii jechoota barreessitoota kaan irraa fudhatu yookiin ergifatu. Kaan ammoo guutummaan guutuutti hojii afaan biraatiin hojjetame jijiirruun qofa akka hojii isaaniitti dhiyeessu. Barreessitoota kalaqaatiif jijiirraan hojii barreeffamaa keessa isa tokko dha. Ogeeyyiin jijiirraa ogbarruu baay`achaa waan dhufaniif, jijiirraan bifaa barreeffama kalaqaa isa beekamaa ta`aa dhufeera. Haata`u maalee holii kalaqaa aadaafii afaan tokkootiin barreeffame, afaan kanbraatiin hiikuun, rakkoo mataasaa qaba .Rekkoolee inni qabu keessaa muraasni, jecha sirriitti bakka bu`u dhabuu, miidhaginaafi cimina hiikaa dhabuu, halluufi ibsa duraan qabu hir'isuu fi k.k.fni dha. Hunda caalaa immoo walaloon yemmuu jijiiramu tasa miidhaginaafi halluu duraan qabu argachuu hindand`u; ni badas. Walumaa galatti barreeffamni kalaqaa afaan tokkoon barreeffamee gara afaan biraatti jijiiramu hiika, miidhaginaafi cimna duraan qabu dhabuu danda`a. yeroo tokko tokkos ergaan barreessaa kallattii biraatiin hiikamuu danda`a. Kanaaf hojiin jijiirraa hubannaafi xiyyeffannaa guddaatiin hojjetamuu qaba.

1.2.3. Rakkole Hawaasummaafi Siyaasa waliin walqabata (Socio-politics)

I. Rakkole siyaasa waliin wal qabatan

Barreessaan beekamaa kan ta`e Ian Mc Ewan “siyaasni diina yaadaati” jedha. Namoonni siyaasaa hojiilee kalaqaa siyaasaafi yaada isaanii akka deeggaru ni barbaadu. Kana malees, meeshaa deeggarsa uummataa argachuufi kakaasuuf yaada barreesichaa jallisuun itti fayyadamuu danda`u. Barreessitooni hedduun siyaasa keessatti hirmaachuu baataanillee, ilaalcha siyaasaa qaban (jibba, mormii qeqafii k.k.f) hojii kalaqa isaaniin calaqisiisuuf sodaa waan qabaniif dandeettii isaanii itti hin fayyadaman. Yoo calaqisiisanillee, afaan dhoksaa ta`ee karaa kallattii hin taaneetiin yaada isaanii ni ibsu.

II. Rakkolee Maatii wajjin walqabatan

Maatii keessumaayyuu daa`imman ofii kunuunsuu gammachuu guddaa nama keessatti uumuurra darbee, dirqama dha. Haata`u malee hojii barreessuuu waliin rakkisaa ta`a. Keessumaayyuu barreesitooni dubartii ta`an kallattii kanaatiin miidhamtoota dha. Sababni isaas yeroo baay`ee daa`imman kununsuun hojii dubartii ta`ee waan ilaalamuuuf, hojiilee lamaanuu walcinnaa adeemsisuun ni ulfaata. Furmaanni isaa hamma danda`ametti daa`imman kununsaa barreeffama isaanii itti fufuu dha. Inni biraan deeggarsa addaa argachuuf, barreessuun hojii ishee ta`usaa namoota amansiisuufi hubachiisu qabdi. Hojiin ishee kunis akkuma hojiilee biroo ulfina akka argatu taasisuunis irra eegama.

Haala kana keessatti yeroo dheeraa argachuu osoo hinta`iin murteessan yeroo qabdu keessatti haala kamiin siritti fayyadamuu akka dandeessu mijeessuu dha. Kanaaf barreessitooni dubartoota haaluma jiran keessatti yeroo itti barreeffatan mijeessuun barbaachisaa dha. Karaa biraatiin ijoollee qabaachuun ammoo hojii barreeffamaaf bu`aa akka ta`e dagachuu hin qaban. Barreessitooni daa`imman qaban hedduun, ijoollee isaaniif barreessu. Ijoolleen isaaniis, dubbistootaa fi deggartoota isaanii isa jalqabaa ta`u. Kun ammoo karaa biraatiin akka carraatti ilaalamuu mala.

Akka waliigalaatti,adunyaan barreessuu rakkoolee hedduu qaba. Rakkoleen kunneen gama barreessaatiin, hawaasummaatiin, dinagdeefi gama siyaasaatiin nama muudatani dha.Gama barreessaatiin rakkoleen mu`latan kanneen akka sodaa,shakkii, humnaa ol yaaduu yeroo balleesuufi kkfni dha.Gama dinagdeetiin; dubbisaa dhabuu, waan barreefameerra wantoota dijitaala ta`an xiyyeefannoo argachuusaanii, hanqina gabaa akka fakkeenyatti ilaaluun ni danda`ama. Gama hawaasummaatiin ammoo maatiin keessumaayyuu ijoollee kununsuun hojii barreeffamaa waliin ulfaataa dha. Gama siiyaasaatiin rakkoleen mul`atan ammoo, wantoota barreeffamaan kaayyoofi fedhii siyaasaaf yaada barreessichaa gara hintaanetti harkisuun fayyadamuufi bilisummaan barreessitooni yaada isaanii akka hin ibsineetti dhorkuu kanneen gurguddooti.

Gocha 2^{ffaa}

Gaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

1. Barreeffamni kalaqaa tokko gosa barreeffama biraarraa maaliin adda ta'a? Fakkeenyaan ibsi.

2. Rakkolee gama hawaasummaatiin barreessa muudatan maalmaalfaati? Gabaabsii ibsi.

3. Rakkolee gama barreessaatiin eeraman keessaa kamtu si mudatee beeka? Furmaata jettee kan fudhatte jiraa? Rakkoo si muudateefi waan akka furmaatatti fudhatte ibsi.

4. Barreessuun hoji ulfaataa akka ta`e ni dubbatama. Barataa afaa niif ammoo dandeettiin kun murteessa akka ta`e beekamaa dha. Kanaaf mata duree kanarrraa maal barattee? Gabaabsii ibsi.

Mirkaneeffannaa

Qabiyyeewan boqonnaa tokkoffaa keessatti dhihaatan hangam akka hubatte ilaaluuf qabxiilee mirkaneeffannaa armaan gaditti dhihaatan jiddugaleessa godhachuuun haala gaariin hubatteetta yoo ta'e "Eeyyee" hinhubanne yoo ta'e immoo "Lakki" kan jechu jalatti mallatoo "√" dhaan agarsiisi.Qabxiileen hinhubanne yoo jiraatan keessa deebi'ii sirriitti dubbisi.

T.Lak.	Qabxiilee Mirkaneeffannaa	Eeyyee	Lakki
1	Maalummaa barreffama kalaqaa ibsuu dandeessaa?		
2	Barreffamni kalaqaa gosa barreffama biraarraa maaliin adda akka ta'u ibsitaa?		
3	Rakkoolee barreffama kalaqaa gahumsa qabu qopheessuuf barreessaa muudantan fakkeenyaaan deeggartee ibsuu dandeessaa?		
4.	Rakkoolee barreessaa muudantan keessaa haala qabatamaa biyya keenyaatiin isaan ijoo ta'an sababa waliin ibsitaa?		
5.	Garaagarummaa rakkoolee barreessaan barreffama kalaqaa ofisaatiin uumuufi qaama biraarraa irra gahu jidduu jiru agarsiisuu dandeessaa?		

Cuunfaa

Boqonnaan jalqabaa kun mata-dureewwan boqonnaa bira keessatti dhihaataniif akka seensaatti tajaajiluuf mata-dureewwann xixiqqoo lama dhiheesseera.Mata dureen inni jalqabaa hiika yookiin maalummaa barreffama kalaqaa irratti kan xiyyeffatudha.kunis namoonni adda addaa barreffama kalaqaa qophaa'erratti yookiin dandeettii barreessa irratti hundaa'uun hiika akka laatan kan argisiisudha.Kanneenn barreffamicharratti xiyyeffatan arga yaadaa jiddu galeessa godhachuun afaan miira namaa dammaqsuu danda'uun kan dhihaatu ta'uusaa ibsu.Gama biraatiin warren barreessa jiddugaleessa godhatan dandeettii addaa/dhokataatti gargaaramuun arga yaadaatiin waan namoonni hedduun hin hubanne akka hubatan taasisuu akka ta'e eeru.

Kallattiin namoonni ittiin dhiheessaniifi xiyyeffannaan isaanii adda adda ta'us hojii kalaqaatiif barreessaanis ta'ee barreeffamni waliin waan deemanif hubannoodhaaf kana mara hin rakkisan.

Mata-dureen inni lammaffaafi hojii boqonnaawwan birootiif bu'uura ta'u rakkolee barreessitoota muudatan irratti xiyyeffatudha.Kunis barreeffama kalaqaatiin milkaa'uuf gufuwwan gama barreessaan akkasumas gama biraan nama quunnaman maqsuun murteessaa ta'uusaa agarsiisa.

Rakkolee gama barreessaatiin yeroo jedhamu kanneen akka sodaachuu, abdii kutachuu,fedhii humnaan oliin guutamuufi kkf. Yommuu ta'an human barreessaan ala kan ta'an kan akka dhiibbaa aadaafi duudhaa,rakkoo gama siyaasaatiin jiru,human naannoo jirutti gargaaramuu dadhabuun isaan muraasadha.

BOQONNAA LAMA

ASOOSAMA BARREESSUU

Barataa/tuu barumsa boqonnaawwan biroo keessatti barreeffama kalaqaa wajjin walqabatee mata dureewwan garaagaraa baratteetta.Boqonnaan kun immoo hojiilee kalaqaa keessaa asoosama irratti xiyyeffachuun kallattii itti milkaa'uu dandeessu sitti agarsiisuuf yaala.

Kaayyoowwan Boqonnichaa

- ▣ Caasaa asoosamaa ni ibsita
- ▣ Akkaataa caacculeen asoosamaa itti uumaman ni ibsita
- ▣ Asoosamoota garaagaraa ni xiinxalta
- ▣ Akkaataa jaargochi itti uumamu ni mul'ista
- ▣ Haala namfakkiin itti uumamu ni agarsiista
- ▣ Akkaataa waliddaan itti uumamu ni ibsita
- ▣ Ija asoosamni ittiin dhihaatu ni agarsiista
- ▣ Asoosama gabaabaa ni barreessita

Kaayyoowwan boqonnaa kanaa galmaan ga'uuf qabiyyeewan dhihaachuu malan kutaalee adda addaatti akkasumas mata-dureewan xixiqqqoo garagaraatti qircuun gaariidha. Haaluma kanaan boqonnaan kun kutaalee garagaraa qaba. Kutaawwan kana jalatti immoo qabiyyeewan adda addaa haala walqabatiinsa qabuun dhihaataniiru.

Hubannoo boqonnaa kanarraa haala barbaadamuun akka argattuuf gochaawan adda addaa siif dhihaataniiru. Kana malees, xumura boqonnichaa irratti gaaffileen ofmadaallii qophaahaniiru. Kanaaf, haala gaafatamteen hojjedhu.

2.1. Yaad-rimee Asoosamaa

Kutaan kun qabiyyeewan ijoo boqonnaan kun dhiheessu keessaa isa hangafati. Sababiinsaas osoo waa'ee asoosamaa hubannoo gaarii hin qabaatiin asoosama barreessuuf yaaluun akka doonii kompaasii hin qabnee waan ta'uufi.

Haata'u malee, kaayyoon kutaa kanaa asoosama akka koorsii tokkootti dhiheessuuf osoo hintaane adeemsa asoosama barreessuuf qabxiilee ijoo ta'an hubachiisuufi. Haaluma kanaan kutaa kana barattee yeroo xumurtu:

- Maalummaa asoosamaa ni ibsita
- Gosoot asoosamaa ni ibsita
- Amaloota asoosamaa ni tarreessita
- Caacculee asoosamaa ni himta

Shaakala 1

1. Gosoota barnootaa kanaan dura fudhatte akkasumas muuxannoo qabdurraa ka'uun maalummaa asoosamaa bakka armaan gadii irratti ibsi.

.

2. Asoosamni gosoota barreeffama birooraa maaliin adda akka ta'u ibsi.

.

3. Caaccuuleen asoosamaa isaan kami?

.

4. Gosoota asoosamaa beektu qabxiilee adda isaan taasisan wliin ibsi.
-
-
-
-
-

Gaaffilee armaan olii akka yaalte abdii qabna.asiin gaditti immoo yalii kee wajjin walqabsiistee akka xiinxaltuuf mata-dureen dhihaate jira.kanaaf, beekumsa gosa barnoota biraan keessatti argatte yaadachaa qabiyyee dhihaate kana xiinxali.

2.1.1. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni barreessaan fedhii, hawwii, jaalala, jibbaa fi kkf. Sammuu isaa keessaa burqisiisee onnee isaa keessaa maddisiisee hojii uumuun kan qopheessu dha. Kunis yaadaan dhugaa qabatamaa mul'atu agarsiisuun dubbisaa barsiisuu, beeksisuu, hubachiisuu, amansiisuu fi kkf.niif kan gargaaru dha. Gosti barreeffamaaa kun bifa dhangala'aan(prose) kan qophaa'u dha.

Kanaaf, asoosamni dandeettii jiruuf jirenya addunyaa kanaa ittiin ilaallu dha jechuun ni danda'ama. Barreessitoonnis dhugaa kana mul'isuuf carraaqu. Fakkeenyaaf, barreessitoonni tokko tokko bu'aa bayii jirenyaa irraanfachuuf, kanneen biroo immoo namfakkiiwwan dhihaatan keessatti of ilaaluun jiraachuu fedhu.

2.1.2. Waa'ee Maalii Barreessu?

Shaakala 2

Muuxannoo qabdurraa yookaan waan ni ta'a jettee yaadurraa dhimmoonni irratti barreessuu dandeenyu maal fa'i? bakka asiin gadiirratti yaali.

Gaaffii “waa’ee maalii barreessu?” jedhu yeroo baay’ee barreessitooni haaraan akkasumas yeroo tokko tokko immoo barreessitooni muuxannoo qabanis ni rakkatu. Kanneen haaraa ta’an waa’ee barreessanii addaan baasanii waan hin beekneef fedhiirra kan darbe gahumsa/dhimma sirriitti irratti barreessuu hin qaban. Gama biraatiin kanneen yaadaan cinqamanii waan barbaadan waraqaarra kaa’uuf mala dhahanii rakkatani dha.

Barreessitoota garee lammaffaa jalatti ramadaman ilaachisee beektonni yaadni isaan dhiheessan dhimmi irratti barreffamu qaama jirenyaa kan ta’efi fedhii keessaatiin (intrinsic) kan hojjetamu ta’uu qaba kan jedhu dha. Kun immoo mata-duree irratti barreffamu qofaa beekuu osoo hin taane tooftaan ittiin dhihaatus fudhatumummaa barreffamichaaf murteessaa ta’usaa agarsiisa.. Fakkeenyaaaf, namoonni lama waa’ee jaalalaa yookaan jibbaa irratti osoo barressanii fudhatumummaan hojii isaanii tokko ta’uu dhiisuu danda’a. Garaagarummaan akka uumamu waantota taasisan keessaa tokko haala barreessaan itti dhihaatu ykn malli gargaaramu isa tokko dha.

Yaada kana wajjin walqabatee gaaffin biraa yeroo baay’ee ka’u maddi yaada barreffamu eessa? Kan jedhu dha. Kunis beektota adda addaa biratti karaalee garagaraan ibsama. Hayyuuleen tokko tokko waan irratti barreffamu keessa darbuun dirqama yeroo jedhan kanneen biroo immoo keessa darbuu ykn kanneen keessaa haalaan beekuun gahaa dha jedhu. Haata’u malee, hubannoob beektota hedduu biratti fudhatama qabu kallattiinis ta’ee karaa kallattii hintaaneen dhimma irratti barreffamu qaama jirenya ofii taasisuudha.

2.1.3. Gosootaa fi amaloota asoosamaa

Shakala 3

Gosoota asoosamaa meeqa beekta? Maqaa dhahuun garaagarummaa isaanii ibsi.

Hayyuuleen og-barruu ulaagaawwan garagaraa irratti hundaa'uun gosoota asoosamaa adda addaa lafa kaa'u. kanneen keessaa bal'inaan kan beekaman asoosama gabaabaa fi dheeraa dha. Akka hojii kalaqaatti amala tokko isaan taasisu qabaatanis garaagaummaa kallattii bal'inaan/dheerinaan baay'ina namfakkiin, yeroo fudhataniin akkasumas jaargochaan ni qabu.

Garaagarummaa inni guddaan bal'inaan walcaaluu isaaniiti. Kunis asoosamni gabaabaan jechootaan isa dheeraarra ni gabaabbata. Yeroo baay'ee asoosamni gabaabaan jechoota 2500 hanga 5000 of keessaa yeroo qabaatu asoosamni dheeraan immoo hanga jechoota 50,000 deemuu danda'a. Gama biraatiin jalqabaa hanga xumuraatti yeroon asoosama gabaabaaf kennamu xiqqoo dha. Haata'u malee asoosamni dheeraan qabxiilee ka'an hunda gadi fageenyaan waan xiinxaluuf yeroo dheeraa fudhata.

Jecha kaachaan (Ispoortii) osoo ibsamee asoosamni gabaabaan akka utaalchootti inni dheeraan immoo akka maaraatooniitti fudhatamuu danda'a. kallattii namfakkiitiinis yoo ilaalle asoosamni gabaabaan gabaabbina isaa irraa kan ka'e namfakkiwwan muraasa of keessaa yeroo qabaatu inni dheeraan immoo baay'inaan keessummeessa.

Kanamalees, asoosamni gabaabaan waa'ee qooddattootaa ibsa gabaabaa kennuun bira darba. Inni dheeraan garuu bal'inaafi gadi fageenyaan kan keessaa fi alaa xiinxalee dhiheessa. Jaargochi asoosamoota kana lamaaniis garaagarummaa qaba. Asoosamni gabaabaan seensa waliddaaifi xumura gabaabbinaan yeroo mul'isu inni dheeraan bif a walxaxaafi gadi fageenya qabuun ibsa.

Gocha 1^{ffaa}

Waa'ee asoosamaa ilaalchisee hubannoo barreeffama armaan gadiirraa argatte cuunfii bakka armaan gadiirratti barreessi.

2.2. Adeemsa Asoosama Barreessuu

Kutaa darbe keessatti yaadrimee asoosamaa ilaalteetta. Itti aansuun immoo asoosama gahumsa qabu barreessuuf qabxiilee ijoo ta'an irratti xiyyeffanna. Kanaaf, qabxiilee kana haalaan hordofuuf yaali.

2.2.1. Jaargocha/Plot/ haalaan agarsiisuu

Waa'ee jaargochaa gosoota barnoota adda addaa keessatti
baratteetta. Waan yaadattu gabaabsii bakka armaan gadiirratti yaali.

Jaargochi caacculee asoosamaa waalsimanii bu'uura ta'an keessaa isa tokko dha. Ijaarsi asoosamaa jaargocharratti waan ta'eef namni barreessuuf yaadaafi kaka'umsa qabu hundi kanarratti xiyyeffannoo guddaa kennuu qaba. Kanaafi barsiisonni gama kanaan muuxannoo qaban gaarumman ykn yarummaan asoosamaa kan madaalamu hunda caalaa caaseffama jaargochaani kan jedhaniif.

Jaargochi akka barreessitoonni muuxannoo hinqabne tartiiba ta'insootaati jedhan miti. Jaargocha jechuun asoosama keessatti tooftaa barreessaan qindeessee waldiddaa qaamolee faallaa jidduutti uumamu akkasumas dorgommii waliddichi uumu cimaa deemuufi bu'aa xumuraa irratti argamu walsimsiisee agarsiisuu dha. Yaada armaan olitti ka'e haalaan hubachuuf fakkeenya armaan gadii ilaali.

Dargaggeessa tokkotu biyya biraa deemee jirenya isaa fooyyeessuuf eenyumaan osoo hin mari'atiin biyyaa bahuuf murteesse. Osoo deemuu itti dhiinaan bosona seenee holqa keessa bulu argate. Ganama yeroo ka'u waan halkan hinargine fagootti holqicha keessatti arge. Itti siqee yeroo ilaalu saanduqa bareedaa dha. Banee yommuu ilaalu qarshii hedduu fi warqee ta'uusaa hubannaan namoota naannoorraa gaangee bitatee fe'achuun gara biyya isaatti deebi'ee gammachuun jiraachuu eegale.

Barreffamni armaan olii bakkaa fi yeroo muraasa keessatti dhugaa qabatamaanis ta'ee arga yaadaan dhihaachuu danda'u tokko lafa kaa'a. Akkuma barreffama sadarkaasaa eeggate tokkoo seensa, qaamaa fi xumura qaba. Barreffama kana yeroo dubbisnu gaaffiin hima tokko tokkoon booddee of-gaafachuu dandeenyu achiihoo? kan jedhu dha. Deebii gaaffichaa kan kennu adeemsaa ta'insichaa qofaa dha. Kanaaf barreffamni bifaa kanaan qophaa'u jaargocha jedhamee

fudhatamuu hindanda'u. sababiinisaas walitti bu'iinsi hin jiru, wal'aansoon qaamolee garaagaraa jidduutti hin mul'atu. Kana malees, waan qalbii namaa rarraasuu fi hatu of-keessaa hin qabu. Waan kana ta'eef, dubbisaan osoo kallattii garaagaraan yaada dhihaate hin xiinxaliin bitaaf mirga osoo hin hubatiin xumurarra waan ga'uuf waan nama ajaa'iba ykn nama barreessisu waan hin qabneef yeroo isaa akka gube qofaa yaadee dhiisa.

Yaaduma jalqabaa irratti hundaa'uun barreeffama armaan gadii immoo ilaali.

Dargageessa maatii harka qalleeyyii irraa dhalate tokkotu ture. Maatii waliin taa'ee ofis ta'ee warrasaa gargaaruu waan hin dandeenyeef hojii barbaaduuf qarshii muraasa walitti qabatee bakka biraa deemuu akka qabu murteesse. Barraaqa ka'ee imala isaa eegale. Abdiin osoo deemaa jiruu saamtonni itti dhufanii waan qabu hunda irraa fudhatanii du'aaf jirenya jidduutti gatanii deeman. Yeroo dheeraan booddee lubbuun itti deebitee yeroo of beeku biiftuun lixuufi. Akkuma ta'etti ka'ee adeemsa isaa itti fufe. Xiqqoo akka deemeen aduun itti dhiinaan dawoo tokkotti goree buluuf yaade. Bosona seenee filannoo lama argate tokko mukarra buluu yookaan holqa fuuldura isaa jiru halkan tokkoof rakkisuuf yaade. Muka koruurra holqicha filatee itti siqe. Garuu ni sodaate. Filannoo waan hin qabneef xumurarra seenee ciise.

Barii hirribaa ka'ee deemuuf yeroo qophaa'u waan hin eegiin tokko arge. Saanduqa sibiilaajjatti calaqqisu. Ol ka'ee itti siqe. Bitaaf mirga, oliif gadi ilaallaan sagalee simbiraan ala homtuu hin jiru. Ol fuudhuuf yaallaan ni ulfaata. Abdiifi sodaan otoo cinqamuu xumurarratti banate. Keessisaa warqee fi qarshii guutameera. Fudhatee deemuuf namoonni kaa'an yoo natti dhufanihoo jedhee otoo mamuu dhagaan fottoqee balbala holqichaa jalaa cufe. Bahuuf osoo tattaafatuu sagalee namootaa dhagahe.

Barreeffamni inni lammaffaa isa jalqabaarra qabxiilee waliddaa uumuuf humna qaban bifaa fooyya'aa ta'een dhiheesseera. Kanaaf

jaargochi kana keessatti karaa fooyya'aa ta'een dhihaateera jechuun ni danda'ama.

Hayyuun A.M. Foster jedhamu waa'ee jaargochaa yeroo barreessu oduun ykn seenaan tokko tartiiba eegee yeroo dhihaatu seenessuu jedhama. Jaargochis akkasumas tartiiba gochaa of keessaa qaba. Haata'u malee, jaargochi adeemsa sababa quubsaa irratti hundaa'e gargaaramuusaatiin addadha. Seenaa yeroo dhaggeeffannu 'isaan boodddeehoo maaltu ta'e?' kan jedhu gaafanna. Yeroo jaargocha asoosamaa immoo gaaffii maaliif jedhu dhiheessina.

Barreessitoonni jaargocha tooftaalee adda addaatti gargaaramuun qindeeffatu. Tokko tokko amala fedhii namfakkii waan isa quunnamu rakkoo isa quunnamu keessaa bahuuf tattaaffiii taasisu osoo hin beekiin hojii jalqabuu hin barbaadan. Kanneen biroo immoo ergaan asoosamichaa haalaan itti mul'achuu baannaan jaargocha irratti yeroo fixuu hin barbaadan. Yoomessa irratti hundaa'uun waliddaa uumamutti gargaaramanii jaargocha uumu. Kanaaf, barreessaan karaa irra caalaa na baasuu danda'a jedhe filachuu danda'a.

Namfakkii ka'umsa godhachuun jaargocha uumamu barreessaan filatu tokko yaada inni dhiheessuu danda'u asiin gaditti haa ilaalu. Jaargochi namfakkiin ofisaa wajjin ykn waantotaafi namoota naannoo isaa jiran waliin waliddaa uumamuun kan argamu waan ta'eef barreessitoonnii gaaffilee armaan gadii yeroo hundaa of gaafachuu qabu.

1. Namfakkiin filatame maal barbaada?
2. Waan barbaade akka hin arganne kanneen taasisan maalinni?
3. Rakkoo isa muudate jalaa bahuuf tattaaffii akkamii godha?
4. Bu'aan falmii taasifamuu maalinni?
5. Rakkoolee namfakkii muudatan keessaa irra caalaa bahee kan mul'atu kami?
6. Namfakkichi waan barbaade sana ni argatmoo hin argatu?

7. Ergaan seenichaa maalinni?

Akka waliigalaatti qabxiileen armaan olitti ka'an haalaan deebii argannaan jaargocha asoosamichaaf gahee guddaa taphachuu danda'uuumuuf humna cimaa ta'u.

2.2.2. Namfakkii caacculee biroo wajin walsimsiisanii uumuu

Barataa/tuu namfakkii gaarii uumuuf xiyyeffannaan barreessaa maal kan ta'u sitti fakkaata? Yaada kee bakka asiin gadiirratti yaali.

Yaaliin kee gaariidha! Namfakkiin asoosama keessatti namoota ykn waantota kaayyoo garagaraa qabatanii socho'ani dha. Kanaaf, kaayyoon barreessaas namfakkiitti gargaaramuun addunyaa addaa uumu dha. Fakkeenyaaaf, addunyaa uumame keessatti namfakkiwwan kufanii yeroo ka'an mi'aa fi hadhaayina addunyittii yeroo dhamdhamatan dubbisaan hin argu taanaan barreffamichis ta'ee addunyaan yaadaan uumame bu'aa hin qabu.

Seenaa og-barruu addunyaa yeroo ilaallu umurii isaanii ol kan jiraatan, gammachuu, gaddii fi tattaaffiin isaanii sadarkaa addunyaatti kan beekaman namfakkiwwan barreessitoota bebbeekamoon uumamanidha. Namfakkiin barreessaadhaan/ uumaa isaatiin/ yeroo tokko akkas jedhe jedhama. "Ati nama kana uumeera jetteet yaadda. Haata'u malee, erga duuteen booddeellee ani akkan jiraadhu nan beeka."

Barreessaan tokko dhiphatee namfakkii tokko erga uumeen booddee aangoon namfakkicharratti qabu murtawaadha. Namfakkiwwan tokko tokko kan ofin barbaadan malee kan hin hojenne, du'anii

badaniiru yeroo jedhaman tooftaa biraan lubbuu horatanii yeroo argaman ilaalla. Kanaaf, akkaataa amala isaaniitiin keessummeessuun gahumsa barreessaan asoosamaa ta'a jechuu dha.

Barreessaan akkamiin namfakkii uuma?

Hojiin barreessitoota hedduu dubbistoota biratti fudhatamummaa kan dhabuuf namfakkiwwan uumaman akkaataa amala fi gahumsa isaaniitti hojii kennameef waan hin hojenneefi. Dubbisaa fuudhanii addunyaa yaadaa keessa akka daawwatan kan taasisu ta'insoota qofaa osoo hin taane ilmaan nammaa bakka bu'anii namarratti gaariis ta'ee badaa kan raawwatan namfakkiwwaniini. Kanaaf, barreessaan jirenya qabatamaa keessatti amalaanis ta'ee hojiin namfakkiwwan gahumsa qaban uumuu qaba.

Namfakkiwwan kun jirenya dubbistootaa waliin waan walfakkaatu waan qabaniif yeroo gaddan dubbistoonni akka waliin gaddan kan taasisan, yeroo gammadan dubbistoonni kan waliin gammadan ta'uu qabu.

Hunda caalaa immoo barreessaan dubbistoota isaa namfakkiwwan dhihaatan namoota qaamaan beekan caalaa sirriitti itti siqanii akka hubatan gochuu qaba. Amalli nammaa kan jijiiramuufii ibsuuf waan rakkisuuf guutumaa guutuutti beekuun rakkisaa dha. Kanaaf, barreessaan beekamaan Oskar Wild jedhamu "namoota dhugaa kan fooniin hin jiraanne dha" kan jedheef.

Namfakkii wajjin walqabatee gaaffii guddaan yeroo baay'ee ka'u barreessaan namfakkiwwan barbaadu haala kamiin uumuu danda'a? kan jedhaudha. Barreessitoonni hedduun gaaaffii kana ilaachisee yaada yeroo kannan asoosamni waa'ee addunyaa kanaa yeroo tokkoon kan dhiheessu osoo hin taane filannoo irratti akka hundaa'u dha.

Kanaaf, nama tokko kanneen birooraa adda taasisanii dhiheessuuf tooftaalee fayyadan keessaa isaan armaan gadii ijoodha.

I. Bakka Dhalootaa/Guddina Namfakkii

Akkuma saayinsiin agarsiisutti ilmaan namaa bu'aa waantota gurguddoo lamaati. Sanyiin(uumamaan) maatiirraa kan argamuuf erga dhalataniin booddee naannoo (aadaa, amantaa, falaasama, sadarkaa jireenyaa) kan argatu dha. Kanneen lamaan kana yeroo ilaallu irra caalaa kan naannoorraa argamu kun ilaalchaa fi hubannoo namootaa kallattii barbaadeen deemsisuuf humna guddaa qaba. Kanaaf, duubee (background) namfakkichaa bekuun ulaagaawwan namfakkiin barbaadamu uumuuf gargaaran keessaa isa tokko dha.

II. Dubbii Namfakkii

Namfakkiin tokko waa'ee mataasaas ta'ee namoota biroo yeroo dubbatu amalaa fi gahumsa qabu ittiin tilmaamuun ni danda'ama. Dubbii kana keessatti haalli inni itti dubbatus gara laafessa ykn gara jabeessa of jaalataa, kutataa, dabooroo fi kkf ta'uusaa nama hubachiisa. Kanaaf, barreessaan dubbii namfakkiwwan garagaraa yeroo dhiheessu itti fufiinsa seenichaa kan argisiisuufi amalaa fi gahumsa namfakkiwwanii kan argisiisu ta'uu qaba.

III. Miira Namfakkii

Miira namfakkiwwanii sirriitti beekuun asoosama gaarii qopheessuuf qabxiilee ijoo ta'an keessaa isa hangafa dha. Sababiinsaas dubbiinis ta'ee hojiin wanti raawwatan eenyummaa isaanii isa dhugaa waan argisiisuufi. Kun immoo waldiddaa uumamuuf itti fufiinsa qabatee iccitiifi ergaa barreffamaa hubachuuf kallattii agarsiisa.

Iv. Yoomessa Barreefamaa

Bakkii fi yeroon asoosamaa haala jiruuf jirenya namfakkii wajjin waan deemanifi kana beekuun barreessaaf bakka guddaa qaba. Kunis haala qabatamaa jiru wajjin walsimsiisuun fudhatamummaa dabaluu danda'a.

V. Addeessa Qaama Namfakkii

Dhaabbii fi bifaa namfakkii haalaan ibsuun gaarii ta'us barreessitoota muuxannoo hin qabne biratti rakkoon yeroo baay'ee mul'atu waa'ee namfakkii tokkoo rifeensa mataa kaasee hanga qeensa miilaatti addeessuu dha. Kun immoo seenichi garafuulduraatti akka hin tarkaanfanne taasisa. Fakkeenuaaf, asoosama gabaabaa keessatti namfakkii tokko sirriitti addeessuuf bakkii fi yeroon hin jiru. Amalli asoosamichaas hin heyyamu/deemsisu. Kanaaf,namfakkiwwan seenicha keessatti hirmaachuu yeroo jalqaban kanneen birooraa waan adda isaan taasisu irratti xiyyeffachuun hanga tokko addeessuun barbaachisaa dha. Kunis dubbistoota wajjin walbaruuf ni fayyada. Isaan booddee haala seeneffamichaa irratti hundaa'uun addeessaa deemuun gaarii ta'a. Qaawwaan mul'atu dubbisaanis itti guutaa deemuu danda'a. keessattuu asoosama dheeraa keessatti yeroo tokkoon namfakkii addeessuun hin deeggaramu. Addeessuun kunis himinsa caalaa agarsiisuun otoo ta'ee irra caalaa humna argata. Kanas kallattiin akkasi jechuurra kallattii biraatiin addeessuun ni danda'ama.

Barreessitooni asoosama irratti hubannoo gaarii qaban asoosama bakka afuritti dheeraa, jiddugaleessa, gabaabaa fi baay'ee gabaabaa jechuun qoodu. Haata'u malee, kanneen ijoo ta'an dheeraa fi gabaabaa jedhamuun beekamu. Lamaanuu amala mataasaanii qabu. Fakkeenyaaf, asoosamni dheeraan taa'insoota yeroo dheeraa fudhataniin kan qophaa'u dha. Namfakkiwwan hedduunis hirmaattota ta'u danda'u. Asoosamni dheeraan jirenya ilmaan namaa wajjin kan deemu dha. Kana jechuun ariifachuun, suuta jechuu, ho'uu, qorruu

danda'a. Yeroo baay'ee hanga jechoota 50,000tti deemuu danda'a. kun immoo barreessaan ibsa barbaachisu hunda haala barbaadeen akka dhiheessu taasisa.

Gama biraatiin asoosamni gabaabaa amala addaa qaba. Fakkeenyaaaf jechoonni of keessatti hammatus yoo baay'ate 5,000 hin caalu. Taa'insoonni dhihaatanis guutuu jirenyaa kan argisiisan osoo hin taane qaama/muraasa kan argisiisani dha. Kanamalees, asoosamni gabaabaan namfakkiwwan muraasaan kan ijaaramu dha. Amalli isaaniis adda addaa fi waliddaa umuuf kan mijate ta'uu qaba. Amalli isaanii yoo walfakkaate asoosamichi guutuu ta'uu hin danda'u. Namfakkiwwan uumamanis gurguddoo fi xixiqqoo ta'uu danda'u.

Haata'u malee, namfakkiwwan gurguddoon jalqabaa hanga xumuraatti kaameeraa sammuu dubbisaa jalaa dhokachuu hin qaban. Akka waliigalaatti waa'ee namfakkii ibsuun akkasumas agarsiisuun duraaf duuba ta'insootaa, amalaa fi hojii namfakkiwwanii mul'isuun ibsuun ni danda'ama.

VI.Waliddaa/Conflict/

Akkuma mata-dureewan armaan olii keessatti ka'e asoosamni tokko lubbuu akka horatee socho'uuf amalaa fi gahumsa mataasaanii kan qaban namfakkiwwan adda addaa jiraachuu malu. Keessattuu ta'insoonni namfakkiwwan gurguddoo irratti waan xiyyeffataniif walfalmiin naannoo kanatti gaggeeffamu murteessaa dha.

Namfakkiwwan asoosamaa akkuma namoota jiruuf jirenya keessatti fooniin /qaamaan arginu yeroo yaadan dubbatan, kufan, ka'an ni argina. Tari namoota qaamaan beeknu caalaa itti siuu fi beekuu dandeenya. Waan isaan muudatu yeroo arginu jiruuf jirenyi bu'aa bayiin kan guutamte ta'uushee beeknee simanna. Gama biraatiin

namfakkii guddaan rakkoon yoo isa hin quunnamne, waan isa quunname keessaa immoo bahuuf tattaaffii yoo taasisuu baate asoosamichi asoosama ta'uu hin danda'u; dubbisaas qalbiisaa fuudhee deemuu hin danda'u. waldiddaan uumamuu danda'us:

- i. Namni uumaa waliin
- ii. Namni nama waliin
- iii. Namni hawaasa waliin
- iv. Namni naannoo wajjin
- v. Namni ofiisaa waliin

Kanneen eeraman kun madda waldiddaati. Tokkoon tokkoon isaanii waldiddaa bifaa garagaraatiin xiinxalanii dhiheessuu danda'u. Kanneen keessaa mi'eessee filatee dhiheessuun gahee barreessaati. Qabxii ijoon namfakkii guddaan kaayyoo tokko galmaan ga'uuf kan tattaafatu/dhama'u ta'uu qaba. Tattaaffiin isaas kan bu'aa buusu ta'uu qaba.

Gufuuwwan Tattaaffii Namfakkii

Namni jiruuf jirenya guyyaa guyyaa keessatti rakkolee baay'eetu muudata. Kun immoo namootarraa ykn sanaan ala ta'uu danda'a. Rakkoo isa quunnamu jalaa bahuuf immoo yoo mijate tooftaan yoo ta'uu baate humnaan yaaluun dirqama ta'a.

Rakkoleen kunis tokko tokko salphaatti kan furmaata argatan yeroo ta'an kanneen biroo immoo humnaa fi yeroo addaa gaafatu.

Namni uumamaan fedhii waan barbaade argachuu ni qaba. Fakkeenyaaaf, kabaja, qabeenya, taayitaa, beekumummaa, fayyaa, nagaa, jaalalaa fi kkf. Fedhii kana bakkaan ga'uuf immoo karaan jiru hundi banaa miti. Kanaaf walitti bu'insi ni uumama. Bu'aan walitti bu'insichaas milkaa'ina ykn kufaatii ta'uu danda'a.

Waanti isaan mudatus cimaa fi kan qoru ta'uu mala. Kana ta'uu baannaan seenichi cimina hin qabaatu akkasumas humna dubbisaa fudhatee deemuu hin qabu. Kanaafi yeroo baay'ee asoosaan namfakkii guddaa gufuwwan gurguddoo wajjin walitti fiduu qaba kan jedhamu. Asoosama gabaabaa keessatti namfakkii guddaan falmii cimaa akka taasisu eegama. Kanaaf, barreessaan qalamaafi waraqaa osoo walhinsimsiisiin dura rakkooawan namfakkii guddaa muudachuu danda'an tartiiba isaanii akkasumas furmaata isaanii qindeessee dhiheessuu qaba.

VII. Waliin Dubbii Namfakkiiwwanii

Waliin dubbiin asoosama keessatti namfakkiiwwan haasawaa waliin taasisanidha. Seenaan asoosamaa yeroo bay'ee dubbiin, ibsaan ykn addeessuun qindaa'ee kan dhihaatu dha. Sadarkaa bifaa kanaan dhihaatu wal caalus waliin dubbiin baay'ee murteessaa akka ta'e amanama. Haaluma kanaan barreessaan waliin dubbii yeroo qopheessu qabxiilee armaan gadii jiddugaleessa godhachuun ta'uu akka qabu beektonni hedduun walii galu.

1. Waliin dubbiin dhihaatu miira dubbisaa kan harkisu ta'uu qaba.
2. Ta'insoonni asoosamicha keessatti gaggeeffaman gara fuulduraatti akka deeman kan taasisu ta'uu mala. Kunis waliin dubbii namfakkiiin tokko yeroo dheeraa itti fudhatu osoo hin taane namfakkiiwwan hedduun walharkaa fuudhanii kan waliin dubbatan yoo ta'e dubbisaas ta'ee seenicha gara fuulduraatti qajeelcha.
3. Waliindubbiin amala, fedhii, gahumsa, dandeettii, ilaalchaafi kkf. Namfakkiiwwaniin kan mul'isu ta'uu qaba. Kun immoo haalaan waa'ee namfakkichaa akka beeknu taasisa. kanaaf, alaalatti nama beekuurra gadifageenyaan beekuun ergaa barreeffamichaa beekuufis karaa bana.

Waliin dubbiin namfakkiiwwanii immoo yaada garagaraa kan keessumeessu ta'uu qaba. Kunis namfakkiiin sun eenyu akka ta'e yookaan taate dandeettii, seenaa, falaasama, umurii, amantaa, ogummaa, waan jaalataniifi jibban

mul'isuuni.Kun immoo hojii hojettan yookaan dubbii dubbatan hundaaf akka bu'uuraatti gargaara.

4. Haasaan namfakkiwwanii dubbii miti-idileen kan guutame osoo hintaane karaa gabaabaafi ifa ta'een ergaa quubsaa dabarsuu kan danda'u ta'uu mala.

5. Haasaan gaggeeffamu amantaa, falaasama, dandeettii, fedhiifi kkf agarsiisuu qaba malee jechoota walitti darbachuu ykn deddeebisuu qofa ta'uu hinqabu.

VIII. Bakkaafi Yeroo Itti Seeneffamu (Yoomessa)

Bakka itti seeneffamu yeroo jedhamu namfakkiwwan hirmaannaa akka qabaataniif barreessaan bakka jirataniifi socho'an akkasumas dhimmoota jiruuf jirenya isaanii wajjin walqabatan kan mul'isudha.Kun immoo teessuma lafaafi haala qilleensaa ibsuu qofa osoo hintaane jirenyaaf meeshaalee isaan barbaachisan dabalata.kanamalees,ji'oota wagga,sa'atiwwan,guyyaa haala halkaniifi guyyaafi kanneen kana waliin deeman of kessatti hammata.

Asoosama keessatti ta'insoonni bakka garagaraatti gaggeeffamuu danda'u.keessattuu asoosamni dheeraan bakkeewwan adda addaa jijiiruun dhihaachuu danda'a.kanaaf, ta'insoota wajjin walitti dhufeinya kan qaban hundi naannoo/bakka seeneffamu jalatti ramadamu.

Dhimma irratti barreffamu jiddugaleessa godhachuu bakki yookaan naannoon itti seeneffamu adda adda ta'us karaalee gurguddoo lama ilaaluun ni danda'ama.

1. Bakka seeneffama uumamaa
2. Bakka seeneffama namtolchee

Kan uumamaa haala itti addeeffamu irratti gahumsa gaarii qabaachuu gaafata.kan namtolchee garuu daangaa kanarra darbee dhimmoota

hedduu irratti xiyyeffata.Kunis bakka yookaan naannoo itti seeneffamu qofa osoo hintaane abbaa uumeefis bakka guddaa kenna. Fakkeenyaaaf manni/gamoon tokko laffarratti yeroo mul'atu gahumsa qaamolee hojicharratti hirmaatanii akkasumas sadarkaa jirenya naannoo sanaafi aadaafi duudhaa jiru mul'isa.kanarraa ka'uudhaan sadarkaan manichaa gadi bu'aa yoo ta'e aadaan jirenyaa/hojii ykn tattaaffiin namoonni of jijjiroouf taasisan gaaffii keessa akka jiru agarsiisuuf barreessitoonni yaalan jiru.Berreessitoonni ergaa barbaadan dabarfachuuf naannoo/bakka addeessuu qofaan osoo hintaane bakkicha wajjin yeroo jiru dabalataan ibsuuni.Fakkeenyaaaf, bariin barraaqaa abdii gara fuula duraatti jiru mul'isuun yeroo ilaalamu halkan dukkanni immoo kan abdii kutannaafi sodaa ta'ee argisiifama.kanamalees,haalli qilleensa naannoo ergaa cimaa dabarsa.

Gocha 1^{ffaa}

Asoosama gabaabaa armaan gadii dubbisiitii adeemsa ittiin barreweffame xiinxali.

Reeffa

Ganama bareedduu. Ji'a Onkoloeessaa, aduun koola samii taliilee dir-golbee afame jalaan baatee lafa ho'istee jirti. Bosonni awaa'ee callisu uffatee, otoo shooki jedhee hin shokoksiin akka reeffa qorree sochii malee taa'a. Bubbeen mukeen asii achi raasuun gaafin dirqiin sagachiisu; gaafin dirqiin shubbisiisu har'a bakka buuteen isaa dhabamee jira.

Qabbana mi' aawaa kana keesssaa iyyi dheeraa sukkanaawaan, sagalee dubartii tokko gurra Bor-nam taasisaa kaase. Dura ni rifate, iyyichi yommu deddeebi'u garuu waan tokko uumamuu hinoolu jedheeti

wanticha uumame baruuf si'aaye. Iyyichi ituma fufa lafaa irra quuphanaa, looyaa gara dubartittii iyyituutti siqe. Ammas mudhii qabattee iyyiti. Bira gahee "maal taatee? " jedhee itti iyyee naannoo ishii toyate. Namni biraa jira moo hin jiruu erga mirkaneeffateenbooda ukkaamsuu barbaade, garuu immoo yooittuu iyyite hoo jedhee sodaate. Tarii immoo namni biraa yoo duukaa jiraate jedhee shakkee shugguxii isaa itti qabe.

"Waan taate hin dubbattuu? "

"Dhii... dhii..Dhirsa-Abbaa manaa kootu of fan-nise."

Uuh....," jedhee afuura dheeraa baafatee suuta "eessa ? "jedheen.

"Kunoo achi" jetteen imimmaan irraa roobaa jiru haxaawwachaa qubaan eeraa. Shugguxichaakkuma itti qabetti karaa ishiin qubaan eerte ilaale. Namtichi dheeraan tokko funyoon mukatti rarra'ee jira. shugguxicha gadi qabee namichatti siqee ilaale. Dubartittii garagalee ilaalee

"Maliif of ajjeese?" jedheen

"Maalin beeka ani" jette ija sodaan

"Namni dhagahe jiraa?" jedheen hatattamaan

"Homtuu hin dhageenye"

"Tole, gaariidha, garuu maal ta'ee akka of ajjeese tasumaa hin beektuu?" jedheen

"Dura qarshii wayii nama irraa liqeefatee ture.

Abbaan qarshichaa guyyuma guyyaan deddeebi'ee; qarshii koo naa keenni jedhaanii ture. Kaleessuma kana immoo dhufee "qarshich naa deebisuu baannaan sin hiisia" jedheenii ture.

Kana aaree baye. Ergasii manatti hin deebine. Kunoo har'a asitti argame.

Hunduma irra kan na gaddisiisu immoo du' a isaa qofa miti. Ijoollee koo akkamiti akkan guddisuudha" jettee hirqinfattee booche.

"Ijoollee meeqa qabda? "

"Ijolle laman qaba,"

“Amma ilaa malan sii mala. Mala kana maaliif jettee of hin gaafatiin. Callistee fundhatta! Waanan siin jedhe hundaa ni rawwatta malee reeffatti booyun gatii hin qabu” jedhee amansiisuu yaale. Yeroo duraa fudhachuun itti ulfaate.Ulfaachuu qufa otoo hin ta'in abbaa manaa ishii bay'ee akkas jaalattu eenyuunuu bakka buusuu akka hin barbaanne itti himte.

“Giiftii koo, du'aan reffa: jaalalli isaas, jibbiisaas, gammachhuun isaas, gaddi isaas, Walumaa galatti miirri isaa due'ee jira. Leenca du'e mannaa adurree jirtu wayya. Kanaaf reeffatti booyuu dhiistee kan lubbuun jiru baraaru sin wayyuu?” jedheeni.

“Dhugaadha” jette fudhattee: sammuun ishees kan du'eef sagal gadduu irra kan jiruuf takka yaaduu wayya jedheeni.

Jiraan abdii namaa qoodu qaba, jiraan miira namaa hiru qaba, jiraan gammachuu namaa hiru qaba . Hundumaa caalaa jiraachuun mataa isaan abdii dha. Abdiin hundee jirenyaati. Kanaaf tole jettee waan ajajamte mara fufhattee gara magaalaa deemte.

Magaala erga geessee booda waan hundaa ibsitee, qulqulleessitee haadha nama bosonatti argiteetti himte. Haati isaa ammanuu hin dendeenye. Ni ta' a jettees hin yaanne. Maraattuu, dhugaan maraattuu... jiraa ajjeesuu, du'aa jiraachisuu , maraattuu... Dubartittiin amantee waan dhufteef haadha namtichaa amansiisuu yalte. Haatis, garaa duuba yaa ta'u, ykn shakkiin yaa ta'u ykn immoo mirkanaan gara bayetti yaa bahu jettee tole jette.

Galgala sana deemanii reefficha bosonaa fidanii manatti galchan. Galgaluma sana saanduqa reeffaa bitanii homtuu otoo hin argiin reefficha keessa kaahan.

Bariisaa Bornam Taasisaa ilmi haadha Margee du'ee jira jedhamee afooshatti himame. Afooshaan miseensatti himame. Gadda guddaatu ta'e.

Boohanii boochisanii, iyyanii, mankaraaranii, hirqinfatanii boohanii maraatan. Firri dhihoo, kan fagoo, hiryyaan isa jaalatus kan isa jibus

hundi gaafa san achitti wal arganii hirmii baafatu. Namni keenya gaafa jiruu hin gargaarumalee gaafa booyaa eenyutu isa dursa. Kan akkuma firaayyuu mararfatee booya.kan qabaanuu dadhabdee; ‘wajjiniin na awwalaa jedhu meeqatu jira.

Raajii !!! Bornam ilma obbo Taasisaa Qananii gurraacha dheeraa warra Gullalleeti. Bornam, jalqaba bara Dargii, ‘miseensa dhaaba siyaasaa Dargin mormuuti, jedhamee himatamee ture. Dhimmi isaa yookiin himannaan sun mana murtii hingeeny. Nama akka Bornam, nama ‘dhiphoof’ manni murtii maal godha ! Otoo ta’eyyuu manni murtii Kaadiree Dargii caalaa? Achumatti dura taa’aan gandaa fi jaalleen isaa murtii itti kennan. Labsiin hatattamaan bakka argametti yaa ajefamu itti bahe. Kana dhagahee badee, badee bosona gale.

Ammaan booda namni isa barbaadu hin jiru.

Amma tarkaanfin warraksoo irratti fudhatameejira. ‘Dhiphootaaf , ergaan darbee jira .

Halkan haadha argee, yeroo dhumaatiif dhungattee nagaatti jetteen yadattee koolfi qabe. Reeffa namaa ilma koo jettee awwaaluun bay’ee ishiidinqe. Ilmi ishii ottoo hin du’iin du’e jettee reeffa nama hin beeknee awwaaluun ishii bay’ee ishiin dhibe.

Ta’us ta’e , jireenyi tooftaa dha.

Dubartittiin liqaa dhirsa ishii irra jiru hundaa kafaltee deemuuf kaate. Gara Bornam jedheenitti. Deemanii magaala Finifinnee dha Wallaga dhihaa, Mandiitti galanii jiraachuu eegalan.

Akkasiin otoo walin jiraatanuu dubartittiin isa shakkuu eegalte. Dhuguma reeffa ta’ee itti muldhate. Jiraa Wajjin jiraachuu wayya jettee nama biraa wajjin jalqabde.

“Reeffi kana akkamitti gaafata ?” Jetteen

Rifatee of ilaalee “ani reefaa?” jedhee rifaatuun gaafate.

“Ihii , maalii dharee ! Ati bari duutee jirta , ati bar awwaalamtee jirta. Maqaa abbaaa manaa koo, maqaa Laggasaan jirta” jetteen. Kana caalaa dubbachuu hin dandeenye.

Guyyaa tokko, halkan hammachuu yaale. Harka isaa ofi irraa kaaftee
“Ati bar reefa, reefi akkamitti Waan akkasii hojjata jetteen”
Waan tokko hin dubbanne; deemee siree biraarra rafe.
Bariisaa ala bultee gallaan;
“Xinnuma ishiillee yaadi, ana dhiisii ijoolleen kun maal sin jedhu yoo
bultee galtu?
“Reeffi waan akkasii gaafachuuf mirga hin qabu” jetteen.
Yommuu ishiin golatti dabartu mucaan isaa
“Aabbaa ati kunoo jirta mitii, maaliif aayyoon reefa siin jettii ?”
jedheen.
Hin deebsineef, yookin dhungoo dhan deebsee.
Dhungatee fiigaa baha. Bahee fiige, fiigaa baha
“Jiraachaa du'urra du'aa jiraachuu” wayya jechaa fiigaa bade.

Madda: Tafarri Nugusee “Seexaafi Seenaa” fuula 17-23

Gocha 2^{ffaa}

FEDHII GAMTOKKEE

Ayyaantu Goobanaa haadha manaa Obboo Baalchaa Lammeessaati. Ayyaantuifi Baalchaan godina Arsii aanaa Gadab, magaalaa Asaasaa keessa jiraatu. Jarri lachuu amma Asaasuma haajiraatan malee kan dhalatanii guddatan iddo Waqeenxara jedhamutti. Waqeenxarri Asaasarra gara dhihaatti kiiloo meetira torba caalaa hinfagaatu.

Iddoon isaa urufa baargamoo asiifi achitti faca'ee alaalaa muka wayiituu hinqabu. Bubbeen urufa Asaasaa kan sulula namarraa mulqata. Yoo gara bahaatti deeman imimmaan firri tokko gaafa du'u nama dhangalaasisa. Kan ittuu hammaatu yeroo bonaa yoo awwaara kaase.

Asaasa qonna hammayyaatiif baay'ee mijayaa waan ta'eef konkolaattonni qonnaafi haamadhaa galgala galgala ibsaadhan lafa booratanifi haamaa haaman hurjii samiirraa harca'an fakkaatu. Dureeyyi jalatti ilaaluun mootummaa kan mindaa isatirraa qustatee abbaa lafaatirraa lafa kireefachuun yookin kontiraata fudhachuun qonna hinhawwine baay'ee muraasa. Garuu labsiin Dargin lafa baadiyyaarratti bara 1975 labse fedhii qonna hammayyaa kana garaa namootaa keessatti maseense. Labsichi lafa kan qonnaan bulootaa waan godheef dureeyyonni lafa kireefachuuf yeroof hin'onnane haala mootummaa dargiis amanuu hindandeenye.

Gara kaaniin hojjetoonni mootummaa yaada dureeyitirraa ilaalcha adda ta'e qabaachuulle baatan hojji lama hojjechuun hinheyyamamuuf ture. Warri shaqaxa daldalan uffata hodhuu hindandeessan jedhamanii maashina ittiin uffata hodhan dhaalamanii jiru.

Baalchaan ilma dureechaa waan ta'eef malee akka dhiirri hedduun gorori'uuf dorgommii keessa seenee haala salphaatti Ayyaantu kan argatu hinturre. Ayyaantu waa sadiif Baalchaaf akka hinmalle beekkama.

Tokkoffaa bareedina qaama ishiitiin dubartii dhaabbiitti dhiira fajajsitu. Keessattuu iiji ishii kan abaaboo baaqelaa reefu dhooh fakkaatu balaq gootee nama ilaallaan taa'iif ka'ii nama

wallaalchisti. Barumsa baratteen mindeefamtee yookiin hojii mataa ofii uummattee faayidaa guddaa argachuu baattullee barnootaan hanga kutaa kudha lamaatti dareelle ta'u lakkooftee jirti.

Lammaaffaa Baalchaan dhiira jechuuf kan onnatu nama arge qofa. Qaldhinni sagalee isaafi furdinni teessoo isaa obboleetti isaa Caaltuun adda kan isa baasuu miti. Kan caalummoo dhiitee bariitee caatiin waan afaanii isa hinbuuneef Ayyaantuu mooji malee inni fedhii isaa ajjeeffatee jira.

Sadaffaa Baalchaaf barumsi hintaaneef. Odoo sagal kufuu akkaafi akka maleetti kutaa saddeet gahe. Kanarratti collummaa wayiituu hinqabu. “Qabee lakkaawuun yoo akka isaa kana ta'uuf ta'e namatti haahafu” jedhu namoonni tokko tokko. Garuu namummaa isaatuakkana malee baruumsi nama qara malee nama hindoomsu, doomsees hinbeeku.

Garuu gama tokkoon yoo ilaallee qabeenyi waan hunda ta'uu mala. Kunis yoo abbichi beekee itti fayyadame. Itti fayyadamnaan qabeenyi beekumsa fiduu ni danda'a. Qabeenyi lugna yookin so daattuu goota jechisiisa. Qabeenyi bareedin kan fiduu danda'u waan ta'eef kunoo kan beekaan yookin goonni maqaa qabuu hinarganne Baalchaan Ayyaantuu Goobanaa argate.

Abbaan isaa Obboo Lammeessaan “anis dabaree koo mee qaleen nama nyaachisa; yoo Waaqni jedhemmoo akaakayyuun arga” jedheeti Baalchaan akka Ayyaantu fuudhu itti kadhate malee Baalchaan fedhii guddaa agarsiisetii miti. Namni ni yaada. Waaqnimmo galmaan gaha jedhanii akka fedhii Waaqaa ta'ee waggaa tokkoon dura kan Baalchaan Ayyaantu fuudhe. Hanga

ammaa Ayyaantuufi Baalchaan manuma tokko keessa walumaan jirraatu.

Qaamaan walfaana jiraachuun qalbiin walfaana jiraachuu waan hintaaneef qalbiin Ayyaantu Baalchaa bira guyyaan ooltee bulte hinjiru. Namni kan jiraatu midhaaniifi bishaaniin qofa miti malee odoo midhaaniifi bishaan qofaan kan jiraatan ta'ee qabeenyi obboo Lammeessaa kan ilma isaatiraa hafee biyya maraaf ta'u. Midhaan dhiisii bishaan laga Asaasatuu nama furdisa. Bishaan laga Asaasaa kan yoo keessa gadi ilaalan qulqulinni isaa cirracha tokko lama jedhanii nama lakkoofsi su dhuganii kan quufanii miti. Garuu maal godhu Ayyaantu akkuma namiituu bishaaniifi midhaan qofaan kan jiraattu hintaane.

Rakkoo ishii kanas namni afuura itti baafachuuf onnattee gonkuma hinjiru. Hiriya dubartii kan iccitii akkanaa kana itti himattu hinqabdu. Odoo qabaattewuu amantee itti hinhimattu. Naduuba deeb'aniiti jaalallee kiyya najala fudhatu jettee waan shakkituuf. Kanaafuu akka ulfa seexanaa ofuumaaf garaatti qabattee urursiti.

Beeketoo kan jirenya ishii jeeqe ta'uus baatu rakkoo ishiin qofti beektu kana kan ittuu hammeessee muka mixii ishii qabachiisu Dhaabaa Roobaleeti. Akka akkanatti ishii jeeqe odoo beekee jirenya ishii ittuu hammeessamoo garaa laafeetiif garaa ishii aannan obaasa laata? Kanaaf Dhaabaa malee namuu deebii kennuu hindanda'u. Namni biraaa deebii kennuu kan danda'u tarii yoo yeroon heeyyame qofa.

Guyyaan guyyaaa qaammeeti ture kan Dhaabaan akka sardiida hoolota addaan bittinsee dubara qaammee darbaaf yaate addaan bittinsee badhee keessa ari'ee humnaan qabee roggee laga

Waqeenxaraattee boochee hiriyoota ishii wajjin darbaa qaammeellee itti fufuu dhiiftee manatti deebite. Silaa odoo akka fedhii ishiitii abbaan ishii oggasuma Dhaabaa qabee funyaan funyaan keessa bunyaan dhawuun funuunsa yookin shimalaan qabee isa qoraasa. Odoo ta'eeylee ijoolummaa isaatiif malee hammeenya mitii? Garuu Obboo Godanaan kolfanii "eecha abbaa isaa! Nangodhaafii ittuma dhiisi" jechuun ishuma sossobuu malee aadaa ta'u isaa waan beekaniifuu humaa hingoonee.

Haadha Ayyaantuullee dhungatamuun intala ishii kun baay'ee itti tole malee hingaddisiisne. Siriidhaa itti kolfiteeti "dhungoo kee kana anuu ittan jira jettee qabdee hindhungattuu? Inni sijaalateet ati hoo isa hinjalttuu?" jechuun siriidhaa qaanechanii boochisan. "Maaltu siboochisa kun aadaa qaammeeti. Gaafa qaammee shamarraniifi dargaggoonni walhungachuun waanuma jiruu sitti baatuu maaltu baye?" jechuun itti'ori'an.

Ayyaantu hammuma qaamaanis ta'ee sammuun guddachaa deemtu aariifi booyichi gaafa qaamme gammachuufi jaalalatti jijiiramaa dhufee hardha siriidhaa taa'ifi ka'ii ishii dhoowwe.

Maal godhan aadaa waan ta'eef dubartiin fedhii ishii afaanii baafattee himachuu hindandeechu. Odoo warra hammayyoomne jedhanillee ta'ee haalli ittiin of dhaadhessan silaa baay'inni isaa daangaa hinqabu. Garuu dubartoonni baadiyyaa kan akka Ayyaantu yoo jaalalli sardee qabuun itti hammaatee ijumaa nyaatan malee hammayyumma yoo jedhameyyuu hammayyooma akkasii kan ittiin of dhaadhessan bira hingenuitya.

Garuu Ayyaantu dubpii haati ishii gaafa qaammee jette yoo yaadattu "maal qabaakkuma aayyoon jette dubartiin jaalalli ishii qabe fedhii ofi yoo ibsatte yookin dandeenyaa humnaanuu odoo

qabattee?” Tarii rakkoo qabaa laata? Deebistee gaaffii kanaaf ofumaa deebii kenniti. Rakkoo wayiituu hinqabu. Akkam yoo hammaate intalli abaluuakkana goote jechuun turban tokko caalaa hinodeessan. Oduun ala wanti dhalatu gonkumaa hinjiru. Gama warra dhiiratiin yoo fedhiin dhabamellee dhawaatuma itti’uumuu nidanda’ama. Wanti guddaan haala qalbii dhiiraa ittiin fudhatan beekuudha” jetti.

Dhaabaan umriin nama wagga digdamii torbaa yoo ta’u Ayyaantu wagga afurii oli hincaalu. “Gara dhayetti nama jallisa” akka jedhan san ta’eeti malee Dhaabaanillee nama kana hunda jaalala nama qabsiisu jechuun nama dhiba. Garuu Dhaabaafi Baalchaan kan walitti dhufanii miti. Fardaafi lafa. Akkam yoo xiqlaate Dhaabaan nama barateefi hojjetaa mootummaati. Gara Ayyaantu kana waan hanqateef mooji malee dubara adamsuuratti nama tuffatamuu miti.

Haata’u malee namuu irratti baruu baatullee Ayyaantu Dhaabaa agarraan dallumaarraaan bu’utu ishii hafa. Odoo fedhii isaa argatteemmo waan ishiin taatu Waaqni haabeeku. Garuu waan feetellee gootu beekees haata’uu odoo hinbeekiin Dhaabaan fuula kennuufii hindahndeenye. Kan ta’es ta’u Ayyaantus garaa kutachuu hindandeenye. Haaguutufii baatu malee kiyyoo dhaabaa ittiin qabattus diriirsuu dhiiftee hinbeektu. Haadha warraa ta’uun achittuu wantichi iccitii ofumaa urursanmalee kan hiriyaan nama gargaartu waan hintaaneef ofumaa wajjin miixamti.

Yoo Ayyaantu achi geessu Dhaabaan hojii isaatiin liqimfamee naannoo isaatti wanta ta'aa jiru gonkuma quba hinqabu. Balbalich banaa waan tureef Ayyaantu ol seentee erga gadi cufteen booda sagalee baay'ee namatti mi'ooftuun "akkam oolte Dhaabii?" jetteen.

"Eenu kan 'Dhaabii' naan jedhu" jedhee yoo oljedhee ilaalu fuuldura isaa kan ejettu Ayyaantu. Dhiyeenyatti haasa'a qabaachullee baatan eenyummaa ishii tolcheet beeka. Jaalala yeroo ijoollummaa ishiif qabu hardhallee haala gaariin yaadata. Barcumarraa utaalee ka'eeti waan jedhu wallaalee "noori taa'i" jedheen.

Hindogoggorre wanti jedhamuu qabus kanuma Garuu yeroodhuma gabaabduu kana keessatti "Ayyaantu dhimma maaliitiif waajjira kiyya dhufti?" jedhee gaaffiin of cinqee jira. Deebisee "ammaan dhagahaa ishiinuu himatti maaltu nacinqe" jedhee ishumarraa dhagahuuf obsaan eege.

Ayyaantu garaatti "hintaa'inuu odoo jettee taa'uun kiyya hin'oolu" jettee yaaddeeti, "tole" jechuun barcuma keessummaa harkifattee teeche.

Ishiin yeroo dheeraaf callisnaan Dhaabaan dhimma qabaatteti anuma bira dhufte jedhee yaaduu waan dadhabeef "maal hardha naguma waajjira keenya dhuftee?" jedheen odoo nagaallee faaran hingaafatiin wanta ishiin barbaacha dhufte beekuuf baay'ee muddamee.

"Gaafa kamin waajjira keetii hafee beeka?"

"Maal jechuu keeti? Naaf hingalle."

‘Kan cinaan hinbeekne cinaachaa cabsan hinbeeku’ akka jedhamu san yoo ta’e malee si nama barate dhiisii abbaa fedheedfuu hinuma gala baacooakkanaa dhiisi abboo”

“Raatuu amma cinaacha cabsanitti humtuu hingalleef akka naan hinjenne abdiin qaba. Garuu dhugaa dubbachuuf kan amma jette kun naaf hingalle.”

“cinaa cinaa deemuun yeroo balleessudha” jettee yaaduun “dur dubara keessaa nafilattee badhee keessa na’ariitee dhoqqeetti nadhidhiittee nadhungatta ture. Amma ijumallee siif guutuun dadhabee mitii?”

“Ahaa; --- Inni tapha ijolleeti kaa. Aadaa qaammeetii mitii?”

“Maarree amma qaammeetu oolemoo,natu sitti dulloomemoo, hii.... Hii... hidhiitu sirraa citemoo? Iii...iii...ma...maa...maaltu sirraa cite?”

Silaa wawuu akka irraa hincinne ragaa qabatamaan deeggaree itti muldhisaa. Garuu fuullee baastee akkanatti gaafachuun ishii kun fedhii isaa wanta miidheef “lakkii hidhiis ta’ee wanti biraan narraa cite hinjiru. Garuu amma wanti akkasii jiraachuu hindanda’u. Atis qaata jaalala ijoollummaa kan yeroo qaammee irraanfattee obboo Baalchaa filtee amma dubartii abbaa manaa qabdu. “Anillee amma haadha manaa kanan baay’ee jaaladhun qaba. Hunda caalaammoo bara bade kana keessa ati akkamitti wanta akkanaa yaadda?”Jedheen.

Yoo haala isaa kana hubattu, Balleessaa gara ishiititti deebisee dubbii anniisaa qabduun hamilee ishii waan tuqee akka moo’amte barte. Jibbuullee baattu aarii guddaan ittidhagahame. Garuu moo’atamuu xiiqii keessa waan ishii seensiseef maal yoo

goote akka isa moo'attu yaadde. "kan bara qaammee isa gahaa lammata nanmoo'atu" jettee yaadde.

Aarri yaada nama dhoowwa jedhama. Ayyaantu garuu hindhoowwarre. Ishumaa aariin gubachaa jirtuu yaanni tokko dhufef. Hojaaye kana dabarsuu hinbarbaanne. "Hireen akkanaa lammata argamuu dhiisuu danda'a"jettee yaaddeti oggasuu shaashii ishii mataarraa mulqattee gatte. Rifeensa mataa ishii oliifi gadi marqitee, uffata ishii qomarraa of biinxitee iyya ittiqurxite. "Narrraa qabaa najjeese, uu uu uu uu " jechuun iyya ittifufte.

Namoonni kaatanii yoo dhufan diriirtee lafarra ciiftee iyyiti. Dhaabaan lafaa kaasee ofirraa baasuudhaaf harkisee dadhabnaan waan godhu wallaalee mudhii qabatee dhaabbatee ilaala. Namoonni birmatanii dhufan"maal taate? Maali?" jedhanii yoo gaafatan Dhaabaan deebii kennuullee hindandeenye. Ishiin garuu "dhimmaaf waajira isaa dhufnaan dirqiin nagudeeduuf kunoo qabee uffata narratti biinx" jettee hirqitee booché.

Dhaabaan rifaatuun gogee waan tokko odo mudhii hindubbatiin fajajee hafe. Poolisooni akka hiree karaa deeman waca dhagahanii itti goran.Rakkoo dhalates dhageenyaan "niqoratamta" jechuun Dhaabaa qabanii gara buufata poolisii geessan. Achiiyis hamma ragaan qindaayee mana murtiitti dhiyaatutti mana hidhaa buusan.

Asaasa keessaa bayee hinfagaanne malee dhimmi Ayyaantuufi Dhaabaa kun oduu gurguddoo torbanii keessaa isa olaanaa ture. Namoonni tokko tokko siree hoteelaatu gatiin ittibaay' atemoo maal rakkate kan sireerraan gahachuu dadhabee waajira keessatti qabate

“kan nadinqe” jedha kan biraammoo, “durbummaa kiyya fudhata jetteetimoo, na’ulfeessa jehuufimoo maalan ta’a jetteeti kan waccee maqaa of balleessitu? Yoo kan durbummaadhaa siriidhaa kan namarraa fudhatu argamnaan galata guddaa argata malee ittinwacamu” jedhe.

“Kan maqaallee dhugaa keetii garuu kan nama iyyisiisu keessattuu yeroo kana durbummaa qofaa miti. Ulfaayunillee niitii dhirsa qabduuf keessattuu niitii Baalchatiif aannan bachootti dhangala’e” yoo kana namoonni ijaan walilaalanii walitti sesseeqaqn.

“Maqaa maaliitu badaa maqaa maqaa jettuu? Maqaan yoo durumaanuu jiraatee mitii Kan badu?” jedha kan biraammoo itti dabalee.

Warri ijoollummaarraa qabanii walbeekanimmo ‘Ayyaantuufi gurbaan kun alaarjikuma walitti ta’an malee yoo ijoollummaa mi’asaa waan hinbeekneef ta’a kan wadaajii dhungatamuu ishiitiif wareertee qabaan dadhabe. Ammammo haati manaa niitii guddoon hamma fedahellee waaajira keessatti qabatamuun ishii aarsullee akkanatti waccee maqaa of balleessitee jiruu isaas booressuun kun maal jedhama?”

“oduu turban tokkoo bira hindabarreemoo jireenyi isaa maal ta’a?” jedhammo kan bira.

“Akkas hinjedhin abboo. Naamusa waajjiraa akkanatti balleessee mootummaan isa dhiisaa? Haadha manaasaa wajjin hoo balaa guddaa keessa hinbu’uu?

Hojii akkanaa hojjete jedhamee si’achi isa wajjin jiraattii? Ishiinuu oodo obsitee nadheenuu quba itti qabdee karaa ishii dabarsitii?” jedhe keessa beektichi.

"Niitii isaallee hinuma sossobataa ani kanan sodaadhuf obboo Baalchaadha" yoo jedhu namoonni farsoo dhugan hundi alaa manaa kolfa ittifuudhan.

Dhaabaan mana hidhaa keessa ciisee wanta waggaa kudha sadiin duraa yoo yaadatu "deeguma aadaa ijoollummaa yookin dargaggummaa ta'eefillee edaa akkanumattan fedhii ishii malee dhoqqeetti ishii dhidhiitee? Fedhiin bitaa mirgaa walsimee yoo jiraate malee fedhii gamtokkee dhugoomsuuf irreen deemuun faaydaa hinqabu? Yaa gowwummaa; yaa wallaala; Edaa gammaduuf gammachiisutu dursa," jedhe Dhaabaa Roobalee.

Mirkaneeffannaa

Qabiyyeewan boqonnaa lammaffaa keessatti dhihaatan hangam akka hubatte ilaaluuf qabxiilee mirkaneeffannaa armaan gaditti dhihaatan jiddugaleessa godhachuun haala gaariin hubatteetta yoo ta'e "Eeyyee" hinhubanne yoo ta'e immoo "Lakki" kan jechu jalatti mallatoo "√" dhaan agarsiisi.Qabxiileen hinhubanne yoo jiraatan keessa deebi'ii sirriitti dubbisi.

T.Lak.	Qabxiilee Mirkaneeffannaa	Eeyyee	Lakki
1	Asoosamni gosa barreffama biraarraa maaliin adda akka ta'u ibsitaa?		
2	Asoosama barreessuuf qabxiilee irratti xiyyeefachuu qabdu ibsuu dandeessaa?		
3	Asoosama barreessuu keessatti walitti dhufeeny namfakkiifi waldiddaa agrsiisataa?		
4	Assosa barreessuu keessatti haala jaargochi itti uumamuu danda'u fakkeenyaan agrsiisuu dandeessaa?		

5	Asoosa tokko dubbistee gosoota namfakkii garagaraa addaan baastee amala isaanii waliin ibsitaa?		
6	Asoosama tokko dubbistee adeemsa ittiin qophaa'e agarsiisuu dandeessaa?		

Cuunfaa

Boqonnaa lammaffaa keessatti matadureewwan xiyyeffannoo keenyaa
kan turan maalummaa asoosamaafi adeemsa ittiin barreffamudha.

Maalummaa isaa ilaachisee haalli beektonni ittiin ibsan gargar ta'us
yaadni walfakkaatu jiraachuu isaa ilaalleerra.Kanamalees,asoosamni
gosa barreffama kalaqaa birooraa qabxiileen ittiin adda bahu akka
qabus tuqneerra.

Adeemsa ittiin barreeffamu ilaachisee yaadni handhuuraa caacculee asoosamaa haalaan walsimsiisanii hojjechuun murteessaa akka ta'e fakkeenyota add addaa fudhannee ilaalleerra.

BOQONNAA SADII

DIRAAMAA BARREESSUU

Barattu/ta, boqonnaa kana jalatti waa`ee maalummaa diraamaa, ka`umsa barreeffama diraamaafif ta`an akkasumas, waa`ee caacculee diraamaa ni barata. Qabxiileen kunneenis, waa`ee maalummaa diraamaa akka hubattufi waa`ee cacculee isaa addaan baastee akka beektu si gargaaru. Kana malees, hubannaafi beekumsa argatteen, do`ii barreessuuf kakka`umsaafi dandeettii barreessuu horachuuf

akkasumas, gabbiisuuf si gargaara. Kanaaf, hojiilee shaakalaa dubbisa duraafi booda siif dhiyaatan hojjechuu; ibsa siif dhiyaate haalaan dubbisuun hamma dhumaatti hordofuun fayyadamaa ta`i. Barnooticha haalaan yoo hordofte, kayyoolee armaan gadii galmaan geessa.

3.1. Maalummaa Barreeffama Diraamaa

Shaakala 1

Muuxannoofi hubannoo kanaan dura qabdurratti hundaa'uun gaaffilee asiin gadii yaali

Kaayyoowwan Boqonnaa kanaa

Boqonnaa kana barattee yoo xumurtu:

- ▣ **Maalummaa do`ii ni ibsita.**
- ▣ **Yaada do`ii akkaamiin argachuu akka danda`amu ni ibsita.**
- ▣ **Yoomessi karaaleefi haala kamiin akka addeeffamu addaan baasita.**
- ▣ **Waliin dubbiin gaariinakkamiina akka barreeffamu niibsita; ni barreessitas.**
- ▣ **Jaargochi gaariinakkamiin akka ijaaramu addaan baasita.**
- ▣ **Namfakkii fudhatamummaa qabuakkamiin bocuu/tolchuu akka danda`amu addaan baasta; akkasumas ni bocxa.**

1. Kanaan dura waa`ee do`ii dhageessee yokiin dubbistee beektaa? Yoo dubbiste yokiin dhageessee beekta ta'e do`ii jechuun maal jechuudha? Yaada kee bakka armaan gadiirratti kenni.
-
-
-
-
-

2. Kanaan dura do`ii waltajji yookiin TV irra agartee beektaa? Yoo agarte jirenya /muxannoo/ dhuunfaakee yookiin namoota beektu waliin walfakkaataa? Haala akkamiin walfakkaata? Maqaa do`ichaafi walfakkeenya isaanii gabaabsi ibsi.
-
-
-
-
-
-
-
-
-

Do`iin calaqgee jiruufi jirenya ilmaan namaati. Barreessaan do`ii tokkoo kan barreessuu miira, hubannoo fi ilaalcha adunyaa kanaaf qabu ibsuufi. Do`iin kan barreffamu qofa osoo hin ta`iin waltajjiitti kan dhiyaatu dha. Namoonnis do`ii tokko kan ilaalan waa`ee ofii isaanii fi waa`ee namootaa dhugaa tokko waan hubaachiisuufi. Kanaaf do`iin quosaa yookiin kan nama bashannaansiisu qofa osoo hin ta`iin dhugaa jirenya ilmaan namootaa kan mul`isufi hiika jirenyaati.

Do`iin waan daawwatamu dha. Kan doowwatamuus, haala, yeroofi bakka murtaa`e kessatti. Barreessaan seenichi kan itti raawwatamu haala,

yroo fi bakka barreffamaan ni dhiyeessa. Qopheessaan ogeeyyoota kaan waliin ta`un yoomeessa barreffamaan jiru, suura duubaatiin fi meeshaalee adda addaa gargaaramuu fakkeessee waltajiitti dhiyeessa.

Beektonni hedduun akka irratti waliigalanis, “hojiin do`ii ka’umsi isaa jechoota barreffamaan jiranifi barreessaan barreesse dha” jedhu. Yaaanni kun kan ibsu yeroo baay’ee do`in ogummaa akka walitajiitti dhiyaatu qofaatti ilaalam. Karaa biraatiin hojiifi gaheen barreessaa ni dagatama. Garuu do`in lubbuu godhachuufi dhaabachuu kan jalqabu barreffama do`ii (Play Writing) barreessichi barreesseeni. Karaa biraatiin, yaadni barreessaa keessa jiru kallattii adda addaatiin qindaa’ee; barreffamaan dhiyaatee; namfakkileefi gochaalee yaadsammuu barreessaatiin uumaman sunneen erga waraqaa irratti qubatan booda; adeemsa keessa namoonni ogummaa hedduu qaban erga keessatti hirmaatan booda, taatotaatiin gara waltajiitti dhyaata.

Walumagalatti do`in waa`ee jiruufi jirenya ilmaan namaa kan dhiyeessu ta`ee, dura yaadsammuu barreessatiin kalaqamee waraqaa irraa erga qubate booda, namoota ogeyyii hedduu keessattii hirmaatanii gara waltajiitti kan dhiyaatu dha. Kanaaf bu`urri do`in barreffama barreessaan qopheessudha. Kana malees, do`in gara waltajiitti dhiyaatu ta`ee, oggeyyii hedduun keessatti kan hirmaatani dha.

Barreffamni do`ii (Play Writing) damee qo`annoo do`ii keessaa tokko yommuu ta`u, innis akkaataa do`in tokko itti barreffamu kan ibsuu fi kan barsiisu dha. Karaa biraatiin, barrefamni do`in (Play Writing) damee barnootaa; waa`ee yaadrimeen, caacculee, caasaa fi qindaa`ina do`ii kan qo`atu dha. Kanaaf, xiyyeffannoob boqonna kanaa do`in akkamiitti barreffamu akka danda`u kan ibsuu dha.

3.1.1. Yaada Diraamaa Eessaa Argachuutu danda`maa?

Barattu/ta kutaa kana keessatti yaada do`ii eessa argachuu akka danda`amu fi qabxiilee ka`umsa ta`aan ni dhiyaatu. Qabxiileen kunneenis muuxannoo barreessitootaa hedduu akka ta`e ni amanama.

Mata-duree kana barattee yemmuu xummurtu

- Barreeffama do`iif yaada ka`umsa eessa argachuu akka dandeessu addaan baasta.
- Muxannoo si gargaaru fudhachuu dandeessa.

Shaakala 2

Barattu/ta; barreessaan tokko do`ii barreessuuf yaada ka`umsa eessa argata jettee yaadda? Mee karaalee argachuu danda`a jettee yaaddu sadibsi.

A. _____

B. _____

C. _____

Yaaltee barattu/ta? Gaariidha! Amma ammo ibsa armaan gadii dubbisiitii hubannookee gabbisi.

Namoonni hedduu fedhii barreessuu qabaatanillee garuu gaaffii “waa`ee maaliin barreessa?” fi “akkamiinin eegala” jedhu kaasu. Kanaaf barattu/ta gaaffilee eramaniin of dhiphista yoo ta`e, Yaada do`ii argachuuf ka`umsa kan ta`an qabxiileen muraasa akka armaan gadii siif dhiyaataniiru. Itti fayyadamuun dhimma itti bahuu dandeessa.

A. Muuxannoo fi muudannoo ofii

Barreessaan tokkoo muuxannoo fi muudannoo ofiirraa ka`uun do`ii tokko barreessuu danda`a. Karaa biraatiin barreessaan akkuma namoota biroo muudannoo gaddisiisaas ta`e gammachiisaa ni qabaata. Fakkeenyaaaf, barreessaan tokko baadiyyaadhaa waan qabu hundumaa gurguree hojii barbaachaaf garaa finfinneetti yemmuu deemu buufata konkoolaataatti kashlabboonni Finfinnee waan qabu hundumaa saamaanii baduu danda`a. Barreessaan mudannoo ofii isaa kana akka yaada ka`umsatti fudhachuun do`ii hawwataa tokko barreessuu danda`a.

B. Naannoo irra

Guyyaatti namni tokko waan nama gaddisiisuufi nama gammachiisu hedduu argaa oola. Barreessaniis bakka bashananaatti, karaatti, bakka hojiitti, bakka gabaa fi k.k.fnitti waan hedduu arga. Waan arge keessaa kaaniif gaddaa, kaanitti gaddaa, kaanitti ammoo gammadaa oola. Fakkeenyaaaf, barreessaan tokko karaarra osoo deemaa jiruu macha`aan gitintiraa deemu tokko konkolaataan rukutee heddu miidhe haa jennu . Barreessaan ta`iinsa kana arge Yaada garaagaraa sammusaa keessattii daddeebisuu danda`a. Fakkeenyaaaf, maaliif dhuge?, Maatii qabaa?, maatii yoo qabaateefi maatiin isaa ammoo madda galii kan bira hinqaban taanaan namchi kun yoo du`e maal

ta`u ? fi k.k.fn yaaduun dandeettii kalaqa isaa fayyadamee waan arge kanarrraa ka`un barreessuu danda`a.

C. Amantaa yookiin ejjannoo qabu

Barreessaan akkuma namootaa kaanii ejjannoo, amantaa fi falaasama mataasaa qabaata. Kana immoo dandeettii kalaqa isaa fayyadamuuun namoota kaaniif do`iin agarsiisuu danda`a.

D. Amantaa, ilaalcha fi aadaa hawaasaa

Hawaasa tokko keessatti aadaa waangaarii fi jejjeebeeffamuu qabu akkuma jiru, barmaatileen badaa, miidhaa adda addaa namarra geessisaan ni jiru. Barreessaan barmaatilee hawaasichaa keessatti mu`lataniifi miidhaa geessisan kunneenirraa ka`un do`iidhaan balaa isaan geessisan agarsiisuu ni danda`a. Fakkeenyaaaf, butii, kittaanuu, fedhiifi umurii malee heerumsiisuufi kan kan fakkaatan kallattiidhaan nama dhuunfaa; karaa kallattii hintaaneen ammoo hawaasichuma san ni miidhu. Barreessaanis gochaalee isaan kana balaaleeffachuu, qeequuf, barsiisuuf, hubachiisuuf, dandeettii kalaqa isaa fayyadamuu danda`a.

E. Muxannoo namootaa

Bifti namootaa adda adda akkuma ta`e muudannoon namootas adda adda dha. Namoonni tokko tokko muudannoo isaanii yemmuu dubbatan baay`ee nama ajaa`ibsiisa. Kanaaf, barreessaan muudannoo namootaa kana arguun yookiin gaafachuun akka ka`umsaatti gargaaramuu danda`a.

F. Seenaa adda addaa

Akka namoota dhunfaas ta`e akka biyyaatti seenaawwan hedduu akka jiran beekamaadha. Fakkeenyaaaf, seenaawwan namoota bebbeekamoo, seenaa saba yookiin hawaasa tokkoo, akkasumas

seenaa biyya tokko barreessaan akka ka`umsaatti fudhachuu danda`a.

G. Muuxannoo barreessitootaa

Barreessaan tokko barreessitooni biroo yaada ka`umsaa eessaa akka argatan, yoom fi eessatti akka barreessan yaada isaanii akkamitti akka qindeessaniifik.k.fn gaafachuun muuxannoo qooddachuun ni danda`ama.

H. Barreeffamoota adda addaa dubbisuun

Barreeffamoota kanneen akka seenaa durii, kitaaba amantaa, seenaa dhuunfaa, qoosaa adda addaafi k.k.f dubbisuun yaada ka`umsa argachuun ni danda`ama.

Shaakala 3

Gaffilee Armaan gadiitiif deebii Gabaabaa Kenni

1. Yaada do`ii eessafaa argachuu akka dandeessu yoo xinnaate lama eeruun ibsi.

A. _____

B. _____

2. Qabxiilee armaan olii bu`uura godhachuun, karaa biraan yaada do`ii argatamuu danda`a jettee yaaddu maqaa dhahuun gabaabsii ibsi.

3.2. Caacculee Barreeffama Diraamaa

Barattu/ta kutaa armaan olii keessatti barreessaan do`ii barreessuuf akka ka`umsaatti qabxiilee gargaaran hubattee jirta. Mata-duree kana keessatti immoo waa`ee caacculee do`ii ni baratta.Waa`ee cacculee kana barachuun ammoo yaada karaalee armaan oliitiin argame kana haala kamiitiin qindeeffamee dhiyaachuu akka danda`u hubachuuf kan gargaaru dha.

Mata-duree kana yoo xumurte:

- Yoomessi karaaleefi haala kamiin akka addeeffamu addaan baasita.
 - Waliin dubbiin gaariin akkamiin akka barreeffamu ni ibsita; barreessitas.
 - Jaargochi gaariin akkamiin akka ijaaramu addaan baasita.
 - Namfakkii fudhatamummaa qabu akkamiin bocuu/tolchuu akka danda`amu addaan baasta ni boccas.

Kanaaf qalbii guutuun duukaa bu`i.

Shaakala 3

1. Caacculee barreef famaa jechuun maal jechuudha?

Digitized by srujanika@gmail.com

2. Caaculee barreeffamaa do`ii kan jedhaman maalfaati? Hamma beektu tarreessi.

- A. _____
- B. _____
- C. _____
- D. _____
- E. _____

Yaalte mitii? Misha. Ibsa armaan gadii ammoo diibiikee waliin walbiraa qabiitii ilaali.

Caacculee barreeffama do`ii jechuun qaamota do`ii tokko ijaaran jechuu dha. Caacculeen kunneen walitti qinda'anii do`ii tokko uumu. Akka beektonni jedhanitti barreeffamni do`iin caacculee shan qaaba. Isaanis: yoomessa (setting), waliin dubbii(dialogue), jargocha (plot), yaadijoo fi namfakkii dha. Armaan gaditti isaan kana tokko tokkoon gaggabaabsine ilaalla.

3.2.1. Yoomessa (Setting)

Yoomessi bakka, yeroofi jiruufi jirenya dhugaa hawaasummaa seenaan raawwatame kan agarsiisu dha. Yoomeessa jechuun do`ii keessatti bakka, yeroofi dhugaa hawaasummaa tokko kan ibsu jechuu dha. Do`ii tokko keessatti haala galumsa yoomessaa bifaa qabatamaa ta'eetiin barreessuufi hubachuuaf haala galumsa yoomesichaa xiinxaluun barbaachisaa ta'a. Haala galumsa yoomessaa kallattii sadiitiin ibsamuu ni danda'a. Isaanis: haala galumsa seenawaa, haala galumsa teessumsa lafaa fi haala galumsa ta'insa uumamaa.

A. Haala Galumsa Seenawaa – haalli dhiyeenyi akkasii kun raawwilee aadaa, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa hawaasa tokkoo kan agarsiisudha. Kanaaf, xiyyeffannaan isaa yeroofi bakka do’ichaa irraa haala qabatamaa jiruufi jirenya hawaasa tokkoo gadfageenyaan ibsuudha.

B. Haala Dhiyeenya Teessuma Lafaa – haalli dhiyeenya kallattii kanaatiin ibsamu kun xiyyeffannoon isaa haala hawaasummaafi yeroo osoo hin ta’in, gochi yookiin ta’insi do’ichaa eessatti akka raawwatame gadfageenyaan ibsuudha. Kanaaf, gaaffii “Eessa?” jedhuuf deebii kan laatudha.

C. Haala Dhiyeenya Ta’insa Uumamaa – haalli dhiyeenya ta’insa uumamaa kun sochii uumamaa waliin kan walqabatedha. Kana jechuunis, dhiyuu, bari’uu, ganna, bonaafii kkf waliin kan walqabatedha. Kanaaf, barreessaan yoomessicha kanneen kana waliin walqabsiisee ibsuu ni danda’a. Walumaagalatti, barreessaan haala dhiyeenya yoomessaa kunneen haalaafi bifaa barbaachisaa ta’eetiin fayyadamuun kaayyoo barbaade galmaan ga’uu danda’a.

Barataa/tuu yaadota armaan olii hubachuudhaaf fakkeenya armaan gadii ilaali.

Bara 1965 yeroonsaa ganna. Magaalaa Finfinnee keessatti. Yeroo qorraa, bokkaa, bakakkaa, balaqqeessaafi dhoqee. Kanneen konkolaataa gaggaarii qaban kaabboortaa suufii uffatanii ho’aa motoraa gadlakkisuun ho’aa mi’awaa yeroo itti dhamdhamatan; kanneen konkolaataa hinqabne immoo miillaan adeemaa bokkaa gadroobuufi lolaa konkolaataan itti facaasu kan ittiin cuubamanidha. Do’ichi kan eegal u hooteela xiqqoo keessatti. Hoteelicha keessatti yeroodhaaf sagaleen hindhaga’amu. Namni dhugaatii dhugus hinmul’atu. Hojjeettoota hoteelaa qofatu asiifi achi jechaa keessummoota galgalaa

eeggachaa jiru. Darbanii darbanii ulaa balbalaatiin gara bakkeetti ilaalu. Bokkaan yandoon yommuu bu'uu ni dhaga'ama. (Fantahuun Engida: 95)

Yoomessa armaan olitti dhiyaate keessatti yeroofi bakka akkasumas haalli hawaasummaan ibsamee jira. Karaa bakkaatiin yommuu ilaallu Finfinnee, karaa murtaa'aatiin yommuu ilaallu hoteela xiqqoo keessatti, karaa yrootiin yommuu ilaalllu immoo bara 1965 ganna garagagalaa akkasumas gama hawaasummaatiin yommuu ilaallu garaagarummaa sadarkaa jirenyaa ni mul'ata. Innis Finfinneen namoota sadarkaa jirenya adda addaa qaban kan keessa jiratan ta`usaa ni ibsa. Fakkeenyaaaf, konkolaataa gatiiguddaatiin bitame qabaniifi kanneen bakkaafi dhoqfee keessatti miillan deeman yomesichaa keessatti hammatamanii jiru. Haata`u malee, irra caalaa haala dhiheenyaa ta`insa uumamaatu bal`inaan ibameera.

3.2.1.1 Yoomessa Waliigalaafi Murtaa'aa

Yoomeessa waliigalaa jechuun yeroofi bakka waliigalaa (bal`aa) do`iin tokko kan of keessatti qabatu yemmuu ta`u, yommeessa murtaa`aa yemmuu jennu ammoo yeroofi bakka gocha murtaa`aa do`ichi kan itti raawwatu dha. Fknf, seenaan do`iin tokko kan raawwatame, bara 1985dha haajennu, bakkichi ammo magaala Jimma dha. Seenichi gochaalee baqonnaadhaan qoqqoodaman adda addaa lama ofkeessa haaqabaatu, gochaaleen qoqqoodaman kunneen yeroo arfaasaafi gannaa Hoteela Seentaralaa fi Hooteela Gibee yoo rawwataman, yeroon waliigalaa do`ichaa bara 1985 yemmuu ta`u, murtaa`an ammoo Arfaasafi Ganna ta`a. Akkasumas bakki waliigalaan Jimma yemmuu ta`u murtaa`an ammoo Hoteela seentaraalaafi Hoteela Gibee ta`a jechuu dha.

As keessatti garuu hubatamuu kan qabu barreessaan tokko akka yoomessa murtaa`aatti fudhatee barreessaan kaan ammoo akka

yomeessa waliigalatti fudhachuu danda`a. Fakenyaaf, fakeenya armaaan olii keessatti yomeessa murta`aa Arfaasafi Ganna akka yomeessa murta`aa fudhatame kun, yomeessa waliigalaa ta`ee dhiyachuu danda`a. Fakenyaaf, Ganni yomeessa waliigalaa guyyaan (Wixata,kibxata....)yookii halkan guyyaa Fi kkf akka yomeessa murta`aatti dhiyaachuu danda`a. Kana kan murteessu bal`ina yomeessa seenichaati. Waluma galatti yomeessa waliigalaa jechuun seenichi kan itti rawwatame yomeessa bal`aa yemmuu ta`u, yomeessa murta`aa jechuun ammoo gochaalee qoqqoodamanii dhiyaatan fi seenicha ijaaran sunneen bakkaafi yeroo itti rawwatamanii dha. Yomeessi murtaa`aa yoomeessa waliigalaatiin kan hammatameedha. Haala kanaatiin, yoomessi waliigalaa akkuma bal`ina seenichaa jaarraa, wagga, waqtiilee,ji`ootafi kkf of keessatti hammachuu danda`a.Yoomessi murtaa`anis, akkuma bal`ina yoomessichaa ji`a guyyaa sa`aa fi kkf ofkeessaa qabachuu danda`a.

3.2.1.2. Yoomeessa addeessuu keessatti rakkoleen mul`atan

Akka beektonni jedhanitti dhimmoonni lamaan armaan gadii yoomeessa do`ii addeessuu keessatti rakkolee gurguddoo dha.Isaniis;

A.Yoomessa bal`isuufi baay`isuu- Do`in yeeroo fi bakka murtaa`aa keessatti waltajjitti kan dhiyaatu dha. Wanti barreefamaan dhiyaatus yeroo fi bakka murtaa`aa keessatti fakkeeffamanii waltajjiitti dhiyaatan ta`uu qabu.Wantoota barreeffamaan dhiyaatan hundumaa waltajjiitti dhiyeessuun rakkisaa ta`a. Fakenyaaf, kanneen akka dhihuu bari`uu, ganna, bona, tulluu, laga fi kkf waltajjiitti dhiyeessuun hindana`amu. Kanaaf, meeshaalee kanneen akka ibsaa, suura, sagaleefi kan kan fakkaataniitiin gargaaramuun fakkeessuun dirqama ta`a. Fakkeessanii dhiyeessuun kun ammoo baasii hedduu waan gaafatuuf yomeessa do`ichaa ni daangeessa.

Fakkeenyaaf, bareerrssaan do`ii tokko keessatti gochaalee adda addaaf yoomessa jijiiree fakkeenyaaf, saaloonii, hoteela, mana cisichaa, mana nyaata qopheeffatanfi biiroo yoo addeesse, meeshaaleen fayyadamuun yoomessa kanneen eeraman hunda fakkeessun dirqama ta`a. Kana gochuuf ammoo yeroofi maallaqa gaafata. Maallaqa qofa osoo hinta`in mana do`ii bal`aafi bifa adda addaatiin hojjetame ni barbaada. Kanaaf barreessaan yoomeessa yemmuu addeessu, jijiiruufi baay`isuurraa bakka muraasa gochaalee hedduuf yoo fayyadame waltajjiitti hikuuf (dhiyeessuuf) miijataa ta`a.

B. Yoomeessa dhiyaate sirritti addeessuu dhiisuu –

Yoomessa bay`isuu qofa osoo hinta`in yoomessa dhiyaate sanas ifa gochuu dhiisuunis do`ii keessatti rakkoo biraati. Akkuma duraan ibsametti do`in waltajjiitti hiikamee kan dhiyaatu dha. Waltajjiirratti yemmuu dhiyaatus waliin dubbii fi gochaalee tokko tokko kan itti rawwatan yeroofi bakka murta`aa qabaachuu qabu. Kanaaf, barreessaan waliin dubbiifi gochaalee tokko tokkodhaaf bakkaafi yeroo ifaan ta`ee qopheessuufi qaba. Gochi tokko eessaafi yoom akka rawwatamu haala ifa hintaaneen ka`ameera taanan waltajjitti hiikuuf qopheessafis haata`u dubbisaaaf rakkisaa ta`a. kanaaf, barreessaan waliin dubbii namfakkiileefi gochaalee isaaniif yeroof bakka ifa ta'e qopheessuufi qaba.

3.2.1.3 Karaalee yoomessi itti addeeffamu

Barreessaan tokko do`ii yemmuu barreessu akkuma seenaa dhiyeessuu barbaadeefi kaayyoo isaatti karaalee yoomessi addeeffamu armaan gadii keessa muraasa yookiin hundumaa itti fayyadamuun danda`a.

A. Yoomessa mana keessaa (Box setting)

- B. Yoomessa manaan alaa (Out door setting)
- C. Yoomessa duwwaa (Bare setting)fi
- D. Yoomessa addaa (special setting).

A. Yoomessa mana keessaa (Box setting) - guutummaa guutuutti yookiin gartokkoon seenaa do'ii sanaa mana keessatti kan raawwatamudha. Kana jechuunis gochi raawwatamu mana keessattidha jechuudha. Fakkeenyaaf, saalonii manaa keessa, mana ciisichaa, mana dhugaatii, hoteelaa fi gochaalee mana keessatti raawwatan kan biroo hundumaa kan hammatudha.

B. Yoomessa manaan alaa (Out door setting)- akkuma maqaan isaa ibsutti yoomessichi mana keessa osoo hinta'iin manaatiin alatti addeeffama. Karaa biraatin, wantoota mana keessaa yommuu bahan kanneen mul'atan kanneen akka samii, urjii, ji'a, tulluu, dirree, haroo, laga, bosonafi kkf hammachuu danda'a. Yoomessa manaan alaa waltajjiitti dhiyeessuun waan hin danda'amneef suuraa, ibsaa, sagaleefi kkftiin fakkeeffama.

C. Yoomessa Duwwaa (Bare setting) - yoomessi akkasii kun immoo yoomessa mana keessaafi suuraa garaagaraan hin deeggaramnedha. Yoomessi akkasii kun do'attootaaf kallattiidhaan dhiyaata osoo hin ta'iin waliin dubbiifi gocha namfakkiilleetiin ni ibsama.

D. Yoomessa Addaa (Special setting) - yoomessi akkasii kun barreeffama do'ii tokko tokko keessatti darbee darbee kan mul'atudha. Kunis, bakkaafi gochaalee imaltuu waliin walqabatee kan ibsamudha. Karaa biraatiin bakkaafi gochaalee imaltuu, doonii, konkolaataa, xiyyaarafi kkf keessaa kan ibsudha.

Shaakala 4

Gaaffilee armaan gadii akka gaafatamtetti deebisi.

1. Buna danfisanii olla waamanii waliin dhuguufi waliin haasa'uun aadaa biyya keenyaati. Atis maatiikee waliin buna danfistee olla waamtee waliin haasa'aa jirtaa haa jennu. Yoomessa kana yoomessa mana keessaa fayyadamuun addeessi.

2. Ati amma kan jirtu mana obboo Abba magaal Keessa haa jennu. Obbo Abba magaal jiraataa magaala Jimmaa kan ta`aniifi sooreessa beekamaadha. Yoomessa mana keessaa fayyadamuun saalonii mana obbo Magaal addeessi. (Manichi soofaa, biiffee, Televiziin iinchii 21fi firaashii lafatti hafame qaba haajennu)

3. Naannoo jiraattutti galgala gadba'iitii yoomessa manaan alaa fayyadamuun addeessi. Yommuu addeessitus urjii, ji'a, haala qilleensaafi wantoota naannookeetti mul'atan xiyyeffannoo keessa galchuun haa ta'u.

4. Garaagarummaa yoomessa waliigalaafi murtaa'aa addaan baasii ibsi.

3.2.2. Waliin dubbi

Barreessitoonni waliin dubbiin hojilee kalaqa keessatti namfakkiileefi waldiddaa ibsuuf, akkasumas jargocha ijaaruuf itti fayyadamu. Do`ii keessatti, jechaafi haasaa namfakkiileen haasa`an waliin dubbii jedhama. Waliin dubbiin namoota lamaafi sana ol haasa`aa jiddutti geggeeffamuu dha. Yeroo baay`ees barreessitoonni keessumaayyuu do`ii keessatti wal diddaa cimaa ibsuudhaaf itti fayyadamu. Waliin dubbii da`ii keessatti karaa sadittiin dhiyeessuu ni danda`ma. Isaaniis, walloon, holaloon, walaloofi holaloodhaan.

3.2.2.1 Do`ii keessatti waliin dubbii madaaluuf qabxiilee ijoo ta`an

- A. -Barbaachisummaafi
- B. -Jireenya dhugaa namfakii irraa madduu.

A. Iftoomina- Do`in yeroo baa`yee hojii waltajji irratti dhiyaatu dha. Kanaaf itti fayyadama afaanii guyyaa guyyaa fi iftoomina qabu barreessaan yoo itti fayyadame malee, waan taatonni jedhan do`atoonni hubachuu dhiisuu danda`u. Kana jechuun ammoo kaayyoo barbaadame galmaan gahuu hin dandeenye jechuu dha. Kama malees, barreessaan do`ii waliin dubbii yemmuu qopheessu, jechoota fi itti fayyadama afaanii guyyaa guyyaa barreeffamichaa keessatti mu`lisuu qaba. Sababnisaas do`in calaqqe jireenya ilmaan namootaa guyyaa guyyaa waan ta`eef. Jireenya ilmaan namootaa keessatti ammoo namni yeroo hundumaa jechoota filatamoofi dubbii dhoksaa (falaasama) dubbatu hin jiru.

B. Jireenya dhugaa namfakkii irraa maddu- Jireenya addunyaa kana keessatti hundumtuu akkaataa dubbii mataa isaa ni qaba. Namni kamiyyuu yemmuu dubbatu akkaataa dubbii mataasaatiin ni dubbata. Fakeenyaf, garaagarummaa akkataa loqoda, sagaleessuu, olka`uu fi gadi bu`uu sagalee, fi k.k.f dubbii namoota jidduu jiru dha. Namoonni afaan tokko dubbatan jidduuttillee garaagarummaa akkasiin

kun ni mul`ata. Akkasumas namoonni naannoo tokkofi waliin jiraatan, akkaataan dubbiin isaanii inni tokko kaanirra adda. Maddi garaagarummaa kunis; amantii, sadarkaa barnootaa; umurii, saala, ogummaa, amala namoota dhuunfaa fi k.k.fnii ta`uu danda`a.

Namfakkiileen hojii kalaqa keessatti argamanis, bakka bu`oota namoota kunneeniti. Kanaaf, garaagarummaan kun isaan jiddutti mul`achuu qaba. Isaan jiddutti garaagarummaa akkasii uumuun ammoo namfakkii tokko kaan irraa addaan baasuuf ni gargaara. Kanaaf, namfakkiileen yemmuu dubbatan, dubbiin isaanii, umurii, saala, naannoo, sadarkaa barnoota, ilaalcha fi falaasama isaanii waliin walsimachuu qaba. Yeroo kana dubbiin isaanii jirenya dhugaa eenyummaa isaanii irraa kan madde ta`a.

Barreessan waliin dubbii osoo hinqopheessin dura, namfakkiin sun eenyummaa akkamii qaba kan jedhu dursa ilaaluu yookiin xiinxaluu qaba. Yookiin ammoo namfakkii akkamii bocuu akka barbaadu dursee hubachuu qaba. Kana beekuuun waliin dubbii gaarii qopheessuuf bu`uura isa jalqabaati. Karaa biraatiin; dhaabbii, xiinsammuu, Jirenya hawaasummaa, falaasama, amantii, kaayyoo fi ejjanno namfakkii siritti xiinxaluun namfakkiin sun dubbii akkamii dubbachuu akka danda`u hubachuun waliin dubbii qopheessuu keessatti hojii isa bu`uuraati. Kanaafi barreessaan beekamaan tokko “barreessan waliin dubbii barreessuun dura namfakkii sana dhaggeeffachuu qaba” kan jedhe.

Karaa biraatiin loqoda naannoo namfakkiin sun itti argame waliin dubbii namfakkii sana wal simsiisuun /walfakteessun/ barbaachsaa ta`a. Sababnisas namoonni dhugaa addunyaa kanas, akkuma naannoo isaaniitti loqoda adda addaa waan qabaniif. Fakkeenyaaf, namnni naannoo Harargeetti dhalatee guddate; akka loqoda naannoo

wallaggaatti loqoduu /dubbachuu/ hin danda`u. Adda addummaan kun do`ii keessatti mul`achuun isaa caalaatti waliin dubbiin sun dhugummaa fi amanamuummaa akka qabaatu taasisa.

Walumaa galattiiakkuma garaagarummaa barnootaa, umurii, sadarkaa jireenyaa, naannoo, ilaalcha fi k.k.f niitiin garaagarummaan dubbii namfakiilee jiddutti jiraachuu qaba.

3.2.2.2. Waliin dubbiiakkamiin barreeffama?

Waliin dubbii barreessuuf jalqaba, namfakkiileen waa`ee waliin haasa`an sana addaan baafachuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaaf, namoonni kanaan dura wal hinbeekne osoo taaksii keessatti wal arganii wal baranii dubbiiakkamii haasa`uu danda`u? Tarii maqaa wal gaafachuu danda`u; bakka jiraatan bakka hojjatan, bilbila waljijiiruufi k.k.f wal gaafachuu danda`u. Qabiyyeen namfakkiileen irratti haasa`anis akkaataa ogummaafi naannoo isaaniitti adda addaa dha. Fakkeenyaaaf, qabiyyeen barsiisotni irratti haasa`an qoteebultoonni irratti haasa`uu dhiisuu danda`u. Akkasumas faallaa isaa qabiyyeen qoteebultoonni irratti haasa`an barsiisoonni irratti haasa`uu dhisuu danda`u.

Akkuma garaagarummaa qabiyyeen jirus garaagarummaan jechootaa ni jiraata. Kana jechuun fakeenyaaaf jechoonni barattoonni yunivarsiitii keessatti qofa itti fayyadaman ni jiru; akkasumas hojjettoota warshaafi ogummaa adda addaa keessatti hojjetan jechoota dhuunfaa isaanii ni qabu. Akkuma kaayyoo barreessichaafi garaagarummaa namfakkiilee jechoota kanaatiin fayyadamuun waliin dubbii gaarii qopheessuuf murteessaadha. Walumaagalatti namfakkiin tokko eessatti dubbiiakkamii dubbachuu akka danda`u barreessan dursee addaan baafachuu qaba.

Qabxiin lammaffaan, barreessaan waliin dubbii yemmuu qopheessu yeroo hundumaa afaan hawwataafi sirrii ta`e fayyadamuu akka qajeelfamaatti fudhachuu hin qabu .Kun dandeettii afaanii barreessichaa malee eenyummaa yookiin dubbii namfakkii ta`uu hin danda`u. Sababinsaas, namfakkiileen kan dubbatan akkuma eenyummaafi dandeettii isaaniitti. Namfakkiin tokko afaan hawwataafi sirrii ta`ee dubbachuu danda`a. Kaan ammoo akkuma dandeettii, beekumsaafi akkuma haala itti tolfameetti afaam caccabaafi walqabanna hinqabne dubbachuu danda`a. Kanaaf akkaataa dubbii isaanii kan murteessu haala isaan keessatti tolfamanii fi eenyummaa namfakkiiti.

Walumaagalatti afaan seerluga hineegne, hima guutuu hintaaane, afaan salphaa (afaan guyyaa guyyaadhaan hojiirraa oolu) cicciitaa, akkasumaas; afaan hawwataa jechoota filatamoofi caasaa afaanicaa kan eeggatefi k.k.f tanitti fayyadamuu danda`a. Kanaaf waliin dubbiin dandeettii afaan barreessaa kan itti mul`ifamu osoo hinta`iin eenyummaa namfakkii kan mul`isu ta`uu qaba.

Inni sadaffaan barreessaan waliin dubbii kaayyoo malee fayyadamuu hin qabu. Kana jechuunis namfakkii ibsuuf, yoomessa addeessuuf, jaargocha ijaaruuf, yookiin ammoo wildiddaa cimaa ta`e itti mulisuuf yoo gargaarame malee kaayyoo tokko malee yoo itti fayyadame doo`icha halluu dhabsiisa.

Qabxiin arfaffaan waliin dubbii yemmuu qophaa`u dubbiin namfakkii tokko namfakkii kaanirraa sirriitti addaan baafamee mul`ifamuu qaba. Yoo kana ta`uu baate nama doo`icha dubbisuus ta`e taatootaaf namfakkiin kam isa kami akka dubbatee addaan baasuurratti rakkisaa ta`a.

Shaakala 5

Seenaa armaan gadii siif dhiyaaterra ka`uun waliin dubbii gabaabaa qopheessi.

Aaddee Dammashii fi Obboo Kumalaan erga walfuudhanii waggaa kurnaffaa barana fixu. Ijoollee shan qabu. Aaddee Dammashiin hojii mataa isaanii waan hinqabneef harka abbaa manaa isaanii eegachaa jiraatu. Obbo Kumalaan garuu mindaan isaanii qaala`insa jirenyaa ammaa damdamachuu haadadhabu malee, waajira tokko keessatti miindefamanii hojjetu. Haata`u malee, mindaa argatan sanas irra caalaa kan balleessan dhugaatiitti. Kanaaf sa`aa 11:30 booda hojii dhaa yemmuu ba`an gara manaatti galuurra mana dhugaatiitti goruu filatu. Sababa kanaatiin Aadee Dammashiin ijoollee isaanii guddisuufi soorrachuu waan dadhabanif baay`ee ni aaru.

Dhimma kanarrattis yeroo baay`ee waliin haadubbatan malee wanti fooyya`e hin jiru. Ittuma caalaa deema malee. Har`a garuu obsa isaanii waan fixataniif abbaa manaa isaanii fala tokko akka isaaniif barbaadu taa`anii eegachaa jiru.

Obboo Kumalaan akkuma amala isaanii machaa`anii halkan keessa sa`aa 5:30 balbala rukutan. Aaddee Dammashii doombii taa`anii mugan irraa wareeranii ka`uun balbala bananiif. (abbaa manaafi haadha manaa kunneen haala kana keessatti waliin dubbii akkamii gaggeessuu danda`u ?)

3.2.3. Namfakki

Barattu/ta kutaa darbe keessatti maalummaa waliin dubbiifi waliin dubbiin akkaataa itti qopheeffamu baratteetta. Amma ammoo waa`ee maalummaa, gosootaafi akkaataa namfakkiin tolfamu ni baratta.

Shaakala 6

1. Namfakkii jechuun maal jechuu dha? Waan dhageesse yookiin waan dubbisteerraan hamma dandeesse bakka sii kennamerratti yaali.

2. Asoosama yookiin doo`ii dubbiste/agarte keessaa namfakkii /taatoo si hawwatte/te fi jaalattu akkasumas irraa baratte ni jiraa/tii? Maaliif sii hawwatte/te? Maalfaaj irraa barate?

Dansa! Ibsa armaan gadiimmoo hubannaagabbataaf dubbisi.

Namfakkii jechuun namoota, bineensota, afuuropa (hafuura hamaa, hafuura gaarii), beeyladoota, ergamootafi kkf hojii kalaqaa keessatti kan hirmaatanifi sammuu dubbisaan kan uumaman dha. Gama namfakkii namootaatiin yommuu ilaallu namfakkiin asoosama, doo'ii, fiilmii, walaloo walumaagalatti namoota kalaqaa keessatti argamaniinidha. Isaan kunis akkuma namoota dhugaa addunyaa kanaa garaagarummaa qabaatu. Fakkeenyaaf, amalaan doqna, arjaan, sodaataa, gowwaa, hubataa, abshaalaafi kkf bifaan /dhaabbiin fakkeenyaaf, dheeraa, gabaabaa, diimaa, gurraacha, magaala, jaarsa, jaartii, furdaa, qal'aafi kkf. Gama ogummaatiinis, akkuma namoota dhugaa addunyaa kanaa namfakkiilee ogummaa adda addaa qabaatan keessatti hirmaatau. Fakkeenyaaf, barsiisaa/tuu, qotee bulaa, daldaalaa, ogeessa fayyaa, barataafi kkf. Walumaagalatti,

namfakkiileen bakka bu'oota namoota dhugaa addunyaa kanaa waan ta'aniif; hojii, amalafi bifa namoota dhugaa addunyaa kanaa ni qabu.

3.2.3.1. Barreessaan Akkamitti Namfakkii Tolchaa?

Barreessaan tokko namfakkii kan tolchu hubannoofi muuxannoo jiruufi jireenyaa ofii irraa akkasumas dhaabbiifi amala namoota naannoo isaatti argamaniiifi beku irraa ka'uuni. Karaa biraatiin, barreessaan namfakkii tokko yommuu tolchu ka'umsi isaa muuxannoo jirenyaa ofii isaa, akkasumas amala gochaafi dhaabbii namoota naannoo isaatti argamanidha. Kana jechuun immoo waa'ee isaa yookiin waa'ee nama inni beekuu akkuma jirutti ni barreessa (copy) osoo hin ta'iin kalaqa yaada sammuu ofii itti dabalee bifa adda ta'eetiin dhiyeessa.

Haala kanaan barreessaan namfakkii yommuu bocu amalaafi muuxannoo namoota yeroofi bakka inni keessa jiru kan isa hawwateefi kan isa harkise keessaa filata. Filates namfakkii ofii isaa gonfachiissee nama mataa isaa uuma. Kanaafi namfakkiin bakka bu'oota namoota yoomessa sanaati kan jedhamuuf.

Barreessaan tokko namfakkii tokko yommuu tolchu, gaaffilee armaan gadii deebisuu qaba.Isaanis,

- Maqaansaa/ishee eenu?
- Umuriinsaa/ishee meeqa?
- Sabniisaa/ishee maali?
- Maal fakkaataa/ttii (dheerina, gabaabbina, bifaaifi kkf)?
- Uffannaan akkamii jaalataa/jaalatti?
- Hojiin isaaa/ishee maali?
- Nyaata isheen/inni jaalatu maalii?
- Wanti ishee/isa gammachiisu maali?
- Maatiin ishee/isaa maal fakkaatu?

- Wanti isheen/inni jibbu maali?
- Wanti ishee/isa gaddisisu maali?
- Wanti ishee/isa bohaarsu maali?
- Amantiin isaa/ishee maali?
- Hanqinni isaa/ishee maali?
- Naannoon keessa jiraatu/jiraattu maal fakkaata?
- Naannoo inni/isheen keessatti hojettu maal fakkaata?
- Hiriyaan ishee/isaa eenyu?
- Ciminni ishee/isaa maali?
- Heerumteetti/fuudheera?
- Ijoollee qabdii/qabaa?
- Bultiin ishee/isaa maal fakkaata?
- Ilaalchi aadaa hawaasaaf qabu/qabdu maal fakkaataa?
- Iccitiin isheen qabdu yookiin inni qabu maali?
- Hawwiin isaa/ishee maali?
- Kaayyoon isaa/ishee maali?
- Yeroo boqonnaa isaa/ishee eessatti dabarsa/dabarsiti?

Qabxiilee armaan olii ibsuun namfakkii tokko tolchuun ni danda'ama. Qabxiilee armaan olii ibsuuf gocha yookiin dubbiidhaan fayydamuun ni danda'ama. Namfakkii tokko ibsuudhaaf gochi irra caalaa akka filatamu beektonni hedduun ni himu. Namfakkii tokko jechaan ibsurra maal akka fakkaatu hojiidhaan ibsuun irra caalaa eenyummaa namfakkii sana mul'isuudha. Eenyummaan nama tokkoo isa dhugaa yeroo baay'ee dubbiidhaan osoo hin ta'iin hojiin mul'ata waan ta'eefi. Inni biraan, karaa ittiin namfakkiin ibsamu dubbiidhaani. Yeroo baay'ee ilaalcha, yaada, fedhii fi hawwii namfakkii tokko ibsuuf waliin dubbiin sirriitti hojii irra oola. Kanaaf, barreessan waliin dubbii yommuu qopheessu waliindubbiin sun namfakkii bocame sana irraa madduu qaba. Walumaagalatti, qabxiilee armaan olitti tarreeffamaniin

fakkiileen yemmuu ibsaman sadarkaalee sadiitti ibsaman /bocaman jechuu dha. (Frank 1970):

3.2.3.2. Sadarkaaleen namfakkiiin itti tolfaman

- Sadarkaa dhaabbiitiin (bifaan) (Physical level of characterization)
- Sadarkaa xiinsammuu (Psychological level of characterization)
- Sadarkaa hawaasummaa (Social level of characterization)

A. Sadarkaa dhaabbii

Sadarkaa kanaatiin uffannaa, saala, bifaa (diimaa, gurraachaa, funyaan qajeelaa, godeettii, godeessa), dhaabbii (furdaa/furdoo, dheeraa, gabaabaa, qal'aa) jechuudhaan dhaabbiin namfakkii sun maal akka fakkaatu ibsama.

B. Sadarkaa Xiinsammuu

Sadarkaan ibsa namfakkii kun kan inni irratti xiyyeffatu irra caalaa wantoota qabatamaa hintaane irratti. Kana jechuunis, dhimmoota fedhii, miiraafi yaada keessoo irraatti bu'uureffachuun namfakkii ibsuu yookiin tolchuudha. Kanaaf, xiyyeffannoon isaa hawwii, fedhii, jibuu, jaalachuu, ejjennoofi amantaa dhuunfaa walumaagalatti yaadotaafi mirota sammuu namfakkii keessatti naanna'an garuu gochaafi dubbiidhaan gadba'anii mul'atan bocuudhaan yookiin addeessuundhaan keessi namfakkii maal akka fakkaatu ibsuuf kan gargaarudha. Sadarkaan kun sadarkaalee dhaabbiifi hawaasummaa caalaa hawwataa akka ta'e barreessitoonni hedduun ni nldubbatu.

C. Sadarkaa Hawaasummaa

Namfakkii sadarkaa hawaasummaatiin ibsuuf, hariiroo hawaasa keessatti qabu ilaaluun barbaachisaadha. Haala kanaatiin qabxiileen as keessatti hammataman, fakkeenyaaaf barateera immoo hin barannee; yoobarate maal akka barateefi sadarkaa inni barate; heerumteettimoo

hin heerumne?, yookiin fuudheera immoo hin fuune; yoo heerumte/yoo fuudhe bultii isaa/bultii ishee maal fakkaataa? Hin heerumne yookiin hin fuune taanaan jirenya qophummaa haala akkamiin gageessaa jira/jirti. Hirmaanna dhaabbilee hawaasummaa keessatti qabu yookiin qabdu waliin kan walqabate, fakkeenyaaaf gama dhaabbilee amantiitiin walqabate maal akka fakkaatu, musliima, kiristaanaafi kkf kan ittiin ibsamudha. Gama dhaabbilee siyaasaan walqabate immoo siyaasa akkamii hordofaa, hirmaannaan inni qabu maalfaadha? Akkasumas, kallatii ogummaatiin walqabate, ogummaan ishee/isaa maalii, barsiisaa/barsiistuu, qotee bulaa, barataa, ogeessa fayyaa, barreessisaafi kkf kan ibsudha.

Shaakala 7

1. Barattu/ta amma ammoo qabxiilee armaan olii bu`uura godhachuun namfakkii tokko boci/tolchi.

3.2.3.3. Dhimmoota Namfakkiilee Amanamaafi Fudhatamuummaa Akka Qabaatan Taasisan

Kanaaf, dubbisaan namfakkiilee bakka bu'oota namootaati jedhee akka fudhatuuifi amanamummaa akka qabaatan akkasumas seenichi qabatamaa akka ta'uuf barreessan qabxiilee gurguddoo armaan gadii irratti xiyyeffachuu qaba.

A. Dandeettii Namaan walgitu qabaachuu

Dandeettiin namfakkiilee dandeettii nama tokkoo ol ta`uu hin qabu. Namfakkileen bakka bu'oota namootaati. Kanaaf, namfakkileen do"ii keessatti bocaman amanamummaa akka qabaataniif dandeettii namni qabaachuu danda'u tokkoo olitti kennamuufii hin qabu. Gochaan, dubbiin, yaadaan, humnaaniifi kkfn namoota dhugaa addunyaa kanaatiin walfakkaachuu qabu. Kanaan achi dubbisaan namfakkiilee dhiyaatan eenyummaa namummaa qabu jedhee itti amanee fudhachuu hin danda'u. Namfakkileen hojii kalaqaa sana keessatti hirmaatan amanamummaa yoo dhaban immoo seenichis fudhatama hinqabu. Kanaaf, barreessaan tokko namfakkii yommuu bocu dubbii, hojiifi jireenyi isaanii sadarkaa jirenyaa, umurii, sadarkaa barnootaa, naannoo isaanii fi yoomessa isaan keessa jiraatan waliin walsimsiisuu qaba. Sababni isaas, namoonni dhugaa addunyaa kanaa dubbiifi gochi isaanii qabxiilee armaan olitti eeraman wajjin walsimata waan ta'eefi.

B. Eenyummaa Dhaabbataa Qabaachuu

Namfakkiwwan bocaman jalqabaa hanga xumura seenichaatti eenyummaa dhaabbataa qabaachuu qabu. Eenyummaa dhaabbataan kunis amala, yaadafi gocha isaaniitiin mul'achuu qaba. Karaa biraatiin namfakkiin tokko boqonnaa jalqabaa keessatti amalaafi eenyummaa tokko boqonnaa kan biraa keessatti immoo amalaafi eenyummaa kan biraa yooqabaate, eenyummaa namfakkiin sun qabatamaadhaan hin beekamu. Kanaaf, namfakkiin boqonnaa jalqabaa keessatti gowwaafi jarjaraa ta'ee tolfaame sababa tokko malee boqonnaa biraa keessatti gamnaafi tasgabaa'aa ta'ee dhiyaachuu hin qabu. Karaa biraatiin, jijiiramni amalaa namfakkiilee tasa yookiin haaraa ta'uun hin qabu. Dubbisaan jalqabaa kaasee hamma dhumaatti namfakkiilee sana sirriitti akka beku seenicha keessatti eenyummaa yookiin amal dhaabbataa qabaachuu qabu.

Eenyummaa dhaabbataa haa qabaatan yommuu jedhamu amalli yookiin eenyummaan isaanii gonkumaa jijiiramuu hin qabu jechuu miti. Sabani isaas, namoonni dhugaa addunyaa kanaas eenyummaafi amalli isaanii sababoota adda addaatiin ni jijiirama. Fakkenyaaf, umuriidhaan bilchaachaa yommu deeman, dhiibbaa naannoo irraa ka'uudhaan, mana yommu dhaaban, addunyaa hojii keessatti akkasumas jirenya hawaasummaa biroo irra ka`uun jijiirama adda addaa agarsiisu dana`u. Kanaaf, namfakkiileenis sababoota kanaafi kkfn jijiirama adda addaa agarsiisuu danda`u. Haata'u malee, jijiiramni isaanii kun sababa qabatamaafi amansiisaa ta'uun qaba. Dubbisaanis jijiirama isaan agarsiisaan adeemsa seenichaa keessatti hubachuu qaba.

C. Mudaa qabeessummaa

Barreessaan namfakkii yommuu bocu, namfakkiileen sunneen kan hanqineefi waan hundumaan guutuu akka ta'innitti dhiyeessuu hin qabu. Sababni isaas, addunyaa qabatamaa kana keessatti namni hanqina hin qabne waan hinjirreefi. Hanqinni yookiin mudaan amala nmaa keessaa isa tokkodha. Amalli nmaa waan gaariifi waan yaraa ofkeessatti qabatee waan jiruuf namfakkiileenis amala kana quoddachuu qabu.

D. Eenyummaa mataa isaanii qabaachuu

Namfakkiileen eenyummaa mataa isaanii qabaachuu qabu. Akkaataa itti yaadan; akkaataa itti dubbataniifi hojiin isaanii haala isaan iiti bocaman keessa ta'uu qaba. Namfakkiileen erga bocamanii kaasanii karaa yookiin kallattii ofii isaanii qabaachuu qabu. Tokkicha karaa yookiin kallattii kana keessa erga lixanii booda barreessaan jirenya isaanii keessa galuun kallattii barbaadeen isaan oofuu hin qabu. Waan ofii isaa isaan uumeef waan barbaachise hojjechiisuufi waan barbaade dubbachiisuu hin qabu. Dubbiifi gochi isaanii eenyummaa isaanii irraa kan madde ta'uu qaba. Haala kanaatiin eenymmaan namfakkiilee inni dhaabbataan kan ibsamu yaada, ilaalchaafi gocha ofisaaniitiin yookiin jirenya isaan keessaa burqeetiini ta`uu qaba.

3.2.3.4. Walitti Dhufeenyi Namfakkiilee

Seeenaa tokko uumuudhaaf namfakkiileen do'ii keessatti bocaman kallattii adda addaatiin qaamota adda addaa waliin walitti dhufeenyi uumuu qabu. Walittidhufeenyi isaanii kunis sadarkaa dhuunfaafi hawaasummaatiin ta'u danda'a. Walitti dhufeenyi isaanii kunis firooma, hiriyummaa, hojiifi naannootiin, ilaalchaafi fedhiitiin akkasumas karaa biraatiin ta'u ni danda'a. Walitti dhufeenyi akkasii kun seenicha akka dagaagaafi bal'achaa deemu ni gargaara. Walitti dhufeenyi akkanaaf immoo barreessaan haala mijeessuu qaba. Walitti dhufeenyi isaanii kunis fedhii yookiin jaalalaan yookiin fedhiin ala

dirqamaan ta'uu ni danda'a. Seenichis gabbataafi bal'achaa kan adeemu gochaafi haalleewan walitti dhufeenyaa kana keessatti uumamani. Kun immoo waanuma jirenyaa dhala namaa keessatti mul'atu dha.

3.2.3.5. Gosoota Namfakkii

Batattuu/ta do'ii keessatti qabxiilee adda addaa bu'uureffachuun namfakkilee bakka hedduutti qoqqooduu ni dandeenya. Kutaa kana keessatti garuu kanneen kana hundumaa kaasuun waan hin danda'amneef qabxiilee muraasa irratti bu'uureffachuun gosa namfakkilee muraasa ilaalla

A. Namfakkii Xaxamaa (Round Character)

Namfakkii xaxamaan amalli isaa kallattii adda addaatiin kan bocamedha. Namfakkiawan akkasii kun amala hedduu kan qabaniifi haala salphaa ta'eetiin hubachuuf rakkisaa kan ta'anidha. Amalla isaanii qofa osoo hinta'iin jirenyi isaaniis xaxamaafi bu'aa ba'ii hedduutiin kan guutamedha. Kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf yommuu carraaqan gufuu hedduutu isaan quunnama. Haalli jirenya isaaniifi amalli isaanii yeroodhaa gara yerootti kan jijiiramudha. Kanaaf, amala dhaabbataa waan hinqabaanneef fedhii, ilaalchaafi miira isaanii haala salphaa ta'een hubachuudhaaf rakkisaadha. Namfakkii sirriitti hubachuudhaaf ilaalchaa, fedhii, haala, yoomessa isaan keessa jiraniifi jirenya hawaasummaa isaanii sirriitti xiinxaluun barbaachisaa ta'a.

Namfakkiawan xaxamaan adeemsa seenichaa keessatti irra deddebi'uun kan mul'atanidha. Sababni isaas, daafii amala isaaniif haalleewan hedduu keessa lixu. Haala xaxamaa isaan keessa seenan keessaa ba'uuf immoo yeroo dheeraa waan fudhatuuf irra deddeebiidhaan akka mul'atan isaan taasisa. Yeroo baay'ees seenichi isaan irratti ni xiyyeefata.

B. Namfakkii Qajeela (Flat Character)

Namfakkii qajeelaan akka namfakkii xaxamaa kallattii garaagaratiin kan hin bocamneefi amalaa xaxamaa kan hin qabnedha. Yeroo tokko tokko maqaa qofaan beekamu ni danda'u. Yeroo baay'ee do'ii keessatti namfakkiileen qajeelaan lakkofsaan yommuu baay'atan gaheen isaanii garuu seenicha keessatti xiqoodha. Kanaaf, yeroo tokko tokko qaamanis ta'e hojjidhaan seenicha keessatti osoo hinhirmaatiin maqaadhaan qofa beekamu. Namfakkii qajeelaan amala isaaniitiin akka namfakkii xaxamaa kallattii adda addaatiin waan hintolfamneef dubbisaas ta'e do'atootta hojiifi dubbii isaaniitiin hawwataa hin ta'an. Namfakkii kunneen yeroo baay'ee maqaa waliigalaafi amala tokko yookiin lama kan ittiin beekaman ni qabaatu.

3.2.3.6. Namfakkii Daangessuu

Barreffama do'ii keessatti namfakkii daangessuun hojiin xiyyeffannoo guddaan kennamuufii qabudha. Sababni isaas, bifti isaa waan hin eeyyamneefi. Do'iin yeroofi bakka muraasa keessatti waltajjiitti waan dhiyaatuuf namfakkiileen do'iicha keessatti hirmaatan yoo baay'atan yeroo muraasa kana keessatti eenyummaan isaanii osoo haalaan hin ibsaminiifi gaheen isaanii haalaan osoo hinmul'atiin hafa. Kanamalees, waliin dubbiifi gocha yommuu raawwatan ofisaanii beeksiisuufi seenicha gara fuula duraatti tarkaanffachiisuufi. Kanaaf, namfakkiileen do'iicha keessatti kana yommuu raawwatan yeroon murtaa'aa sun ibsa namfakkiileetiin waan baduuf xiyyeffannoon seenichaafi jargochaaf kennamu ni xiqqaata.

Kanaaf, namfakkiilee muraasa fayyadamuun yeroo ibsa namfakkiileef badu adeemsa seenichaafi cimina jargochaaf osoo kennamee irra caalaa filatamaadha. Haala kanaan, barreessaan tokko namfakkii baay'isuu irra namfakkii muraasaan gahee namfakkii baay'ee akka taphatan taasisuun jaargocha cimaa yoo ijaare seenichi hawwataa

ta`a. Namfakkii daangessuun jaargocha cimaa ijaaruuf qofa osoo hin ta`in gaheefi ibsa namfakkiilee sirriitti akka mul'atu taasisa. Namfakkiileen yoo baay'atan hunda isaanii haalaan ibsuuf yeroofi bakki waan dangessuuf haalaan ibsuuf rakkisaa ta'a. Kan malees, do`ichi waltajjiitti yommuu dhiyaatu taatonni waltajjiitti bahan waliin dubbii muraasaafi gahee xiqqoo taphatanii booda achumaan badu.

Shaakala 8

1. Garaagarummaa namfakkii xaxamaafi namfakkii qajeelaa ibsi.

2. Barreessan tokko walitti dhufeentya namfakkiilee ibsuuf tooftaalee maalfaatiin gargaarama?

3.2.4. Jaargocha

Do'iin tokko seenaa tokko dhiyeessa. Seenaan kunis gochaalee duraa duuba yerootiin qindaa'ee kan dhiyaatudha. Yeroo hundumaa seenaa tokkoof ka'umsaa kan ta'an gochaalee namfakkiileetiin raawwataman jiru. Raawwileen kunis 'action' jedhamu. Yommuu seenaa dhageenyu gaaffii sana boodahoo kan jedhu sammuu keenya keessatti uumama. Kanaaf, seenaan gochaalee xixiqqoo fufinsa qaban ofkeessaa qaba. Gochaalee xixiqqoo kunneen walitti qindaa'uun seenaa tokko ni ijaaru. Barattu/ta yaada kana hubachuuf fakkeenya armaan gadii ilaali.

- Caalaafi Caaltuun walbaran = gocha tokko (ka'umsa)
- Waljaalatan. = gocha lama
- Wagga tokko booda walfuudhan. = gocha sadii
- Mucaa godhtan. =gocha afur
- Caalaafi Caaltuun wal hiikan.gocha shan (dhuma seenichaa)

Fakkenyi kun kan dhiyeesse seenaa dha. Yemmuu dubbifamus hawwataa miti. Gochi tokko yemmuu raaw`atamu sababa qabaachuu qaba. Gochaleen walitti fufiinsaa akka raawwatan kan taasisu hidhiinsa sababaafi bu`aan kun jaargocha jedhama. Kanaaf jaargochi hidhiinsa sababaafi bu`aa ta`ee gochi tokko maaliif akka raawwate kan ibsu waan ta`eef seenaa caalaa hawwataa dha.

Gochaaleen seenaa tokko keessatti argaman seenaa sana uumuuf walitti dhufeenyaaifi firooma cimaa qabaachuu qabu. Jecha biraatiin gochi tokko gara gocha birootti cehuuf, sababa qabatamaa qabaachuu qaba. Gochaaleen kunneenis guddachaafi dagaagaa akka deemaan waliddaan jiraachuu nimala. Kanaaf dagaaguu jargochaaf waliddaan barbaachisaa dha.

Jaargochi mudaan hinqabne tokko sababaa cimaafi humnoota walmadaalaan of keessatti qabaachuu qaba. Barreessaan do`ii, sababoota waliddaaaf ka'umsa ta`uu hindandeenye qaama jaargocha

yootaasise, do`ichi gama do`attootaas ta`e dubbistootaa fudhatamummaafi amanamummaa hinqabaatu. Kanaafi humnoonni /gareen waliddaatti seenaan, yeroo hundumaa, -waliddaaf isaan kan kakkaasu sababa gahaa qabaachuu qabu.

Gareen waliddaatti seenaan kunneen kan walmadaalan ta`uu qabu.
(Humnaan, qabeenyaan, dandeettiinfi k.k.f)

Gareen hamma dhumaatti jabaatee falme mo`achuu qaba.Jecha biraatiin barreessaan namfakkii barbaade filatee dandeettiifi beekumsa isaatiin malee akka mo`u gochuu hinqabu.

3.2.4.1. Sadarkaalee Jaargochaa

Dagaaginni jaargochaa sadarkaalee shan qaba. Isaanis, beksisu (exposition), guddachaa deemuu gochaalee (rising action), fiixee (climax), qabbana (denouncement) fi fala (resolution) dha.

I. Beeksisuu (exposition)

Barreessaan do`ii hojiinsaa inni jalqabaa namfakkiilee, waliddaa, yoomessa ijoo ta`aniin beeksisuufi walitti dhufeeny namfakkii jidduu jiru ibsuu dha.Tooftaan kun dubbistootaafis ta`e do`attoota do`ii waa`ee haala waliigalaa do`ichaa hubannoo akka argatan ni gargaara.

II. Guddachaa Deemuu Gochaalee (Rising Action)

Waliddaan namfakkiilee jidduutti uumameeffi dursee beeksifame, haala salphaatiin kan dhaabbatu ta`uu hinqabu. Namfakkiileen do`icha keessa jira kan walgitan (beekumsaan, dandeettiin, qabeenyaaniifi k.k.f) waan ta`eef, gocha inni tokko raawwatuuf gareen kaan deebii walgitu deebisa waan ta`eef, gochaaleen walxaxaa, cimaafi dagaagaa deemu. Sadarkaan kun, sadarkaa walxaxiinsaa (complication) jedhama. Gochaaleen walxaxaa, cimaafi dagaagaa deeman kunneen

sadarkaa hiikamuu hindandeenyetti gahu. Waldiddaan namfakkii jidduutti uumamaaniifi sadarkaa hiikamuu hindandeenyetti yemmuu gahan sadarkaan kun fiixee (climax) jedhama.

III. Fiixee

Sadarkaan kun akkumaa armaan olii ibsameetti, gochaaleen guddatanii dagagaani, sadarkaa isa dhumarratti yemmuu gahani dha. Waldiddaan sadarkaa kanarratti gahe, gara duubatti deebi`uu hin danda`u. Jerri waldhabanis sadarkaa araaramuu dada`an miti. Kanaafi barreessitoonni tokko tokko do`iin suura addunyaa jeequmsaati kan jedhan. Dubbiin haala kanaan cimee jiru akkumaa cimee jirutti fufuu hin danda`u. Jecha biraatiin gara tokkotti luuca`a. Sadarkaan kun qabbana (denouncement) jedhama.

IV. Qabbana (denouncement)

Sadarkaan kun sadarkaa gareen tokko mo`ee gareen tokkommoo mo`amuunsaa itti beekamufi jeequmsi uumame sun kan itti qabbanaahudha. Rakooniifi jeequmsi uumames olaantummaa garee tokkootiin ni qabbanaa`a. Addunyaan jeeqame sun deebi`ee sadarkaa nagaa argatutti gala. Sadarkaan kunis fala (resolution) jedhama. Gochi fala argate tokko deebi`ee hin dagaagu. Kanaaf kun dhuma gochaalee ta`a jechuu dha.

Kallattii jaargochaatiin yemmuu ilaalluu do`ii bakka shanitti qoqqooduu dandeenya. Isaanis,

- A. Do`ii jaargocha laafaa of keessaa qabu.
- B. Do`ii jaargocha cimaa of keessaa qabu.
- C. Do`ii jaargocha qeenxee of keessaa qabu.

- D. Do`ii jaargocha lama of keessaa qabu.
- E. Do`ii jaargocha of keessaa hinqabne.

A. Do`ii Jaargocha Laafaa of Keessaa Qabu.

Do`ii jaargocha laafaa of keessaa qabu keessatti seenaawwan xixiqqoo seenaawwan xixoqqoo kaan waliin, gochaaleeniifi raawwileen hidhiinsa cimaa hinqaban.Karaa biraatiin adeemsa sababaafi bu`aa amanamaa ta`e of keessaa hinqabu.Kanaaf, raawwileen sababa gahaa malee rawwatu. Kanamalees, gochi tokko gocha biraatti yemmuu cehu gochaalee giddutti hidhiinsa cimaan hin mul`atu.

Namfakkiileen sababa gahaa malee waltajjiirratti dhiyaatanii achumaan nibadu. Kana malees, gochaafi dubbiin isaanii waan qabatamaa ta`e irratti kan hundaa`e miti. Walumaagalatti do`iin jaargocha laafaa qabu, namfakkii muummeerra namfakkii xixiqqoorratti xiyyeffata. Hidhiinsa sababaafi bu`aa cimaa of keessa waan hinqabneef do`attootas ta`e dubbistoota hin hawwatu. Gosa jaargocha akkanaa kan ofkeessa qabu yeroo baa`ee gosa do`ii farsi “farce” jedhamu dha.

B. Do`ii Jaargocha Cimaa of Keessaa Qabu.

Gosti do`ii jaargocha cimaa of keessaa qabu; faallaa jargocha laafaa of keessa qabu dha. Namfakkiileen do`ii jaargocha cimaa of keessaa qabu keessatti bocaman kallatee garaagaraatiin of eeggannoo cimaadhaan kan bocamanii dha. Kanaaf gochaafi dubbiin isaanii hundi sababaafi bu`aa gahaatiin kan deegarameedha. Seenaawaan xixiqoon do`icha keessatti argamaan kan walkeessa galaniifi hidhiinsa cimaa kan qaban yemmuu ta`an adeemsi isaaniis walqabataafi gara xumura tokkootti kan adeemuta'a.Do`ii jaargocha cimaa of keessaa qabu; adeemsi seenichaa jalqaba hangaa xumuraatti sababaafi bu`aa cimaafi gahaa

ta`eetiin waan raawwatuuf qalbii dawwattootaafi dubbistootaa ni hawwata.

C. Do`ii Jaargocha Qeenxee of Keessaa Qabu.

Do`ii jaargocha qeenxee of keessa kan qabu, do`ii jaargocha cimaa yookiin laafaa of keessaa kan qabu ta`uu danda`a. Garuu do`ichi jaargocha cimaas ta`e laafaa inni ofkeessaa qabu tokko qofa dha. Karaa biraatiin do`ichi gocha yookiin seenaa kan biroo of keessa hin galchu. Kanaaf, seenaafi gochaalee tokkummaa cimaa qabu of keessaa qaba. Ta`us seenaafi waliddaa inni irratti xiyyeffateen ala kan biroo gidduu hin galu. Kanaafis adeemsa seenaa tokkoofi waliddaa tokko qofa of keessa qaba.

D. Do`ii Jaargocha Lama of Keessaa Qabu.

Do`ii jaargocha lama of keessaa qabu, akkuma do`ii jaargocha qeenxee of keessaa qabuutti jaargocha cimaa yookin laafaa of keessa qabaachuu danda`a. Gochi jaargocha akkasii jaargocha lama garuu, kaayyoofi galma adda addaa qaban of keessaa qaba. Akkasumas, jaargochii lamaan kunneen hidhiinsaafi firoomina /waltti dhufeunya mataa isaanii ni qabu. Haala kanaan lamaan keessaa tokko jaargocha guddaa yemmuu ta`u inni tokkommoo jaargocha xiqqoo ta`a. Jaargocha guddaas ta`e jaargocha xiqqaa lamaanuu seenaawan xixiqqaa hedduu of keessa qabaachuu danda`u. Dhumarratti garuu jargocha xiqqoon kun qaama jaargocha guddaa ta`uun fala argata.

D. Do`ii Jaargocha of Keessaa Hinqabu.

Do`ii jaargocha of keessaa hinqabne keessatti, seenaa qabatamaa, namfakkiilee dhaabbatoofi waliddaa jalqabaa kaasee hamma dhumaatti deemu hinjiru. Kanaaf, humna daawwattotaas ta`e dubbistootaa ofitti harkisuu hin qabu.

Saakala 9

1. Garaagarummaafi tokkummaa do`ii gaargocha cimaa of keessa qabuufi do`ii jaargocha lama of keessa qabu hubachiisi.

2. Garaagarummaa do`ii jaargocha laafaa of keessa qabuufi do`ii jaargocha of keessa hinqabne maali? Gabaabsi ibsi.

3.3. Gosoota doo`ii

Barattu/ta hamma ammatti waa`ee cacculee do`ii barachaa turte. Shaakaloota adda addaa siif dhiyaatan hojjechaa ibsa siif kennamees dubbisaa barnoticha akka gaarriitti hordofaa akka jirtu nanamana. Amma ammoo kutaa kana keessatti waa`ee gosoota do`ii ni baratta. Waa`ee gosoota do`ii baruun do`ii tokkoakkamiin akka barreeffamuufi caacculeen bifa kamiitiin akka dhiyatan baruuf sii gargaar. Sababinsaas gosoootni do`iin hunduntuu caasaa, fi amala

mataa isaa waan qabaniif. Caasaafi amala isaanii baruun ammoo do`ii barreessuudhaaf murteessaa dha. Kanaaf haala gaariitiin hordofi.akka waliigalaatti mataduree kana barattee yoo xumurtu:

- Gosoota do`ii ni ibsita.
- Amaloota do`ii addaan baasta.
- Do`ii adda addaa gosoota isaaniitiin ni qoqqoodda.
- Do`ii gaggabaaboo gosoota adda addaa barreessita.

Do`in ulaagaalee adda addaa bifaa fi yaadjoo of keessa qaburratti hundaa`un bakka hedduutti qoqqooduun ni danda`ama. Fakeenyaaf yaadjoo of keessaa qabu irratti hunda`un do`ii bakka adda addaatti qoqqooduun ni danda`ama.Innis; di`oo seenaawaa, siyaasa amantii, barnoota, fi k.k.f jechuu dandeenya. Qoqqoddinni kun irra caalaa xiyyeffannoon isaa qabiyee do`ichi qaburrti. Barreessaan gosoota do`ii akkanaa barreessuudhaaf dura waa`ee qabiyee do`ichaa qa`annoo adeemsisuu qaba. Fakeenyaaf, do`ii seenawaa tokkoo barreessuuf dura seenaa inni barreessuuf ka`e sana sirriitti beekuu qaba.Haala kanaan gaaffilee; seenaan sun eessatti raawwatame? yoom raawwatame? namoonni seenichaa keessatti hirmaatan eenyufati? namoonni sun namoota akkamiiti? fi k.k.fn sirritti addaan baafachuu qaba.

Bifa inni qaburratti hundaa`un yemmuu qoqqoodnu ammoo do`ii waltajji, do`ii televijinii, do`ii raadiiyoo do`ii sagalee malee, do`ii barreeffamaa; do`ii muziqaa fi k.k.f jechuu dandeenya. Kanaaf isaan kana hundaa ilaaluun rakkisaa waan ta`eef gosa do`ii teekniikaa irratti hundaa`un qoqqoodaman ni ilaalla. Isaanis, tragedy, comedy (komedii), melo dirama, fi farce dha.

3.3.1. Tiraajedii (tragedy)

Barreffamni tragedy dhimmisaa waan gaddisiisaa, hawaasaa keessa rakkoo bu`uura ta`e; akkasumas hidda gadii fageeffate jiru akka ta`e barreessitooni tiraajedii amanu. Dhimmi inni kaasu kana haata`yuu malee ka`umsi isaa yaada faallaa waliinii ta`an gammachuu fi gadda dha. Waldiddaan tiraajedii kan dagaagus namfakkiin guuddaa wallaansoo humnaa keessafi alaan godhamuutiin.

Traajeediin miira gadisiisa do`attoota keessatti kan uumudha. Sababiinsaas inni guddaan, namfakkiin guddicha qajeelumma /gaarummaa/ isaatiin rakkoo keessa lixuu isaatiifi rakkoo lixe keessaa bahuuf yemmuu carraaqu; akkasumas, carraaqqiin isaa milkaa`uuf dhiisuu isaatiini. Kana malees, dhuma irratti bu`aan waliddaa kufaatiifi du`a namfakkii guddichaatiin waan ta`ee fi dha.

Gosa do`ii akkasii keessatti gaaffileen gurguddoo ta`an kanneen akka xinsammuu hawaasummaa fi siyaasa ni ka`u. Dhimmonni kunneen kun ammoo haala salphaatiin kan hiikamuu hindanda`aneefi aarsaa hedduu kan barbaadanidha. Kanaaf, namfakkiin guddicha dhimmoota kunneeniitiin osoo hinbeekiin xaxamee rokkoo inni keessa gale keessaa ba`uuuf yemmuu carraaquufi rakkatu ni mul`ata. Rakkinicha keessatis yemmuu sukkumamuufi gidiraa yemmuu argu arguun hedduu do`ottoota ni gaddisiisa.

Tirajedii keessatti namfakkiin guddichi nama qajeelaafi amala gaarii kan qabu dha. Nama qajeelaafi amala gaarii kan qabu haata'u malee, hir'ina /hanqina/ tokko qabaachuu qaba. Waldiddaa uumamuuf ka'umsa kan ta'us hir'ina /hanqina/ isa qabu kanadha. Hanqinni kunis, namfakki guddicha, hamma kufaatiifi du'a shuukkaneessaatti isa geessa. Karaa biraatiin, namfakkii guddicha qajeelaafi amala gaarii hedduu qabaatee hir'ina xiqoon beekama.

Hir'inni kun garuu qajeelummaa isaa waliin yommuu walbiratti ilaalamu haaxiqaatu malee kufaatiifi du'a isaatiif sababa yookiin ka'umsa ta'a. Hanqinni isaa kun afaan Ingiliziitiin "Tragic Flaw" jedhamuun beekama. Haala kanaatiin, tirajediif ka'umsi waliddaa isa guddaa hanqina namfakkii guddichaati. Akkuma armaan olii ibsametti, gaarummaan namfakkii waliin yoo ilaalam /yoo madaalame/ hanqinni yookiin mudaan namfakkiin sun qabu haa xiqqaatu malee yeroofi haala mijataa agarraan hanqinni sun olbahuun guddaachaafi dagaagaa deemuun namfakkii guddichaa xaxee kuffisa.

Namfakkiin kun jalqaba irratti jirenya badhaadhaafi gammachuu qabu jiraata. Boodaa garuu hanqina isaatiin jirenyi gammachuun sun gara gaddaafi gadadootti jijiiramaa deema. Namfakkiin tirajedii kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf nuffiifi dhibaa'ummaa malee cimanii kan carraaqanidha. Haata'u malee, hammuma cimanii carraaqan rakkoofi gidiraan itti caalaa deema. Dhuma irrattis, kaayyoo isaanii galmaan osoo hinga'iin mo'amani kufu yookiin du'u. Karaa itti fayyadama afaaniitiin yoo ilaalle, jechoota ciccimoo falasamaafi qalbii namaa hawwachuu danda'aniitiin fayyadama. Karaa biraatiin, afaan, falaasama, dhoksaan qabuufi beekumsaan kan guutame dha.

3.3.1.1. Gosoota Tiraajedii

Barata/tu tirajeddiin walumaagalatti amala walfakkaatu armaan olii haaqabaatu malee akka yomeessa isaatiin qoqqooddi adda addaa qaba. Qoqqooddiin isaafi garaagarummaan isaan jidduu jiru maal akka fakkaatu akka armaan gadiitti siif dhiyaatee jira.

I. Tiraajedii Durii

Tirajediin durii gosa tiraajedii jaargocha cimaa of keessa qabudha. Karaa biraatiin hidhiinsa sababaa fi bu`aa qabatamaafi amanamaa ta`eetiin jalqaba hamma dhumaatti deema.

Namfakkii guddichi tiraajedii durii keessatti, hawaasa keessatti bakka guddaafi kabaja guddaa kan qabu ta`ee tol fama. Kanaaf, mootii, jeeneraala, soorressa beekamaa, dursaa waraanaa, gootaafi bakka kanneen kan gitan isaaf kennama. Gama eenyummaa yookiin amala dhuunfaa isaatiin yemmuu bocamus; beekaa, hubataa, arja, qajeelaa, gara laafessa, kan miidhaa namaa hinjalanne, aadaa, safuufi duudhaa hawaasichaa kan beekuu fi kan kabaju, walumaagalatti amala inni qabuufi sadarkaa hawaasa keessatti qabuun kan jaalatamuu fi kan kabajamu taasifamee tol fama. Gaaruummoo kana hundaa haqabaatu malee, hanqina tokko akka qabaatu taasiifamee bocama. Hanqinni isaa kunis, waldiddaa isa muudatuuf ka`umsa akka ta`u godhama.

Gama waldiddaatiin yemmuu ilaallu, jalqaba namfakkiin guddichi, jirenya guutuu, nagaa qabu fi badhaadhaa jiraata. Haata`umalee, hanqina xiqqoon inni qabu sun osoo inni ofirraa hindammaqiin guddachaa deemee haala rakkoo keessaa ba`uu hindandeenyetti isa seensisa. Karaa biraatiin, rakkoon xiqqoon karaa ofii isaa dhufe sun guddachaa dagaagaa deemee sadarkaa hiikamuu hindandeenyetti gaha. Rakkoon kunis isa qofa osoo hinta`in, namoota kansaa ta`anii fi naanoo isaa jiranillee hedduu ni huba. Jirenyi isaa nagaafi gammchuudhaan guutame sun jeeqamaa gaddaa fi gadadootiin bakka bu`a. Ergaa waan baay`een badee booda hanqinni isaa nama biraatiin itti himama. Dhuma irrattis hanqina isaa bira ni gaha. Garuu waan hedduun erga badee booda waan ta`eef haalicha duubatti deebisuu hindanda`u. Dhuma irrattis, kufaatii garmalee, rakkoofi gadadoo keessatti dhiifama.

Tiraajedii durii keessatti dhuma irratti namfakkiin guddichi hin du'u. Garuu, rakkoo guddaafi kufaatii garmalee keessatti dhiifama. Gama seenaatiin yoo ilaalle, seenaa tokko qofa of keessaa waan qabuuf jaargocha cimaa qaba. Do`icha keessatti gochaaleen rifaasisaafi

suukkanneessaan waltajjii irratti hin dhiyaatan. Gochaaleen kunneen namfakkii biraatiin himamu yookiin gabaafamu. Gama itti fayyadama afaaaniitiin yommuu ilaallu immoo walalootiin yommuu barreeffamu, jechoota ciccimoofi dubbii falaasamaatiin kan guutamedha. Tirajeedii durii kanaaf barreessitooni hedduun akka fakkeenyga gaariitti fudhatan barreessaan Giriik ta'ee **Osaphclistiin** kan barreeffame 'King Edipes' kan jedhudha.

II. Tiraajedii 'Elsabeth'

Tiraajediin 'Elsabeth' yeroo jalqabaaf kan mul'ate bara mootittii 'Elsabeth' waan ta'eef maqaa isheetiin moggaafameera. Tiraajediin 'Elsabeth' akka tiraajedii durii jaargocha cimaa irratti hin ijaaramne. Seenaa tokkoo olis ofkeessaa qaba. Gama namfakkiitiin yommuu ilaallu garuu, namfakkiin guddichi namfakkii tiraajedii durii waliin walfakkaata. Tiraajedii 'Elsabeth' keessatti gochaalee sukkanneessaa ta'an waltajjii irratti dhiyaatu. Kanamalees, namfakkiin guddichi dhuma irratti haala rifaasisaa ta'eetiin ni du'a.

III. Tiraajedii Ammayyaa

Tiraajediin ammayyaa kan eegale jaarraa kudha saglaffaa keessa yommuu ta'u, ka'umsi isaas ilaalcha siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa jaarraa kanaati. Kanaaf, namfakkiin guddichi akka tiraajedii kaanii namoota sadarkaa ol'aanaa qaban qofa osoo hinta'iin namoota sadarkaa jirenya gadaanaa qabanis of keessatti ammata. Haala kanaan, namoota kanneen akka hojjetoota warshaa, qotee bultoota, hojjetoota guyyaafi kkfn namfakkii guddaa ta'uun dhiyaatu. Namfakkileen kunneen sadarkaa jirenya gadaanaa haa jiraatan malee namoota qajeelaa, garalaafessa, namaaf kan gaddan, beektotaafi kaayyoo isaaniif jabaatanii kan qabsaa'anidha. Isaanis, akka namfakkii tirajedii kaanii hanqina

xiqqo ni qabaatu. Hanqinni yookiin mudaan isaanii kunis kufaatii isaaniif ka'umsa ni ta'a.

Gama waldiddaatiin yemmuu ilaallu, namfakkiin as keessatti bocamu rakkoo jirenya isaanii irratti rakkoon kanbiraan yommuu irratti dabalamu gidiraan isaanii ittuma waan hammaataa deemuuf kaan irraa caalaatti do'attoota gaddisiisa. Humna hin qabneen waan humna isaanii caalu waliin hamma dhumaatti yommuu qabsaa'an mul'atu. Haalli kun immoo irra caalaa akka rakkatan isaan taasia. Dhuma irrattis, mo'amaniif gaddaafi gadadoo keessatti dhiifamu.

Gama itti fayyadama afaaniitiin immoo, walloon osoo hinta'iin hololootiin barreeffaman. Kanamalees, afaan ciccimootiin dhimma itti hin ba'u. Afaan guyyaa guyyaan walquunnamaa oolaniitiin fayyadama.

3.3.2. Komedii

Komediin hanqina yookiin mudaa jirenya nama dhuunfaafi hawaasa keessatti mul'atan akkasumas amala badaa qeequun sirreessuuf kan yaalu dha. Gosa do'ii nama kofalchiisu haata'u malee, ergaafi barumsa ciccimoo of keessaa qaba. Ergaa yookiin barumsa kana do'attootaaf kan dhiyeessu bohaarsaafi kofalchiisaa dha. Hanqinooni yookiin hir'inonni hawaasa keessatti mul'atan kunneen jirenya namfakkiileetiin waltajjiitti dhiyaatu. Namfakkiileen kunneenis gara waldiddaatti kan seenan hanqinoota kanneen kana irraa ka'uudhaani. Erga waldiddaatti seenan boodas aarsaa hedduu kanfalu. Yeroo tokko tokkos qabsoo hadhaa'aa keessa galuun ba'uuf rakkatu. Carraa gadheen yookiin gaddisiisaan isaan muudachuu danda'a. Haata'u malee, aarsaan kanfalamee rakkoo keessa liyan keessaa ni ba'u. Dhuma irrattis, gammachu, kolfa, araaraafi jaalalaan xummurama. Kanaaf, waltajjiin komedii tasgabbaa'aa sammuu namaa kan hin dhiphisneefi abdiidhaan kan guutamedha.

Komediin jaargocha cimaa irratti kan ijaaramu dha. Kanaaf, adeemsi seenichaa qabataamaafi amanamummaa qaba. Namfakkileen komedii keessatti bocaman bakka bu'ota hawaasaa garee adda addaa faallaa waliinii ta'an bakka bu'uuni. Garaagarummaan kunis garaagarummaa yaadaa, ilaalcha, falaasama, fedhiifi kkfn dha. Waldiddaanis kan eegalu garaagarummaa hawaasa, garee adda addaa kana irratti. Kanaaf, garaagarummaa kana irraa ka'uun humnoonni garee adda addaa kunneen waldhabu, wallolu, walqeequ, walfalmu. Inni tokko kan koo haa caalu kan kootu fudhatama qaba yommuu jedhu, gareen kaan immoo lakki kootu caala kankootu fudhatama qabaachuu qaba jechuun walfalmu, walqeequ. Kanaaf, komediin jaargocha cimaa irratti ni ijaarama.

Komediin xiyyeffannoon isaa dhimmoota hawaasummaa garee adda addaa faallaa walii ta'aniiti. Akkuma dursamee ibsametti, dhimmoonni kunneen namfakkilee garee adda addaa ta'aniitiin bifaa qeequutiin waltajjiitti dhiyaata. Gareen lamaan kunneen wal haadhaban (wal haa morkatan) malee garaa jabeenyaafi haaloodhaan kan guutaman miti. Kanaaf, wal ajjeesuunfi gochaalee garajabeenyaan raawwataman komedii keessatti hin mul'atan.

Kanaaf immoo sababa kan ta'an dhimmoota komediifi xiyyeffannoisaati. Dhimmoonni komedii keessatti ka'an yoomessa hawaasa muraasa keessatti hanqinoota mul'atani dha. Dhimmoonni kunneen yeroo gabaabaafi bakka muraasa keessatti kan mul'ataniifi akka hanqinaatti fudhatamani dha. Kanaaf, rakkoo inni hiikuuf yookiin sirreessuuf yaalu dhimmoota hawaasa keessa turaniifi hidda gadfageeffatan miti.

Sababiin lammafaan dhimmoota ciccimoofi qabsoo hadhaa'aa barbaadan hiikuuf hin yaalu. Fakkeenyaaf, dhimmoota kanneen akka aangoo fudhachuu, siyasa, qoodinsa qabeenyaafi kkf xiyyeffennoo

komedii miti. Sababni isaas, dhimmoonni kunneen haaloo fi garaa jabeenyaan waan guutamaniiif hamma dhiiga dhangalaasuuf ajjeechaa lubbuutti ga'u. Kanaaf, fakkeenyaaaf kanneen akka garaagarummaa ilaalcha dhaloota duriifi ammaa, qaala'insa jirenyaa, filannoo hiriyaan dubartii yookiin dhiiraa yookiin filannoo nama tokko haadha manaa yookiin abbaa manaa taasifachuuf godhamu fi kkf dha.

Inni sadaffaan, namfakkiileen komadii keessatti bocaman, dhimmoonni isaan walitti buusan kan walajjeesi miti. Garaagarummaan isaanii "kan koo haacaalu" kan jedhu dha. Lachuu hanqina akka qaban ni beeku. Garuu yaada "hanqina yoon qabaadheeyyuu kan keerraa koo wayyaa" kan jedhu waan qabaniif, yaada waldanda`uun isaan jidduu ni mul`ata. Kanaaf, garaa jabeenya fi haaloon waan hinguutamneef waldiddaan isaan giddutti uumame, araara fi gammachuun ni xumurama.

Gama itti fayyadama afaniitiin yemmuu ilaallu komadiin kaayyoona isaa qeequu fi barsisuu waan ta`eef, ergaa, barumsaa fi yaadjioo dabarsuu barbaade, itti fayyadamaa afan salphaa ta`eetiin dhiyeessa.

Komadiin hawaasa tokko irraa gara hawaasa kaaniitti darbuuf humna hin qabu. Sababiin isaas, akkuma duraan ibsametti xiyyeffannan isaa hanqinoota yoomeessa hawaasummaa muraasa irratti waan ta`eef. Karaa biraatiin hanqinni sun yoomeessa fi hawaasa kaan keessatti jiraachuu dhiisuu yookiin akka hanqinaatti ilaalamuu dhiisuu danda`u .Bakka hanqinni sun hinjirreetti hanqina dha jedhanii qeequu fi dhiyeessuun do`iicha hiika fi faayidaa dhabsiisa.

3.3.3. "Farce"

Jechi "farce" jedhu jecha laatiin irraa kan dhufe ta`ee "To stuff" yookiin oduu ijoo hin qabne jechuu dha. Kaayyoona yookiin xiyyeffannoona

“farce” inni guddaan nama bashannansiisuu, buhaarsuufi kofalchiisuu dha. Namfakkiileen namfakkii qajeelaa (flat character) waan ta`aniif karaa adda addaan hin bocaman. Yeroo tokko tokko waltajjiitti yemmuu dhiyaatan nama yaaduu hin dandaanye yookiin raata`aa fakkaatu. Kanaaf, gochaalee gowwummaa fi namni yaaduu danda`u kan hin hojenne yemmuu dalagan ni mul`atu. Do`attoonnis gowwummaafi hojiilee gowwummaa isaanii ilaalaan ni kolfu.

“Farce” jaargocha cimaarratti hin ijaramu, Namfakkiileen sababa tokko malee gocha tokko ni raawwatu. Kaayyoo isaanii galmaan gahuuf hamma dhumaattii jabaatanii hinqabsaa`an; rakkoon tokko yemmuu isaan muudatu duubatti deebi`u. Kana malees, fedhiifi ejjannoonaanisaanii yeroodhaa yerootti ni jijiirama. Waltajjiitti bahanii waan ijoo qabu osoo hin hojetiin yookiin hin dubbatiiin deebi`anii badu. Waan humna isaanii ol ta`ee waliin wal`aansoo walqabatu. Waldiddaanis kan uumamu hoji gowwummaa fi suura dhabuu namfakkiileetiini. Ta`iinsoota (gochaalee) tasa ta`aniin kan guutame dha; gocha isaaniif sababa hin qaban. Dubbiin isaan dubbatanis sadarkaa dandeettii do`attootaa gadi ta`uu danda`a. Yeroo tokko tokkos osoo hindubbatiin gocha qofaan nama kofalchiisuu danda`u. Yookiin ammoo jechoota barreessaan hin barreessiin taatonni dubbachuun do`ottoota ni kofalchiisu.

Walumaagalatti “farce” seera caaccuulee do`iitiif hin bitamu. Kaayyoonaanisaanii nama kofalchiisuu waan ta`eef seerotaaf bakka hin laatu. Kanaaf, dandeettii barreessaan irraa dandeettii taatoo ni gaafata. Taatoon “farce” kennaanama kofalchiisuu kan qabuu fi cimaa yoo ta`uu baate “farce” lubbuu hin qabu.

3.3.4. Meelodiraama

Meeloodiraamaan, amala do`ii hundumaa of keessaa qaba. Kana jechuunis, amala tiraajedii, komedii fi faarsii of keessaa qaba jechuu

dha. Gama amala tiraajedii qabaachusaa irra yemmuu kaanu meeloo diraamaan, gochaalee gara jabeenyaa fi rifachiisan keessatti kan raawwatamu dha. Seenaan meeloo diraamaa, humnoota garee lama araaramuu hindandenyeen hamma dhumaatti adeemsifama. Humnoonni kunneen ilaalcha, amalaafi eenyummaa garaagararaa qabu. Garaagarummaan kunis garaagarummaa faallaa waliinii ta`an amala qajeelaa (gaarummaa) fi amala hamaa (ammeenyummaa) dha.

Inni ilaalcha qajeelaa qabu qajeelummaaf yemmuu qabsaa`u inni hamaan hammeenyummaaf qabsaa`a. Seenaan do`ichaas hamma dhumaatti qabsoo jarreen lamaaniitiin deema. Wal'aansooo garee lamaan kun taasisan, haaloon garaajabeenyummaanii fi gochaalee rifachiisaan kan guutame dha. Kanaaf, amalli isaa kun tiraajedii waliin isa wal fakkeessa.

Amala komedii waliin kan isa walfakteessu ammoo, kan balleesseefi kan dogongore yemmuu adabamu, kan gaarii hojjete ammoo ni moo`a; ni badhaafama. Gama biraatiin amala faarsi waliin kan isaan walfakteessu, jaargocha cimaa qabaachuu dhiisuu isaatiini. Meeloo diraamaan akkuma faarsi ta`iinsoota tasaatiin kan guutame dha. Namfakkiin amala gaarummaa qabu, rakkoo cimaa keessa seenee carraa yookiin ta`iinsa tasa ta`eetiin rakkoo keessa yemmuu ba`u ni mul`ata.

Jalqabumayyuu namfakkiin gaarummaa qabu akka mo`u ni beekama. Kanaaf barreessaan meeloodiraamaa osoo gareen lamaanuu (gaariifi hamaan) jabaatanii qabasa`anii, namfakkii gaarummaa qabu moosiisuuf haala tokko mijeessaaf. Kanaaf, qabsoo ofii isaatiin osoo hinta`iin kan mo`u, carraa isaaf qophaa`eetiin ta`a. Kanaaf meeloodiraaman ta`iinsoota carraa fi milkiitiin kan guutame dha. Karaa biraatiin meeloodiraamaan, namfakkii guddichi namfakkii qajeelaa (flat character) dha. Kanaaf amala kanaatiinis, faarsi waliin walfakkata.

Shaakala 10

I. Gaaffilee armaan gadiitiif filannowwan siif dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta`e filadhuu bakka siif kennametti barreessi.

—1. Uffannaa namfakkii tokko addeessuun, irra caalaa maal ibsuuf gargaara?

- A Dhaabii namfakki B Sadarkaa Hawaasummaa namfakkii
C.Xiinsammuu namfakkii D.A fiB

—2. Namfakkiin tokko mana keessa karaa foddaa bakkee ilaalaan waa`ee miidhagina urjii, ji`a fi qileensa yeroos jiru waliin wal qabsiisee yoo addeesse, yomeessi kun yoomeessa maalii jedhama?

- A.Yoomeessa mana keessaa (Box setting) C.Yoomeessa addaa (special setting)
B.Yomeessa manaan ala (out door setting) D.yoomeessa duwwa (Bare setting)

—3.Masaraan Abbaa Jifaar magaala Jimmaatti duuba Gaara Muddeetti kan argamu yemmuu ta`u, meeshaalee: aadaa, seenaa, siyaasaa fi hawaasummaa saba Oromoo naannoo Jimmaa bara 1878-1932tti jiru kan ibsan of keessatti kan qabu dha. Yomeessi ibsame kun maal irratti kan xiyyefate dha?

- A.Haala galumsa seenaa B. Haala galumsa teessuma lafaa
C. Haala galumsa uumamaa D.Afi Bn deebii dha.

II.Himoota armaan gadii sirriitti erga dubbistee booda, sirrii kan ta`e “Dhugaa” sirrii kan hin taane immoo “Soba” jechuun deebiisaa bakka siif kennametti barreessi.

1. Waliin dubbii keessatti barreessaan yeroo hundumaa jechoota filatamaniifi caasaa himaa sirrii ta`etti fayyadamuu akka qajeelfamaatti fudhachuu hin qabu.
2. Do`ii keessatti yoomeessa baay`isuufi jijiiruun akka rakkottii ilaalamu.

3. Do`ii keessatti namfakkii bay`isuun ibsa namfakkiirratti dhiibbaa qaba.
4. Do`ii tokko do`ii seenaawaa kan jedhamu, ergaarratti hundeffamee yemmuu qoqoodamu dha.
5. Do`ii tokko do`ii waltajji kan jedhamu, teekiniikarratti hundeffamee yemmuu qoqoodamu dha.

III.Gaaffilee Armaan Gadii Akkuma Gaafatamtetti Deebisi.

1. Namfakkiilee gahee isaan qabaniitiin (xaphataniitiin) yemmuu qoqoodaman _____ fi _____ jedhamu.
2. Namfakkiilee akkaataa tolfamaniitiin yemmuu qoqoodaman _____ fi _____ jedhamu.

V. Filannowwan dhiyaatan keessaa filachuun gabatee armaan gadii siif dhiyaate keessatti guuti. (filannoon tokko bakka lama ykn sanaa olitti deebii ta`ee galuu danda`a. Yemmuu deebistus qubee bakka bu`e qofa barreessi.)

- A. Gaariin gaarummaaf hamaan hammeenyaaf qabsaa`an irratti waldiddaan ijaarama.
- B. Itti fayyadamaa afaan salphaa ta`eetiin dhimma baha.
- C. Jaargocha cimaarratti hin ijaaramu.
- D. Mudaa xiqqoo qaburraa ka`uun waldiddaatti seena.
- E. Jaargocha cimaarratti ijaarama.
- F. Namfakkiin guddichi amala gaariifi qajeelummaa kan qabu dha.
- G. Bu`urri waldiddaa garaagarummaa yaadaa ykn ilaachaati.
- H. Itti fayyadama afaan ciccimootti dhimma baha.
- I. Namfakkii gudichi namfakkii qajeelaati (flat character).
- J. Namfakkii garaagarummaa yaada ykn ilaalcha qabanitu waltajjitti dhiyaatu.

	Namfakkii	waliddaa	jaargocha	Itti fayyadama afaanii
Farce				
melodrama				
tragedy				
Comedy				

Bakka deebii

I. Filannoo

1. _____
2. _____
3. _____

II. Dhugaa soba

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

III. Bakka duwwaa

Mirkaneeffanna

Maalummaa do`ii ,bakka yaada do`ii argattan, caacculeefi gosoota do`ii ilaalchisee matadureewwan ibsa itti kennaman jalatti qabxiilee gurguddoo armaan gadii hubachuukee mirkaneeffadha.Yoo hubatteetta ta`e jecha “eeyyee” jedhu jalatti mallattoo “√” kaa`i.Yoo hin hubanne ta`ammoo mallattoo “X” kaa`uun duubatti deebi`uun dubbisi.

T.L	Qabxiilee Mirkaneeffanna	eyy	lak
-----	---------------------------------	------------	------------

ak.		ee	ki
1	Do`iin waan daawwatamu dha. Kan doowwatamus, haala, yeroofi bakka murtaa`e kessatti. Barreessaan seenichi kan itti raawwatamu haala, yeroo fi bakka barreffamaan ni dhiyeessa.		
2	Hojiin do`ii ka`umsi isaa jechoota barreffamaan jiraniifi barreessaan barreffamanidha.		
3	Barreffamni do`ii (Play Writing) damee qo`annoo do`ii keessaa tokko yommuu ta`u, innis akkaataa do`iin tokko itti barreffamu kan ibsuu fi kan barsiisu dha.		
4	Barreessaan muuxannoo ofii isaa, namootaafi barreessitoota, akkasumas naannoofi seenaa namootaafi saba tokkorraa ka`uun do`ii barreessuusaa		
5	Yoomeessa jechuun do`ii keessatti bakka, yeroofi dhugaa hawaasummaatokko kan ibsu ta`uusaa		
6	Do`ii keessatti, jechaafi haasaa namfakkiileen geggeessan waliin dubbii jedhamuu isaa.		
7	Yoomeessa waliigalaa jechuun yeroofi bakka waliigalaa (bal`aa) do`iin tokko kan of keessatti qabatu yemmuu ta`u, yoomessa murtaa`aa jechuun ammoo yeroofi bakka gocha murtaa`aa do`ichi kan itti raawwatudha.		
8	Yoomessa bay`isuu fi yoomessa dhiyaate sana ifa gochuu dhiisuunis do`iikeessatti rakkolee gurguddoo akka ta`an.		
9	Namfakkii namoota, bineensota, afuurota (hafuura hamaa, hafuura gaarii), beeyladoota, ergamootaafi k.k.f hojii kalaqaa keessatti kan hirmaatanifi sammuu dubbisaan kan uumamani dha.		
10	Seeenaa tokko uumuudhaaf namfakkiileen do`ii keessatti bocaman kallattii adda addatiin qaamota adda addaa waliin walitti dhufeenyu uumuu akka qabaatan. Walitti dhufeenyi isaanii kunis sadarkaa dhuunfaafi hawaasummaatiin ta`u akka danda`u.		

11	Do`ii jaargocha laafaa of keessaa qabu keessatti seenaawwan xixiqqoo kaan waliin, gochaaleenfi raawwileen hidhiinsa cimaa qabaachuu dhisuu isaa.		
12	Barreeffamni ‘tragedy’ dhimmisaa waan gaddisiisaa, hawaasa keessa rakkoo bu`uura ta`e; akkasumas hidda gadi fageeffatee jiru ta`uusaa.		
13	Komediin hanqina yookiin mudaa jirenya nama dhuunfaafi hawaasa keessatti mul’atan akkasumas amala badaa qeequun sirreessuuf kan yaalu dha.		
14	Kaayyoo yookiin xiyyeffannoон “farce” inni guddaan nama bashannansiisuu, buhaarsuufi kofalchisuu dha.		
15	Meeloodiraamaan, amala do`ii hundumaa of keessaa qaba. Kana jechuunis, amala tiraajedii, Komediif fi farsii of keessa qabachuusaa.		

Cuunfaa

Hojiin do`ii ka`umsi isaa jechoota barreeffamanii jiraniifi barreessaan qophaa'anidha. Namoonni ogummaa qaban waan barreessaan barreessee kaa`e kana bu`uura godhachuun irratti hirmaatanii gara waltajjiitti ba`a.

Barreeffamni do`in caacculee adda addaa qaba . Caacculee isaa keessa inni jalqabaa yoomeessa dha. Yoomessi kan ilaallatu yeroo, bakkaafi haala jiruuf jirenya hawaasummaa do`icha keessa hammatamee dha. Yoomeessa do`ii keessatti addeessuuf karaalee afuuriitii Fayyadamuun ni danda`ama. Yoomeessa mana keessaa (Box setting), yoomeessa manaan alaa (Out door setting) yoomeessa

duwwaa (Bare setting)fi yoomessa addaa (special setting). Yoomeessa addeessuu keessatti rakkoleen gurguddoon yoomessicha bal`isuufi yoomessa ibsame sana haala ifa ta`een barreessuu dhaiisuu dha.

Inni kan biraan namfakkii dha. Namfakkiin bakka bu`oota namoota addunyaa kanaati. Kanaaf barreessaan namfakkii yemmuu bocu, namfakkiileen sunneen hojiin, dubbiiniifi amalaan namoota dhugaa fakkachuu qabu. Gama gosoota namfakkii yoo ilaalle namfakki qajeelaafi namfakkii xaxamaa jedhamanii bakka lamatti qoodamu. Namfakkii xaxamaan yoo xinnaate karaalee sadiitiin bocamuu qaba .Isaaniis, karaadhaabbii, xiinsammuufi hawaasummaatii.

Sadaffaan Waliin dubbii yemmo ta`u, waliin dubbiin haasaa namfakkiawan lamaa fi sanaa ol jidduutti kan adeemsifamu dha. Barreessaan waliin dubbii gaarii qopheessuuf dursee eenyummaa isaanii sirriitti beekuufi addaan baasuu qaba. Namfakkiileen yemmuu haasa`an akkumaa sadarkaa barnootaa, muuxannoofi eeynummaa isaanii dubbachuu qabu.

Arfaffaan Jaargocha yemmuu ta`u; jaargochi hidhiinsa sababaafi bu`aa dha. Seenaan ijaaran gochaaleen xixiqoon walitti dhufuniiti. Gochaaleen xixiqoon kunneen ammoo sababaafi bu`aa fudhatamummaa qabaniin walitti hidhamuu qabu. Gochaaleen kunneenis sadarkaa adda addaa qabu Isaanis, beksisuu (exposition), guddachaa deemuu gochaalee (rising action), fiijee (climax), qabbana (denouncement) fi fala (resolution) dha.

Do`ii ulaagaawwan garaagaraa irratti bu`ureffachuun bakka adda addaatti qoqqooduu dandeenya. Qoqqoodiinsa gurguddoo ta`an garuu, tiraajedii, komedii, "farce" fi meelodiraamaa dha. Tirajediin dhimmisaa waan gaddisiisaa, hawaasa keessa rakkoo bu`uura ta`e; akkasumas hidda gadi fageeffatee jiru irraa kan bu`uureffate dha. Komeediin ammoo hanqina yookiin mudaan jirenya nama dhuunfaafi hawaasa keessatti mul'atan akkasumas amala badaa qeequun sirreessuuf kan yaalu yemmuu ta`u, "farce" ammoo Kaayyoo yookiin xiyyeefannoonsaa inni guddaan nama bashannansiisuu, buhaarsuufi kofalchisuu

dha. Inni dhumaan, Meeloodiraamaa yoo ta`u, amala do`ii hundumaa (amala tiraajedii, komedii fi farsii) of keessa qaba.

BOQONNAA AFUR WALALOO BARREESSUU

Barataa/tu boqonnaa darbe keessatti waa'ee asoosama barreessuu baratteetta. Boqonnaa kana keessati immoo walaloo barreessuu akka mata-duree ijootti fudhachuun qabiyyeewan xixiqqoo kana waliin deeman irratti xiyyeffanna.

Kaayyoowwan Boqonnichaa

- Yaad-rimeefi seenaa walaloo hubachuun walaloo barreessuuf bu'aa qabu ibsita
- Caacullee walaloo haalaan itti gargaaramta
- Adeemsa walaloon itti barreeffamu ni ibsita
- Walaloo gahumsa qbu ni barreessita

Gosa barnoota og-walaloo Afaan Oromoo jedhu keessatti seenaafi yaadrimee ogwalaloo barreeffamaa baratteetta. Kutaa kana keessatti hubannoo kanatti fayyadamuun walaloo barreessuuf qabxiilee ijoo ta'an itti fayyadamta.

Kanaaf, mata-duree kana barattee yeroo xumurtu:

- ✚ Walaloo barreessuun hojii jiruuf jirenya ilmaan namaa wajjin wal qabatu waan ta'eef meeshaa waan fedhan ittiin ibsachuuf danda'an ta'uusaa ni ibsita
- ✚ Amaloota ogwalaloo beekuun walaloowwan ittiin xiinxalta akkasumas barreessita.

4.1. Seenaafi yaadrimee ogwalaloo beekuun walaloo barreessuuf bu'aa qabu

Shaakal 1

Akkuma armaan olitti ka'e gosa barnoota ogwalaloo Afaan Orommo jedhu keessatti waa'ee seenaafi yaadrimee ogwalaloo sirriitti baratteetta. Waan yaadattu bakka armaan gadiirratti ibsi.

Eeyyeelogwalaloon umurii yeroo dheeraa akka qabuufi akkaataa jalqabbisaa ilaachisee yaadni adda addaa dhihaachaa tureera.Fakkeenyaaaf,waaqeffannaa wajjin walqabata,hojiitu fide,fedhii namaa waan haaraa argachuuf dhama'utu uume,guddina itti fayyadama dandeettii afaniirraa maddefi kkf ka'aa turan.

Yaada kanarraa kan hubannu yeroofi bakka kamittuu yoo ta'e walaloon kallattiin jirenya ilmaan namaa wajjin walqabachuu isaati.Kun immoo har'as dhugaa qabatamaan mul'atudha.Kanaaf,ogwalaloon meeshaa fedhii namaa galmaan ga'uuf yeroon irra hindarbinedha jechuun ni danda'ama.

A.Amaloota ogwalaloo beekuun walaloo gaarii barreessuuf bu'aa maal qaba?

Amaloota ogwalaloo beektu keessaa kanneen ijoo ta'an ibsi.

Bareeda! Akkuma hojiiwan ogbarruu biroo ogwalaloon waan qabatamaa jiruuf jirenya ilmaan namaa keessatti mul'aturratti xiyyeffata.Kun immoo arga yaadaatiin kan uumamu waan ta'eef waa-manaaba ta'uunsaa amala biraati.Kanamalees,filannoo jechootaaf bakka guddaa kenna.Hunda caalaa sirna yadaloo(muziqaa) qabaachuunsaa amala adda isa taasisudha.

Kanaaf amaloota kana beekuun walaloo barreessuuf kallattii gaarii namatti agarsiisa.

Gocha 1^{ffaa}

Walaloo armaan gadii dubbisiitii amaloota isaa ittiin xiinxali

Hammuu garaa baate

Maa nawwaamiin maaloo

Hawwuu gargara baane

Hawuu maccaa taane

Maa nanyaatiin Baaro

Hadaraa yaa mukaa

Damee kee hinraasini

Hadaraa yaa du'aa

Gargar nu hinbaasini.

(Madda Oneesimoos)

4.2. Adeemsa Walaloo Barreessuu

Barataa/tuu kutaa kana keessatti mata-duree ijoo boqonnaa kanaa kan ta'e yaadaan hubachuu qofa osoo hintaane qabatamaanillee kan irratti shaakaltudha.Haaluma kanaan mata-duree kana barattee yeroo xumurtu:

- Walaloo barreessuuf qabxiileen xiyyeffannoo keessa galuu qaban isaan kam akka ta'an adda baasta.
 - Walaloo gahumsa qabu qopheessita

4.2.1. Xiyyeffannaafi amala ergaa adda baafachuu

Shaakala 2

Walaloowwan barreeffaman qabiyteenis ta'ee bifaan adda adda akka ta'an baratteetta.Dhimmootaakkamiirratti xiyyeffannee akka walaloo barreessuu dandeenyu gabaabsii ibsi.

Gaariidha! Walloon jaalalaafis ta'ee jibbaaf akkasumas waaqaaf,namaaf,lubbuqabeeyyiifi dhabeeyyiifis dhihaachuu danda'a.Kun immoo amala isaanii irratti hundaa'ee bifti ittiin dhihaatu tokko ta'uu dhiisuu mala.Fakkeenyaaf,faarsaan waaqaaf dhihaatuufi looniif dhihaatu qabiyteenis ta'ee bifaan addadha. Kanaaf, ulaagaawwan gurguddoo namni walaloo barreessu irratti xiyyeffachuu danda'u keessaa tokko waa'ee irratti barreeffamuu beekuudha.

Gocha 2^{ffaa}

Xiyyeffannoo walaloo armaan gadii amala adda isa taasisu waliin ibsi.

Gufuu balbalaa

Si fuudhaa hintalaa

Ceekaa mana duubaa

Deegaatu nama fuudhaa?

Reejjii gama gabaa

Reettii laman qaba

Tuph! ... Kusaayeen kosiidhaa?

Bushaaayeen horiidhaa?

4.2.2. Caacculee walaloofi Filannoo jechootaatiif xiyyeyffaanno kennuu

Shaakala 3

Muuxannoo kanaan durarratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii yaali

1. Caacculee walaloo beektu tarreessi

2. Bu'aan caacculee walaloo beekuu maalinni?

3. Walfakkeenyaaifi garaagarummaa caacculee kana jidduu jiru maalinni?

4.2.2.1. Safaraafi yaa'a sagalee

Walaloo keessatti yaa'i sagalee bakka guddaa qaba.Kanaaf immoo maddisaa afaani.Afaanonni hundi yaa'a sagalee qabu.Lubbu qabeeyyiin sagalee dhageessisuu danda'anillee kennaan kana qabu.Fakkeenyaaaf,bineensonni tokko tokko sagalee isaaniitiin ergaa dabarfatu.Kunis of eeggannoo kennuu,walbarbaaduu,kabaja kennuufi kkf ta'uu danda'a.

Safari yeroo baay'ee akkaataa teessuma baay'ina birsagootaa toora walaloo keessa jiraniini.Kun hedдуминаан walaloo durii keessaatti baramaadha.Kan hammayyaa garuu kallattii bilisa ta'e waan hordofuuf safaraaf bakki inni kennu xiqqaadha.

Yaa'a sagalee ilaalchisees qabxiileen ijoo ta'an jabina,laafinaafi haara galfii birsagootaati.Kanaaf,qaabxiilee kana beekuun walaloo sadarkaa isaa eeggate barreessuuf faayidaa guddaa qaba.

Gocha 3^{ffaa}

Birsaga jiddugaleessa godhachuun walaloo asiin gadii safararratti yaada kee kenni.

Ameessaan boornaga jedhu
Dhaman itti dhuga jedhu
Dabeessaan gooftaa jedhee
Lama ittiin bula jedhee
Homaa naa darbuu dide
Salphina natti fide.
Nan quufe nan basha'ee
Na guute narra ba'ee
Akka dhidheessa gannaa
Akka bir'eessa fardaa.

4.2.2.2. Tooraafi buufataaf xiyyeffannoo kennuu

Shaakala 4

Tooraafi buufata walaloo akkamiin ibsita?

Akkuma barnoota bira keessatti yaadattu jechoonni walitti dhufanii yaada ijoo tokko dabarsuuf sararaan taa'u.Sararri tokko(bo'oon) safara

tarkaanfiifi xiyyeffannaas caasaalee sagaleewwan dhumarratti dhufanirratti xiyyeffata.

Bo'oowwan kunis walqabatanii buufata uumuu qabu. Buufanni tokko bo'oowwan lamaafi sanaa ol qabaachuu danda'a.

Kanaaf, walta'insa buufata eeganii ergaa barbaadame galmaan ga'uuf bo'oowwan walaloof bakka guddaa kennuun barbaachisaa ta'uusaa hubanna.

Gocha 4^{ffaa}

1. Walaloo armaan gadii buufata meeqaafi toora hangamiirraa akka ijaarame ibsi.

Maaliin dhabe laataa?

Haar'aa miti dur ganama
Amma miti yeroo ijoolummaa
Duris miti jalqabumaa
Hinarganne jaalala abbummaa,

Haadhatu Abbaa ta'ee
Haadha maaltuu ta'aa?
Abbaan haadha hinta'u
Yoomumaa! Yoomumaa!
Aayyoon tokkoo miti
Ishiin queenxee miti,
Jaalala abbaaf haadhaa
Waliitti dachaftii,

Eenyu? Kan akka ishee
Haarmee duwwaa malee
Eenyuumma biratti
Ishee yoon madaalee
Hinjiruu tokkollee,

Abbaan qalbii dhabee?
Moo garaatuu jabaatee?
Ganamuma sanaan
Maaliif nubaqatee?
Maalii ree hiibboonsaa?
Isa kam deebiin isaa?

(Tadele, 2008:177-178)

2. Walaloo buufata lama qabu tokko barreessuun toora isaa waliin ibsi.

4.2.2.3. Bilbila Sagalee

Walaloo keessatti bilbilli sagalee akkamiin ibsama?

Bilbilli sagalee walfakkeenya sagalee xumurarratti dhufu akka agarsiisu barnoota kee keessatti ni yaadatta.Bakki itti dhufu dhumarra,jidduu ykn xumura ta'uu danda'a.kana jechuun walaloon hundi sagalee walfakkaatuun xumurama jechuu

miti.Haata'umalee,yeroo baay'ee waan barameef yoo itti gargaaramna ta'e dursinee adda baasachuu waan barbaachisuufi.

Gocha 5^{ffaa}

Walaloo barreefamaan jiru tokko fudhuutii bilbila sagalee irratti xiyyeffachuun xiinxali.

2.2.4. Itti fayyadama Jechootaa

Hojiilee ogbaruu hunda keessatti jechoonni humna guddaa akka qaban beekamaadha. Walaloon immoo jechootaaf bakka addaa kenna. Sababiinsaas jechoota muraasaan ergaa cimaa dabarsuun amala isaa waan ta'eefi. Kunis karaa dabinsa afaniinn yookiin haala dubbiin ta'uu danda'a.

Gocha 6^{ffaa}

Walaloowwaan armaan gadii fudhuutii itti fayyadama jechootarratti maal akka fakkaatan xiinxali.

A. Miira too marmaartuu too!

Suunfadhuu na suunfachiisi
Situ'dduuniyaa foolii beekaatii
Natoo sabiyii funyaan furriitii

Mil'adhuu na mil'achisi
Situ iftuu ji'a lafa bariitii
An kara-'deemaa miila-'wwaaraatii

Waamii na dhageessisi

Sagalee keet'hoo sagalee
[waaqee buuftuu angaasuutii
Natoo daa'imee afaan dammaatii

Dhannamii na dhannamsiisi
Situhoo hadhaawaaf' mi'aa beekaatii
Natuhoo kichaa gaammee xiqqaatii

Jaalladhuu na jaalachiisi
Situhoo kanniisaa, mootii duulaatii
Natoo siddisa lafa birraatii

Hiixadhuu na qabsiisi
Fiigii nu qaqqabsiisi
Yaa magaal mqaan eebbaa
Baratu nuun daddarbaa.

(Asafaa, 2006:34)

B. Hojja guddaa keetiin
Du'a ajjeestee
Oggaa ati duutu
Garaan koo boora'us
Imimmaan koo bu'us
Boo'a nu dhoowwitee
Guddina hojjaatiin
Ati du'a ajjeestee

Mirkaneeffannaa

Qabiyyeewan boqonnaa kana keessatti dhihaatan hangam akka hubatte ilaaluuf qabxiilee mirkaneeffannaa armaan gaditti dhihaatan jiddugaleessa godhachuuun haala gaariin hubatteetta yoo ta'e "Eeyyee" hinhubanne yoo ta'e immoo "Lakki" kan jechu jalatti mallatoo "√" dhaan agarsiisi.Qabxiileen hinhubanne yoo jiraatan keessa deebi'ii sirriitti dubbisi.

T.Lak.	Qabxiilee Mirkaneeffannaa	Eeyyee	Lakki
1	Walaloon gosa barreffama kalaqaa biraarraa maaliin adda akka ta'u ibsuu dandeessaa?		
2	Walaloo barreessuuf qabxiilee irratti xiyyeeffachuu qabdu himtaa?		
3	Walaloon tokko otoo siif kennamee xiinxaltee xiyyeeffannaa isaa agarsiistaa?		
4	Hubannoo argatteratti hundooftee walaloo xiyyeeffannoo		

	tokko qabu barreessitaa?		
5	Walaloo barreessuu keessatti jechoota akkamiitti akka gargaaramnu ibsitaa?		

Cuunfaa

Boqonnaa arfaffaa keessatti walaloo barreessuu wajjin walqabatee xiyyeffannoo guddaan ergaa barbaadamu beekuu akkasumas caacculee walaloofi filannoo jechootaaf bakka guddaa kennuu kan jedhudha.

Ergaa barbaadamu yeroo jedhamu hojiin kalaqaa miira namaa calaqqisiisuuf hanga ta'ett gammachuu yookiin gadda haalli itti fayyadamanu tokkoo miti.

Adeemsa walaloo barreessuu ilaachisees caacculee kan akka safaraafi yaa'a sagalee, tooraafi buufata akkasumas bilbila sagaleetiif xiyyeffanna addaa kennuudha.

5.2.11. Barreeffama mormsiisaa (Argumentative writing)

Barreeffamni mormisiisaa, gosa barreefamaa yaadota wal mormisiisanii fi faallaa walii ta`a kan ittiin dhiyaatani dha.Yaadonni kunneen, kan walmadaalanii fi faallaa walii ta`anii dha.Barreesaan yaadota kunneen walitti fidee walmormisiisa yookiin wal madaalchisa.Kan madaalchisus,

faayidaa isaan qabaniin, gaarummaafi yarummaa qabaniitiin, akkasumas, amala isaan qabaniitiin ta`uu danda`a.

Haala itti wal madaalchifamus, inni tokko haala kamiitiin kaanirra akka caalu, inni tokko ammoo maaliin isa tokkorraa akka fooyya`u ragaa qabatamaa dhiyeessuun dhimmoota yookiin yaadota dhiyaatan walmormsiisa. Akkaataa walmormisiisuus, yaadotaa garaagara ta`an kunneen, ragaa dabaree dabaree yookiin, walkeessa dhiyeessuun barreessuun ta`uu danda`a. Yaadonni walmorkatan sunneen sirriitti kan walmadaalaan ta`uu qabu. Barreessanis yaadota kunneen yemmuu walmadaalchisu, yaada tokkoof xiyyeffannoo guddaa kennee isa tokko ammoo dagachuu yookoon salphisee ilaaluu hin qabu. Yaadota lamaanuuf xiyyeffanna guddaa kennuufi ragaa gahaa dhiyeessuu qaba.

Barreeffama akkanaa keessatti ilaalchi barreessan ni mul`ata. Yummuu barreessus, yaadota dhiyaatan keessaa tokko deeggaruu isa tokko immoo moormuni. Haata`u malee, barreessichi waa`ee yaadota yookiin dhimmoota lamaanuu ragaa yookiin beekumsa gahaa qabaachuu qaba. Kana jechuunis waan deeggaru sana mormitoota amansiisuuf, ragaa gahaa dhiyeesuu qaba. Kallattii yaada inni mormuutiin yemmuu ilaallu ammoo; yaadni mormitootaa maal akka ta`ee fi yaada isaanii raggaasiisuuf ammoo ragaa isaan dhiyeessan maal akka fakkaatu ibsuun, yaada isaanii kan fashaleessuufi deebii qubsaa kennuufi qaba. Barreessaan kana yemmuu godhu loogii malee yaadota lamaanuu ragaa qabatamaa fi nama aqmansiisu danda`an dhiyeesuu qaba. Barreeffamni mormisiisaas kan itti madaalamu ragaa qabatamaa dhiyeessuudhaani.

Shaakala 11

Matadureewwan armaan gadiirratti barreeffama mormisiisaa dhiyeessi. Yaadota dhiyaatan mormuus deeggaruus dandeessa; Garuu ragaa qabatamaa dhiyeessuu qabda.

1. Qaamoleen guddina biyya keenyaaf dursi kennamuu kan qabu qonnaaf osoo hinta`iin industiriifi kan jedhan jiru. Ati yaada kana mormitamoo deeggarta? Maaliif?

- 2 Beekumsamoo qabeenyatu caala?

4. Hanqaaquumoo handaanqootu dursa?

Barattu/ta yaadota armaan olii haalaan hordofteetta mitii? Gaarii dha. Amma ammoo adeemsa barreessuu keessatti qabxiilee xiyyeffannaa argachuu Malan ni baratta.

5.3. Adeemsa barreessuu keessatti qabxiilee xiyyeffannaa argachuu qaban

- Waa`ee barreeffamu sanarratti beekumsa qabaachuu.
- Kallattii yookiin yaada irratti xiyyeffame keessaa bahuu dhiisuu
- Kaayyoo barreeffamuuf addaan baasanii beekuu.
- Eenyuuf akka barreessan addaan baasanii beekuu.
- Gosa barreeffama sanaa addaan baasuu.
- Dubbisu .Namni dubbisu, beekumsa hedduu qabaata. Kanaaf, yemmuu barreessu ragaa dhabuun hin rakkatu.Akkaataa waan tokko barreeffamus ni beeka .kanaaf, barreessaa gaarii ta`a jechuu dha.
- Waan beeknu irratti barreessuu.
- Caasaa afaanichaa beekuu.Barreessichi caasaa afaanichaa hin beeku taanaan, isa barreessuu barbaade sana dhiisee kan bira barreessuu danda`a.
- Duraa duuba yaadotaa murteessuu:-Duraa duuba yaadotaa bal`ina, ulfinaa (xiyyeffanaa), barbaachisummaa fi faayidaa isaan qabaniitiin murtaa`uu danda`a. Kanaaf, duraa duuba isaanii dursanii addaan baasuun adeemsa barreeffamichaa salphisa.
- Jalqabaafi dhuma barreeffamaa dursanii beekuu.

Shaakala 12

I.Gaaffilee dhiyaataniif deebii gabaabaa kenni.

1. Mataduree filachuuf qabxiilee murteessaa ta`an yoo xinnaate lama eeruun gabaabsii ibsi.

A.

B. _____

2. Faayidaa mataduree daangeessuu keessaa sadid barreessuun ibsi.

II. Himoota armaan gadii dubbisuun kan sirrii ta`e “dhugaa” kan sirrii hintaane “soba” jechuun deebsi.

1. Barreeffamni addeessan kan madaalamu qabatatummaa ragaaleetiini.
 2. Barreeffamni seenessaan filannoo jehootaa hin barbaadu.
 3. Oduun Tvfi raadiyoo gosa barreeffamaa seeneessaa keessaa tokko.
 4. Garaagarummaa wantootaafi yaadota jidduu jiru irratti kan xiyyeffatu gosa barreeffamaa tooftaa gurmeessuutiin barreeffamu dha.
 5. Namni tokko tooftaa gosa barreeffamaa mormisiisaatiin yemmuu barreessu, waan deeggaruuf malee yaada mormuuf ragaa dhiyeessuun deeggaruuf irraa hin eegamu.

Mirkaneeffannaa

Adeemsaafi gosoota barreefamaa ilaalchisee matadureewwan ibsa itti kennamaan jalatti qabxiilee gurguddoo armaan gadii hubachuukee

mirkaneeffadha.Yoo hubatteetta ta`e jecha “eeyyee” jedhu jalatti mallattoo “√” **kaa`i**.Yoo hin hubanne ta`e immoo mallattoo “X” kaa`uun duubatti deebi`uun dubbisi.

T.Lak.	Qabxiilee Mirkaneeffannaa	Eyyee	Lakki
1	Adeemsa barreeffamaa jechuun, adeemsa mataduree filachuudhaa kaasee hamma barreeffama dhumaatti maal maalfaa akka dalagaman kan ibsuu dha.		
2	Matadureen bakka bu`aa (maqaa) yaada waliigalaa barreeffama sanaafi mata-dureen barreeffamaa tokko kallatiin yookiin bifa kallattii hintaaneen yaada barreeffamichaa waliin walitti dhufeinya qabachuu qabachuu isaati.		
3	Mataduree daangeessuun Kalleettii barreeffamaa keenya addaan baasuuf nu nu gargaaru -Yaadota walitti dhufeinya hinqabne keessaa baasuuf ni gargaaru. -Bifa qindaa`ina qabuutiin akka ijaarru nu gargaara. -Qabiyyee barbaadamerratti ibsa gadifageenya qabu akka dhiyeessinu nu gargaaru.		
4	Karoorsuun Matadureen erga daangeffamee booda, yaadota, mataduree daangeeffame jala haammatamuu malan, akkaataa duraa duuba isaaniitti qindeessanii kaa`uu akka ta`e,		
5	Barreeffamni addeessaan, bifti barreeffamni akkanaan, jechootaan fayyadamuun, waan ibsamu tokko, miira muuxannoofi hubannoo dubbisaatti dhiyoo gochuun suura qabatamaa		

	ta`ee dhiyeessuu dha.		
6	Barreeffamni seenessaan; barreeffama, ta`iinsoota (seenaa) duraa duuba yeroo fi bakkaatiin qindeessee dhiyeessusaa,		
7	Toofaan gurmeessuudhaan bareessuu, gosa barreeffamaa; wantoota amala,bifa, gochaafi faayidaa walfakkaataa qaban, akkuma walitti dhufeenya isaaniitti walitti gurmeessuun,amal, bifa,faayidaafi gocha isaan walfakteessu ibsuu dha.		
8	Barreeffamni sababaa fi bu`aatiin dhiyaatu, hidhiinsa sababaa fi bu`aa kan dhiyeessu dha.Kunis ta`iinsi inni duraa sababa ta`iinsa haaraatiif ta`ee yemmuu dhiyaatu dha.		
9	Barreeffamni mormisiisaan, gosa barreefamaa yaadota wal mormisiisanii fi faallaa walii ta`a kan ittiin dhiyaatani dha.		

Cunfaa

Barreessuun adeemsa dha. Keessumaayyuu barreeffamni itti yaadamee barreeffamu sadarkaalee adda addaa keessa darbuu qaba. Sadarkaan inni jalqabaa mataduree filachuu dha. Matadureen yemmuu filatamu

barreessaa gammachiisuu qaba. Itti aanee dubbistoota kan hawwatu ta`uu qaba. Erga matadureen filatamee booda daangeffamuu qaba. Kun ta`uu baannaan kallattii fi kaayyoo barreeffama sanaa addaan baasuun rakkisaa dha. Sana booda ragaalee walitti qabuun barbaachisaa ta`a. Barreeffamni ragaadhaan hin gabbanne, dubbistoota jijiiruufi barsiisuu hin danda`u. Erga ragaan walitti qabamee bifaa ragicha qindeessuufi kaa`uun hojii itti aanu dha. Sana booda keessa deebi`uuniifi barreeffama dhumaal barreessuun sadarkaa itti aanuti. Akkaataa xiyyeffannoofi bifaa akkasumas filannoo jechootaatti barreeffamni gosa adda addaa qaba. Isaan keessa muraasni kanneen akka, barreeffama addeessaa, seeneessaa, mormisiisaa,fi tooftaa sababaafi bu`aatin, gurmeessuutiin, addaan baasuutiin barreeffamudha.

Wabiilee

Atchity, K. 1986. *A writer's time: A guide to the creative process from vision through revision*. New York, NY: Penguin Books.

- Atwood, M. 1982. *The new oxford book of Canadian verse*. Toronto, ON: Oxford University Press.
- Berbrich, J. 1977. *Writing Creatively*. New York, NY: Amsco School Publications Inc.
- David Morley.(2007).The Cambridge Introduction to Creative Writing.Cambridge. Cambridge University Press.
- Dereke Neale (2009).A creative writing handbook:Developing Dramatic TechniquesIndividual Style and Voice. A & C BlackPublisherLimited.
- Dillard, A. 1989. *The writing life*. New York, NY: Harper and Row Publishers.
- Dougherty, B. 1985. *Composing choices for writers: A cross disciplinary rhetoric*. New York, NY: McGraw Hill Book Co.
- Drury, J. 1995. *The poetry dictionary*. Cincinnati, OH: Story Press.
- Edelstein, S. 1990. *The no-experience-necessary writer's course*. Chelsea, MI: Scarborough House Publishers.
- Edwards, C. 1984. *Writing from the inside out*. Cincinnati, OH: Writers' Digest Books.
- Egri, Lajos.(1946). *The Art of Dramatic Writing*. New York: Simon and
- Elwood, M. 1994. *Characters make your story*. Boston, MA: The Writer Inc.
- Goldberg, N. 1990. *Wild mind: Living the writer's life*. New York, NY: Bantam Books/Doubleday Dell Publishing Group.
- Heim, A. 1994. Beyond the stereotypes, *School Library Journal*, September.
- Hess, K. 1987. *Enhancing writing through imagery*. New York, NY: Trillium Press Inc.
- Ioannou, S. 1995. *Writing reader friendly poems*. Toronto, ON: Wordwrights Canada.

Lounsberry, B. 1990. *The art of fact: Contemporary artists of nonfiction*. Westport, CN: Greenwood Press.

Mahdi Hamid Muudee: (1996), Walaloo Bariisaa- Bariisaa Poems
Sagalee Oromoo Publishing Co., Atlanta, Georgia.

Merrieless, E. 1989. *Story writing*. Boston, MA: The Writer Inc.

Packard, W. 1987. *The art of the playwright: Creating the magic of theatre*. New York, NY: Random House.

Paustain, S. 1986. *Writing with style*. Toronto, ON: Oxford University Press.

Preston, J. 1935. A conversation with Gertrude Stein, ed. Brewster Ghiselin. 1952. *The creative process*. New York, NY: Mentor Books

Saskatchewan Education. 1988. *Understanding the common essential learnings: A handbook for teachers*. Regina, SK: Saskatchewan Education.

Saskatchewan Education. 1989. *Policy for English language arts, kindergarten to grade twelve*. Regina, SK: Saskatchewan Education.

Saskatchewan Education. 1992. *Diverse voices: Selecting equitable resources for Indian and Métis education*. Regina, SK: Saskatchewan Education.

Saskatchewan Education. 1992. *Gender equity: A framework for practice*. Regina, SK: Saskatchewan Education.

Saskatchewan Education. 1992. *The adaptive dimension in core curriculum*. Regina, SK: Saskatchewan Education.

Saskatchewan Education. 1995. *Indian and Métis education policy from kindergarten to grade twelve*. Regina, SK: Saskatchewan Education.

Scholes, R. & Sullivan, R. (Eds.). 1988. *Elements of fiction*. Toronto, ON: Oxford University Press.

Schuster,

Sims, N. 1984. *The literary journalists*. New York, NY: Ballantine Books.

Struthers, B. & Klassen, S. (Eds). 1995. *Poets in the classroom*. Markham, ON: Pembroke Publishers.

Thomas, S. 1995. *Creative writing: A handbook for workshop leaders*. Oxford, UK: Alden Press.

Willis, M. 1993. *Deep revision*. New York, NY: Teachers and Writers Collaborative.

Wolfe, T. 1973. *The new journalism*. New York, NY: Harper and Row Publishers.

Zumthor, Paul. 1990: Oral Poetry. University of Minnesota. Trans. By Kathryn Murphy-Judy.